



BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa

Kutaa 8

ISBN 978-99944-2-167-1




Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

MOE

BARNOO TA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa

Kutaa 8



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

Gatiin QrIT 18.55



BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa

KUTAA 8^{ffaa}

Barreessitootaa fi Gulaaltota

Kabbadaa Likkaasaa

Saamu'eel Asaffaa

Daanyee Girmaa

Abraham Kumsaa

Biraanuu Guutaa

Hundumaa Laggasaa

Madaaltota

Xilaahun Alamuu

Aliyyii Uluu

Laggasaa Tarrafaa



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa**



Kanmaxxanfame ALI bara 2003 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti pirojekti fooyya'insa Barnoota walii-galaatinidha. Pirojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati. Mirgi hundi eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yookiin haala labsii Ripaabilikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yokiin mirga ollummaan qabu eegisuun kaninni hayyameef irraa barreffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin ittigargaaramuuf kaawwachuuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yokiin kuusuun dhorkaadha.

Ministeeri Barnootaa qaamota gareewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalan galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hin fudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamnaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiiloo, Lakkofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

Qophaa'ee kan maxxanfame

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

fi

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

ISBN 978-99944-2-167-1

BAAFATA

BOQONNAA 1

ISKUWEEROTA, ISKUWEER RUTTOOTA, KIYUUBOTAA FI KIYUUB-RUTTOOTA	1
1.1 Iskuweerii Lakkofsaa	2
1.2 Iskuweer-Ruutti Lakkofsa Raashinaalii.....	5
1.3 Kiyuubotaa Fi Kiyuub-Ruuttota	8

BOQONNAA 2

JIJJIRAMOOTAAN HOJJACHUU CIMSUU.....	12
2.1 Tarmootaa Fi Ibsamoota Aljebiraa	13
2.2 Tarm Lameewwan Baay'isuu	22
2.3 Hirmaataa Walii Guddicha (Hwg)	26

BOQONNAA 3

HIMOOTA WAL – QIXAA FI HIMOOTA WAL – CAALMAA SARARAAWAA.....	31
3.1 Furmaatota Himoota Wal Qixaa Sararaawaa Caalaatti	32
3.2 Himoota Walcaalmaa Sararaawwaa Gadi-Fageenyaan.....	42
3.3 Sirna Ko'oordinateeti Diriiroo.....	47

BOQONNAA 4

DANAALEE WALFAKAATOO.....	57
4.1 Danaalee Diriirroo Walfakkaatoo	58
4.2 Rogsadoota Walfakkaatan	64

BOQONNAA 5

GEENGOLEE.....	75
5.1 Waa'ee Geengoo Caalaatti.....	76
5.2 Kofoota Geengoo Keessaa.....	83


BOQONNAA 6

SEENSA CARRAA TA'UMSAA.....	89
6.1 Yaadrimee Carraa Ta'umsaa.....	90
6.2 Carraa Ta'umsaa Ta'iilee Sassalphoo.....	92

BOQONNAA 7

JI'OOMEETRII FI SAFARA.....	99
7.1 Tiyooramoota Rogsadee Kofa Sirrii Irratti.....	100
7.2 Seensa Tiriignoometirii.....	112
7.3 Danaalee Jaboo	122
<i>Silabasii Barnoota Herregaa Kuttaa 8^{ffaa}</i>	129

BOQONNAA



**ISKUWEEROTA,
ISKUWEER RUUTTOTA,
KIYUUBOTAA FI
KIYUUB-RUTTOTA**

SEENSA

Boqonnaa kana keessatti akeekni ijoo ta'an lamatu jiru . Inni duraa barattootni yaad-rimeewwan iskuweerii fi iskuweerruuttii, kiyuubii fi kiyuub ruuttii lakkofsotaa akka hubatan taasisuu dha.

Inni lammafaan barattootni gabatee gatiiwwan lakkofsaa fi kaalkuleetara fayyadamanii hojii garagaraaf kan akka ji'oometirii keessatti saarbii rektaangili barbaaduu, hojii qonnaa keessatti lakkofsa mukoota lafa murtaa'aa ta'e irratti mukoota dhaabamuu danda'an argachuuf akka danda'an taasisuu dha.

Boqonnaan kun yaada ijoo mata duree kennuu fi fedhii barattoota keessatti uumuuf piroobileemii banaatiin jalqabee jira. Gochaaleen qophaa'an kanaan dura barattootni waa'ee boqonnaa kanaa waan beekan addaan baafachuu fi haala gaariitiin mata duree kana barsiisuuf ni gargaaru. Akkasumas gilgaala dabalataan kennuudhaan garaagarummaa barattoota yaadni isaa hin galiee fi akka yeroo hin gubneef sirreessuu ni dandeessa. Fakkeenyonni qophaa'an yeroo barumsichaa barattoota kan gargaaru danda'an dha.

Dandeettii barattootaa cimsuuf gilgaaltonni tokkoon tokkoo mata duree yookiin mata dureewwan xixiqqoo jalatti kennamanii jiru.

Kaayyoo boqonnaa

Dhuma boqonnaa kanaatti barattootni:

- *yaad-rimee iskuweerii, iskuweer-ruttootaa, kiyuubotaa fi kiyuub-ruttootaa ni hubatu.*
- *iskuweer-ruttoota lakkofsota iskuweerii sirrii ta'anii ni barbaadu.*
- *gabatee iskuweerotaa fi iskuweer-ruttootaatti fayyadamuun iskuweer-ruttoota lakkofsotaa tilmaamaan ni argatu.*
- *kiyuub-ruttoota kiyuubota sirrii ni shallagu.*

Meeshaalee deeggarsa barnootaa eeraman

Chaartii gabtee laccofsaa halluu adda addaan siritti qopheefamanii, danaawwan iskuweerotaa fi kiyubota yuuniitii muka, dhoqfee, kaartoonii irraa hojjetamanii fi kalkuletara saayintifikii.

1.1 ISKUWEERII LAKKOOFSSAA

Wayitiin ramadameef: wayitii 5

Kaayyoowwan

Dhuma barumsa golee kanaatti barattootni:

- *iskuweerii laccofsaa ni shallagu.*
- *gabatee iskuweerii laccofsotaa irraa iskuweerii laccofsaa ni barbaadu.*

Seensa

Kaayyoon ijoon golee kanaa barattootni iskuweerruutti laccofsaa akkamitti akka argatan dandeessisu dha. Goleen kun bakka lamatti goodamee jira. Isaanis iskuweerii laccofsa raashinaalii fi itti fayyadama gabatee iskuweerii laccofsaa ti. Barattootni laccofsota raashinaalii kan akka 3, 5, $\frac{2}{5}$ fi 1.1 mataa isaaniitiin akka baay'isan gaafachuun barumsa kana eegaluu ni dandeessa.

Yaadannoo barsiisuu

1.1.1 Iskuweerii Lakkoofsota Raashinaalii

Kutaalee darban keessatti barattootni bal'ina iskuweerotaa, rektaangilootaa fi kkf akkaataa itti barbaadan arganii turan. Kanaaf barattootni bal'ina iskuweerii rogni isaa kennamee akka barbaadan gaafachuun eegaluu ni dandeessa. Fakkeenyaaaf bal'ina iskuweerii rogni isaa 5 cm, 13 cm, kkf ta'e akka barbaadan gaafachuun ni dandeessa. Kana irraa barattoota gara laccofsi x^2 yoo ofiin baay'ate firiin isaa x^2 akka ta'utti qajeelchi. Kunis $x \times x = x^2$ (x pawarii 2 yookiin ' x 'n iskuweerdii).

Hubadhu: x^2 akka $2x$ tii hiikuun dogoggora ta'uun isaa xiyyeffannaan itti kennamuu qaba. Akka walii galaatti $x^2 \neq 2x$, $x \neq 0$.

Haala kanaan laccofsa tokko iskuweerii godhuu jechuun laccofsa kana mataa isaatiin si'alamu baay'isuu jechuu akka ta'e barattootni akka hubatan gargaari. Fakkeenyaa $5 \times 5 = 5^2$ jedhu fudhachuu ni dandeessa.

Gamaaggama /madaaluu/

Barattootni x^2 akka afaniin dubbisan gaafachuun hiikoo iskuweerii lakkofsaa akka kennan gaafachuudhaan madaaluun ni danda'ama. Akkasumas shallaganii iskuweerii lakkofsaa akka argatan gaafachuu ni dandeessa.

Deebii Gocha 1:1

1

Roga cm tiin)	Bali'ina (cm^2 tiin)
1	$1 \times 1 = 1$
2	$2 \times 2 = 4$
3	$3 \times 3 = 9$
4	$4 \times 4 = 16$
5	$5 \times 5 = 25$
6	$6 \times 6 = 36$

2. $A = s \times s = s^2$

Deebii pirobileemii baniinsaa

Baay'inn muka bunaa $20 \times 20 = 400$

Deebii Gocha 1.2

1. a. $8\text{cm} \times 8\text{cm} = 64\text{cm}^2$ b. $10\text{cm} \times 10\text{sm} = 100\text{cm}^2$
 c. $15\text{cm} \times 15\text{cm} = 225\text{cm}^2$ d. $20\text{cm} \times 20\text{cm} = 400\text{cm}^2$
 2. $25\text{ cm} \times 5\text{ cm} = 125\text{ cm}^2$
 3.

x	1	3	4	5	6	7	9	12	13	16	20
$2x$	2	6	8	10	12	14	18	24	26	32	40
x^2	1	9	16	25	36	49	81	144	169	256	400

- a. x hundaaf $2x$ fi, x^2 'n addaa dha.
 b. Lakkofsotni hundinuu kan argamani lakkofsa kenneme ofi isaatiin baay'isuun dha.

Deebii Gocha 1.3

1. a. $15 = 3 \times 5$ c. $400 = 2 \times 2 \times 2 \times 2 \times 5 \times 5$
b. $194 = 2 \times 97$ d. $625 = 5 \times 5 \times 5 \times 5$
2. c fi d qofatu iskuweerii sirrii dha.
c. $400 = (2 \times 2 \times 5) \times (2 \times 2 \times 5) = 20 \times 20 = 20^2$ fi
d. $625 = (5 \times 5) \times (5 \times 5) = 25 \times 25 = 25^2$

Kanaaf 400 fi 625 qofatu akka baay'ataa tuuta hirmaattota kopxii bif a tokkichaatiin barreeffame.

Deebii Gocha 1.4

1. a. $4 \times 9 = 2^2 \times 3^2 = (2 \times 3) \times (2 \times 3) = 6^2$ kanaafuu 4×9 iskuweerii sirrii dha.
b. $25 \times 16 = 5^2 \times 4^2 = (5 \times 4)^2 = 20^2$ kanaafuu 25×16 iskuweerii sirrii dha.
2. Lakkoofsota lamaa a fi b'f, a^2 fi b^2 n iskuweerota sirrii dha. Kanaaf, $a^2 \times b^2$ iskuweerii sirrii dha.
3. a. $(55)^2 = 55 \times 55 = 3025$, $(65)^2 = 65 \times 65 = 4225$
b. Iskuweerota keessatti lakkooftsa duraa ti.

Deebii Gocha 1.5

- a. $\left(\frac{10}{13}\right)^2 = \frac{10}{13} \times \frac{10}{13} = \frac{10 \times 10}{13 \times 13} = \frac{10^2}{13^2} = \frac{100}{169}$
- b. $\left(\frac{14}{11}\right)^2 = \frac{14}{11} \times \frac{14}{11} = \frac{14 \times 14}{11 \times 11} = \frac{14^2}{11^2} = \frac{196}{121}$
- c. $\left(\frac{19}{20}\right)^2 = \frac{19}{20} \times \frac{19}{20} = \frac{19 \times 19}{20 \times 20} = \frac{19^2}{20^2} = \frac{361}{400}$

Deebii gilgaala 1.1

1. a. $\frac{121}{9}$ b. $\frac{9}{121}$ c. $\frac{289}{10000}$ d. 1.2544
e. 0.012544 f. 0.000625 g. 0.00000001
2. Lakkoofsotni 4 fi 9 iskuweerota sirrii dha. Garuu $13 = 4 + 9$ lakkooftsa iskuweerii sirrii miti.
3. Ida'amni $1 + 3 + 5 + \dots + 19 = 100$ fi $100 = 10^2$ n iskuweerii sirrii dha. Walumaa galatti $1 + 3 + 5 + \dots + (2n - 1) = n^2$ n, lakkooftsa hundaa n'f, iskuweerii sirrii dha.

1.1.2 Itti Fayyadama Gabatee Gatiwwan Iskuweerotaa

Barattoota iskuweerii lakkofsaa tooftaa baay'isuu yeroo hundaa beekamuun gargaaramanii akka argatan gaafachuun barumsicha eegaluu ni dandeessa. Fakkeenyaaf (4.72)² barbaadi kunis 22.2784 ta'a.

Tooftaa baay'isuu yeroo baay'ee itti fayyadamnuun iskuweerii lakkofsaa argachuun dadhabsiisaakka ta'e barattootni haa hubatanii. Kanaaf gabateen gatiwwan iskuweerotaa qophaa'eera. Kunis gabatee iskuweerotaa jedhamanii waamamu.

Gabatee iskuweerotaa irraa haala iskuweerii lakkofsaa itti argatan barattootatti fakkeenyaan agarsiisi. Fakkeenyaaf (4.72)² gabatee iskuweerii irraa barbaadi. Kunis 22.28 dha.

Firii gabatee irraa fi haala adeemsaa baay'isuu beekamuun argatan waliin madaali.

Kana irraa gatiwwan gabatee iskuweerotaa irraa argaman tilmaamaan akka ta'an hubachuun ni danda'ama.

Kanaaf, iskuweerota, iskuweer-ruttota, kiyubotaa fi kiyubruuttota lakkofsotaa argachuuf karaan hundarra mijaa'aa ta'e kalkuletariin fayyadamuu dha.

Deebii Gocha 1.6

a. $(3.34)^2 = 11.1556$ b. $(9.87)^2 = 97.4169$ c. $(37.4)^2 = 1398.76$

Deebii gilgaala 1.2

a. 72.93	b. 12.82	c. 1254.58
d. 216.1	e. 0.0228	f. 85192900

1.2 ISKUWEER RUTTII LAKKOOFSA RAASHINAALII

Wayitiin ramadameef: wayitii 8

Kaayyoowwan

Dhuma barumsa kanaa irratti barattootni:

- *iskuweer ruuttii lakkofsa raashinaalii nagativii hin ta'iiniifhiikoo ni kenuu.*
- *iskuweer ruuttii iskuweerii sirrii ni shallagu.*
- *gabatee gatiwwan iskuweer-ruttootaa fayyadamanii iskuweer-ruttii lakkofsaa kennamee ni barbaadu.*

Seensa

Kaayyoon ijoo golee kanaa barattootatti mala iskuweer ruuttiin iskuweerii sirrii fi iskuweer ruttii lakkofsota raashinaalii gabatee iskuweer-ruttii tti fayyadaman agarsiisuu ta'a. kanaa jechuun adeemsaa galagaltoo lakkofsa iskuweerii taasisuu ta'uun isaa hubachiisuu dha. Golee kun bakka lamatti quodama. Isaanis iskuweer ruuttota

iskuweerota sirii fi gabatee iskuweer ruuttitti fayyadamuu dha. Golee darbe irra deebi'uun jechuunis lakkoofsa iskuweerii gochuutiin jalqabi.

Deebii pirobileemii baniinsaa

Rogni lafa iskuweerii ta'ee kun 4m dha. Bal'ina lafa kanaa barattoota gaafachuun ni dandeessa.

Deebii Gocha 1.7

- | | | | | | | | | |
|----|------|------|------|--------|------------------|------|--|--|
| 1. | 5 cm | | | | | | | |
| 2. | a. 1 | b. 3 | c. 6 | d. 0.1 | e. $\frac{2}{3}$ | f. 8 | | |

Yaadannoo Barsiisuu

1.2.1 Iskuweer Ruutti lakkoofsa Iskuweerii Sirrii

Barumsa golee darbee keessa deebi'uun barumsa kana jalqabuu ni dandeessa, innis lakkoofsa iskuweerii taasisuu dha. Kanatti aansuudhaan barattootni roga iskuweerii bal'inni isaa 16 cm^2 ta'ee akka barbaadan gaafadhu, innis 4 cm dha. Gargaarsa kanaan barattootni hariiroo lakkoofsa iskuweerii taasisuu fi lakkoofsa iskuweeriin isaa kennae barbaaduu kunis iskuweer ruutti baasuu jedhamee kan waamamu kan akka $2^2 = 4$, ta'eef iskuweer ruuttiin 4, 2 dha, akkasumas $3^2 = 9$, kanaaf iskuweer ruuttiin 9, 3 akka ibsan gaafadhu.

Kanaaf barattootni iskuweer ruutti lakkoofsa tokkoo barbaaduun galagaltoo iskuweerii lakkoofsaa ta'uu isaa akka hubatan karaa qabachiisi. Kutalee darban keessatti barattootni waa'ee lakkoofsa qobxiin diddiriirsuu gabaabaatti keessa deebi'uutiin barattootni iskuweer-ruttoota iskuweerii sirrii mala hirmaattota kopxii tiin diddiriirsuu fayyadamanii akka barbaadan gargaaruu dha. Kunis baay'ataa akka baay'ataa hirmaattota walfakkaataniitti qindeessuun (yoo danda'ame) ta'a. Barattooni iskuweer ruutti iskuweerota sirrii akka barbaadan gaafachuun ni danda'ama.

Deebii gilgaala 1.3

- | | | | | | |
|-------|-------|-------|--------|-------|-------|
| a. 10 | b. 30 | c. 11 | d. 100 | e. 27 | f. 29 |
|-------|-------|-------|--------|-------|-------|

1.2.2 Gabaatee Iskuweer Ruutti Fayyadamuu

Iskuweerii lakkoofsaa argachuuf gabatee iskuweerii fayyadamuu isaanii fi iskuweer ruutti barbaaduun adeemsa galagaltoo lakkoofsa iskuweerii taasisuu akka ta'e barattoota yaadachiisi. Kanaaf adeemsa galagaltoo iskuweerii lakkoofsa tokkoo barbaaduun fayyadamnee iskuweer ruutti lakkoofsa tokkoo barbaaduu ni dandeenya. Fakkenya fudhachuun tarkaanfilee gabatee iskuweerii irraa iskuweer ruutti itti argachuu danda'an ibsi. Kutalee darban keessatti barattootni akkaataa lakkoofsa raashinaalii bifaa deesimaaliitiin barreessan arganiiru. Keessa deebii gabaabaa waa'ee

deesimaalotaa fi lakkofsota akkamitti akka baay'ataa lakkofsota jidduu 1.00 fi 9.99 jiranii fi paawurota 10'n barreessuun danda'amu kenuun ni mala.

Gamaaggama /madaaluu

Barattootni gabatee iskuweer ruuttii irraa iskuweerruuttota akka barbaadan gaafadhu. Gaaffileen kunis lakkofsota gabatee irratti hin argamnees ni dabalata.

Akkasumas barattootni lakkofsota gabateerratti argachuu hin dandeenyeef odeeffannoo akka argatan godhi. Lakkofsa itti dhiyaatu fudhachuu danda'u. Barattoota cimoof gaaffii lakkofsa 6^{faa} kan gilgaala 1.4 kenuu ni dandeessa.

Deebii gilgaala 1.4

- | | | | | | | | | | | |
|----|----|--------|----|------|----|------|----|------|----|-----------------|
| 1. | a. | Dhugaa | b. | Soba | c. | Soba | d. | Soba | | |
| 2. | a. | 3 | b. | 1.5 | c. | 21 | d. | 0.19 | e. | $\frac{11}{15}$ |

3. $\sqrt{0.01} < \frac{1}{2} < \sqrt{\frac{1}{2}} < \sqrt{7} < 3 < \sqrt{10}$

(kallatti: $\sqrt{0.01}$, $\sqrt{\frac{1}{2}}$, $\sqrt{7}$, 3, $\sqrt{10}$ gabatee iskuweerii irraa barbaadi)

4. 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8, 9
5. Suphee 69 keessaa supheen 64 haala iskuweeriitiin taroeffameera; shan ammoo lafatti hafee jira.
6. Iskuweeriin lakkofsa kennname tokkoo lakkofsa nagativii ta'uu hin danda'u. Kanaaf, lakkofsi iskuweeriin isaa -16 ta'e hin jiru. Jechuunis -16 iksuweer-ruuttii hin qabu.
7. a. $16 \times 9 = 4 \times 4 \times 3 \times 3 = (2 \times 2 \times 3) \times (2 \times 2 \times 3)$.
Kanaaf $\sqrt{16 \times 9} = 2 \times 2 \times 3 = 12$

- b. $25 \times 49 \times 9 = 5 \times 5 \times 7 \times 7 \times 3 \times 3 = (5 \times 7 \times 3) \times (5 \times 7 \times 3)$

Kanaaf, $\sqrt{25 \times 49 \times 9} = 5 \times 7 \times 3 = 105$

- c. $20 \times 35 \times 63 = 2 \times 2 \times 5 \times 5 \times 7 \times 7 \times 3 \times 3 = (2 \times 3 \times 5 \times 7) \times (2 \times 3 \times 5 \times 7)$

Kanaaf $\sqrt{20 \times 35 \times 63} = 2 \times 3 \times 5 \times 7 = 210$

8. a. 15.3 b. 111 c. 0.315 d. 2.09

9. 2.15 cm

1.3 KIYUUBOTAA FI KIYUUB-RUUTTOTA

Wayitiin ramadameef: 7

Kaayyoowwan

Xumura barumsa kanaa irratti barattoonni:

- *kiyuubii laccofsaa ni hiiku.*
- *kiyubota laccofsota ni barbaadu.*
- *kiyub ruuttii laccofsaa ni hiiku.*
- *kiyub ruuttota laccofsota kiyubota sirrii ni barbaadu.*

Seensa

Kayyoon ijoo golee kanaa barattootni kiyubotaa fi kiyub ruuttota laccofsaa akka barbaadan dandeessisuut ta'a. Goleen kun bakka lamatti qoodamee jira. Isaanis kiyubotaa fi kiyub ruuttii laccofsaa dha. Waa'ee barannoo; darbee iskuweerii fi iskuweer ruuttii keessa deebi'uun barumsa golee kanaa eegaluu ni dandeessa.

Barattootni laccofsota akka 3, $\frac{2}{5}$ fi 1.1 mataa isaaniitiin si'a sadii akka baay'isan gaafachuu ni dandeesa.

Yaadannoo barsiisuu

1.3.1 Kiyubii laccofsaa

Laccofsa tokko al sadii mataa isaatiin baay'isuun akka eegalan barattoota kee gaafachuu ni dandeessa. Laccofsota -2, 3, 4 fudhachuun akka kiyubii laccofsota raashinalii barbaaduuf, hiikoon x^3 kan $x \times x \times x$ ta'e(kiyubii laccofsa x . jedhamee kan waamamu) ta'uu isaa akka argatani barattoota qajeelchii. Kana irraas "kiyubii laccofsa tokkoo argachuuf laccofsicha mataa isaatiin al sadii baay'isu" ta'a. laccofsi tokko kiyubii sirrii ta'uu isaa fi dhiisuu isaa diddiriirsuu kopxiin fayyadamnee ilaaluu ni dandeenya. Kunis kooxiitiin diddiriirsuu garee walfakkatoo sadii kaa'uutiin dha. Yoo haala kanaan ta'e laccofsichi kiyubii sirrii ta'a.

Madaallii


Kiyubootaa laccofsotaa, firaakshinootaa fi deesimaalota sassalphoo itti dabaluudhaan akka barbaadan barattoota gaafadhu.

Deebii hojii garee


Barattootni garee uumuun tokko tokkoon garee yoo xiqlaate kiyubota soddoma kan roga yuunitii 1 qaban meeshaalee naannoo irraa argaman kan akka dhoqee, mukaa fi kartoonii irraa akka hojjetaan gaafadhu. Yuunitii fudhatama qabu kennuufii ni dandeessa.

Kana irratti wanti barbaachisaa ta'e gareen hunduu yuunitii gosa tokko ta'e qabu. Kanaaf kiyubota roga kamii iyyuu ijaaru ni danda'u.

1. Kiyubota 8 kanneen roga yuunitii 1 kan kiyubii roga dheerina yuunitii 2 uuman ni jiru.



2. Kiyubota 27 kanneen roga yuunitii 1, kan kiyubii roga dheerina uunitii 3 uuman ni jiru.



Deebii gocha 1.8

1. 64 cm^3
2. a. kiyubota 216 jiru. b. kiyubota 343 jiru.

3.

x	-4	-3	-2	-1	0	1	2	3	4
x^3	-64	-27	-8	-1	0	1	8	27	64

Deebii Gocha 1.9

Tokko tokkoon hirmaataa qopxi lakkofsichaa kiyubii isaa keessatti si'a sadii mul'atu.

Deebii gilgaala 1.5

- | | | | | | | | | |
|----|----|-----------------|----|----------------------|----|----------------------|----|----------------------|
| 1. | a. | $\frac{1}{8}$ | b. | 0.027 | c. | $\frac{-64}{125}$ | d. | $\frac{27}{343}$ |
| 2. | a. | kiyuubii sirrii | b. | kiyuubii sirrii miti | c. | kiyuubii sirrii | d. | kiyuubii sirrii miti |
| | e. | kiyuubii sirrii | f. | kiyuubii sirrii | g. | kiyuubii sirrii miti | h. | kiyuubii sirrii |

lakkoofsi tokko kiyubii sirrii ta'uu isaa fi ta'uu dhiisuu isaa kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuu ni dandeessa.

1.3.2 Kiyub ruuttota

Barumsa kutaa darbee, lakkoofsa mataa isaatiiin al sadii baay'isuun keessa deebi'uudhaan barumsa kana eegaluu ni dandeessa. dheerina roga kiyubii qabee 8 cm^3 qabu, akka barbaadan barattoota gaafachuu ni dandeessa. kiyub-ruutti barbaaduun hojii galagaltoo kiyubii lakkoofsa barbaaduu ta'uu isaa barattootni akka hubatan gargaari. Fakkeenya armaan gadii ilaaluu ni dandeessa. $5^3 = 5 \times 5 \times 5 = 125$. Kanaaf kiyub-ruuttiin 125 kan ta'u 5 dha. Akka kutaa darbee keessattii, kiyub-ruuttii argachuuf kopxiitiin diddiriirsuu fayyadamuu ni dandeessa. akkuma $\sqrt[3]{\cdot}$ n iskuweer-ruuttiif bakka bu'u mallattoon $\sqrt[3]{\cdot}$ ammo kiyub-ruuttii lakkoofsa tokkoof bakka bu'a.

Deebii gocha 1.10

1. 5 cm 2. a. 0 b. 1 c. 3 d. 4 e. 10

Deebii Gilgaala 1.6

1. a. $512 = (2 \times 2 \times 2) \times (2 \times 2 \times 2) \times (2 \times 2 \times 2) = (2 \times 2 \times 2)^3$
Kanaaf, $\sqrt[3]{512} = \sqrt[3]{(2 \times 2 \times 2)^3} = 8$
- b. $2744 = (2 \times 2 \times 2) \times (7 \times 7 \times 7) = 2^3 \times 7^3 = (2 \times 7)^3$
Kanaaf, $\sqrt[3]{2744} = \sqrt[3]{(2 \times 7)^3} = 14$
- c. $27000 = (3 \times 3 \times 3) \times (10 \times 10 \times 10) = 3^3 \times 10^3 = (3 \times 10)^3$
Kanaaf, $\sqrt[3]{27000} = \sqrt[3]{(3 \times 10)^3} = 30$
- d. $10648 = (2 \times 2 \times 2) \times (11 \times 11 \times 11) = 2^3 \times 11^3 = (2 \times 11)^3$
Kanaaf, $\sqrt[3]{10648} = \sqrt[3]{(2 \times 11)^3} = 22$
- e. $15625 = (5 \times 5 \times 5) \times (5 \times 5 \times 5) = 5^3 \times 5^3 = (5 \times 5)^3$
Kanaaf, $\sqrt[3]{15625} = \sqrt[3]{(5 \times 5)^3} = 25$

2. a. $\frac{4}{9}$ b. $\frac{100}{49}$

Deebii gilgaala xumuraa

1. a. iskuweerii sirrii b. iskuweerii sirrii c. iskuweerii sirrii miti
d. iskuweerii sirrii miti
2. a. kiyubii sirrii b. kiyubii sirrii miti c. kiyubii sirrii miti
d. kiyubii sirrii miti
3. a. 19.9 b. 3.04 c. 0.9
4. a. 4.04 b. 19.5 c. 23.75
5. Qarshii 23820.32
6. 0.027
7. a. 6 b. 0.4 c. $\frac{5}{4}$ d. $\frac{13}{20}$
8. a. $\frac{1}{2}$ b. $\frac{3}{8}$ c. -1 d. $\frac{a}{2}$
9. a. Dhugaa b. dhugaa c. soba
10. 5:3
11. 2
12. 10
13. 2. Lakkofsotni raashinaalii hin taane akka jiran xanxoo (hint) kenniifi.
14. Lakkofsichi x yoo ta'e, himichi akka armaan gadii ta'a.

$$\sqrt[3]{x} = 2$$

$$\left(x^{\frac{1}{3}} \right)^{\frac{1}{2}} = 2$$

$$x^{\frac{1}{6}} = 2 \Rightarrow x^{\left[\frac{1}{6}\right]6} = 2^6 \dots (\text{Gama lamaanuu paawurii } 6^{\text{ffaa}} \text{ gochuu})$$

$$x = 64$$

15. Mee lakkofsicha x yoo jenne

$$\sqrt[3]{x}^2 = 25$$

$$\Rightarrow \left(x^{\frac{1}{3}} \right)^2 = 25$$

$$\Rightarrow x^{\frac{2}{3}} = 5^2 \Rightarrow x^{\frac{2 \times 3}{3}} = 5^{\frac{2 \times 3}{2}} \Rightarrow x = 125$$

BOQONNAA



DABALATAAN JIJJIIRAMOOTAAN HOJJECHUU

SEENSA

Kaayyoo ijoon boqonnaa kanaa barattootni malumma jijiiramaa akka beekani fi pirobileemota jiruuf jirenya keessatti sadarkaa kamiinuu barnoota gara garaa kan akka saayinsii keessatti isaan qunnaman furuu akka danda'an taasisuu dha. Kutaa gadi aanani irraa kaasuun kunis bakka lakkawuun yookiin ida'uu tarkaanfilee tokko fi kana irraa gara ida'uu tarkaanfilee lamaa itti fufuun gara qoyyaboota baay'ee tuuta laccoofsata hundaa, intijeroota, raashinaalotaa, kkf irratt gilgaala adda adda shaakalchiisuu dha. Boqonna kana irratti ammo barattootni sadarkaa ol dabaluun qoyyaaba xaxamaa ta'an furuuf jijiiramoota bakka buusuun hojjetu.

Fakkeenyaaaf barattootni $3 + 4 = 4 + 3 = 7$ ta'uu sirriitti beeku. Haaluma kanaan qoyyaba aljabira keessatti jijiiramaa bakka laccoofsaa buusun hojjetu. Akka, $x + y = y + x$ barattootni akka hojjii qoyyaba laccoofsotaa irratti hojjetaa turaniin haala ifaa ta'een faayidaa jijiiramoota barsiisaan hubachiisuun barbaachisaa dha.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kana booda barattootni kan danda'u qabani:-


- *jijiiramoota fayyadamanii pirobileemota jiruuf jirenyaan walqabatan ni furu.*
- *tarm lamee tarm tokkeen ni baay'isuu.*
- *baay'ataa tarm lameewwanii ni murteessu.*
- *hiramaataa walii guddicha ibsamoota algebraa lamaa fi isaa olii ni barbaadu.*
- *ibsamoota aljabira ni salphisuu.*
- *tarmoota ibsamoota algebraa wajjiin walqabatan ni hiiku.*
- *pirobileemota jechaa gara ibsamoota algebraatti jijiiru.*
- *pirobileemota mula'atoof jijiiramootaan foormulaa ni baasu.*
- *foormulaa keessatti jijiiramoota biro jijiirame tokkoon ni ibsu.*

Meshaalee Barsiisuuf gargaaran

Chaartii seerota herregaa adda addaa agarsiisan, chaartii

- Seera bu'ura tarm-lameewwan waliin baay'isuuf agarsiisan fi chaartii foormuloota adda addaa kanneen akka foormulla bal'ina danaalee ji 'oomeetirii adda addaa, akkasumas foormulaa o'ina iskeelii tokko irraa gara biraatti jijiiru chaartii yeroo tarm-lameewwan lama baay'isan akkaataa tarmoota waliin makan ibsu.

$$(x + y)(w + z) = xw + xz + yw + yz$$



2.1 TARMOOTAA FI IBSAMOOTA ALJABIRAA

Baayina wayitii ramadamee 8

Kaayyoowwan

Xumura barumsa kutaa kanaatti barattootni kan danda'u qaban:

- tarmoota ibsama aljabirootaan walqabatan ni hiiku.
- tarmoota walfakkaatan fi wal hin fakkaatiin addaan ni baasu.
- ibsamoota aljabiraa tarm tokkeewwan, tarm lameewwan ta'anii fi kanneen lamaanuu hin taane addaan ni baasu.

Jechoota haaraa

- Jijiirama, hinjijiiramnee, tarmii, hirmaataa, maxxantuu (koofishentii) lakkoofsa maxxantuu, foormulaa, ibsama algebraa.

Deebii Gocha 2.1

- a. $3xy$ b. $3x + 2y$ c. $x, y \neq 2$ d. $yzx, x^2y \neq xyz^3$
- cimdiwwan a, b fi d tarmoota walfakkaatan yeroo ta'an c'n tarmoota wal hin fakkaatiin dha.
- $xy^2, 8xy^2 - 5xy^2$ garee tokko irratti argamu

- $-2x^2$ fi $12x^2$ garee tokko irratti argamu
 xyz fi $-5xyz$ garee tokko irratti yeroo argaman
 y^2 fi $6y^2x$ n qofaatti hafu.
4. a. 3 lakkoofsa maxxantuu dha.
b. $3y^2$ n maxxantuu x ti..
c. $3x^2$ n maxxantuu y² ti.

Deebii Gocha 2.2

Ibsamootaa aljabilaa	Gosa
x	Tarm - tokkee
x^2	Tarm - tokkee
$x^3 + 8xy^2$	Tarm - lamee
$12x + 5$	Tarm - lamee
$x + y + z$	Tarm – baay’ee
$3x - 5y$	Tarm lamee

Deebii gilgaala 2.1

1. a. Tarm tokkee, tarmiin jiru xy qofa
b. Tarm tokkee, tarmii jiru $\sqrt{x+y}$ qofa dha.
c. Tarm lamee, tarmootni x fi $\sqrt{x+y}$ dha.
d. Tarm tokkee yookiin tarm lamee kan hin taane. Tarmoota x, y, z
e. Tarm tokkee, tarmiin jiru $\frac{xy}{x+y}$ qofa.
f. Tarm tokkee, tarmiin jiru $x(x+y)$ qofa.
g. Tarm lamee, tarmootni jiran x^2 fi y^2 dha.
h. Lamaanuu miti, tarmoota sadiitu jiru xy, xz fi yz
2. a. 3 b. -1 c. 1 d. $\frac{2}{5}$
3. a. $3y$ b. $-3y^2z$ d. $-5x^3yz^2$

2.1.1 Foormulaa keessatti itti fayyadama jijiiramootaa

Yaada bu’ura foormulaa itti fayyadama jiruu fi jirenyaan walqabatan dhiyeessuun seensa kennuu ni dandessa. Fakkeenyaaf, saayinsii keessatti barattootni wa’ee o’inaa barataniiru ta’aa. feetu barattootni yuunitii o’inaa yuunitii tokko irra gara yuunitii biraatti

jechuunis yuunitii digirii selshesii irraa gara yuunitii digirii faranaayitiitti jijiiruu baratanii jiru ta'a. Kunis foormulaan armaan gadiin kennama:

$$C = \frac{5}{9}(F - 32)$$

$$\text{Yookin F} = \frac{9}{5}\text{C} + 32$$

Dabalataan barattootni bal'ina fi naannawa danaalee ji'oomeetirii shallaguuf foormullaawwan jijiiramaa tokkoo yookiin tokkoo ol ni fayyadamu.

Barattootni foormullaa keessatti ji'jjiramootni hunduu kennamanii, jijjiiramaan tokko ammoo hin beekamu ta'e akka furuu danda'an itt himi foormullaa jijjiiramootaan ibsame kessaají'jjiramaa tokkoof furuuf seera herregaa barbaachisan:

- Gatii walqixa yookiin tarmoota gosa tokko ta'an gamaa gamana hima walqixaatti ida'uu
 - Gatii walqixa yookiin tarmoota gosa tokko gama lamaanirraa hir'isuu.
 - Gatii walqixaan yookiin tarmii zeeroo hin ta'ini gama lamaanuu baay'isuu
 - Gatii walqixa yookiin tarmii zeeroo hin ta'iniin gama lamaan hiruu.

Fakkeenyaaaf, foormulaa $A = \pi(R^2 - r^2)$ irraa r furi

$$A = \pi(R^2 - r^2) \dots \dots \dots \text{kan kennname}$$

$$\frac{1}{\pi} \times A = \frac{1}{\pi} \times \pi(R^2 - r^2) \dots \dots \text{gama lamaanu } \frac{1}{\pi} \text{tiin baay'isuu.}$$

$$\frac{A}{\pi} = R^2 - r^2$$

$$\frac{A}{\pi} + r^2 = R^2 - r^2 + r^2 \dots \dots \dots \text{gama lamaanitti } r^2 \text{ ida'uu}$$

$$\frac{A}{\pi} + r^2 = R^2$$

$\frac{A}{\pi} + r^2 - \frac{A}{\pi} = R^2 - \frac{A}{\pi}$ $\frac{A}{\pi}$ gama lamaan irraa hir'isuu.

$$r^2 = R^2 - \frac{A}{\pi}$$

$$r = \sqrt{R^2 - \frac{A}{\pi}} \dots \text{Iskuweer ruuttii gama lamaanii fudhachuun.}$$

Deebii hojii garee 2.1

2.

Baay'ina rogootaa (n)	Baay'ina saarbiwwanii (N)
4	2
6	9
10	35
20	170

Formulaa baay'ina saarbiwwan rog baay'ee konveeksii roga (n) akka armaan gadiitti kennamuu isaa hubadhu. $N = \frac{n(n-3)}{2}$

Rog-baay'ee konveeksii kamiif, tokkoon tokkoo varteeksii irraa saarbiwwan varteeksota wal maddii lamaan fi verteeksicha oso hin dabalatiin kaasuu ni dandeenya. Kanaaf varteeksota ($n - 3$) arganna vartekosata lama A fi B irraa saarbiin A gara B fi B gara A tokko dha. Kanaaf al lama akka hin lakkawamneef 2f hirra. Kunis foormullaa olitti kenname kenna. Amma saarbiwwan rogbaay'ee roga 100 shallaguun salphaa dha. Kunis 4850 ta'a. kana foormullaa ala argachuun dadhabsiisaa dha.

Deebii hojii garee 2.2

- Tarmii dhibbantaa jechuun dhibba keessa 1 tarmicha ti $x = 10\%$ y tti jechuun $x = \frac{10}{100} y$ yookiin $x = \frac{1}{10} y$
- Bal'inni dimshaashaa $A = \ell \times w$ tiin kennama. Garuu tokkoon tokkoo mukaa bal'ina 4 m^2 qabata kanaaf baay'ina mukoota argachuuf A afuriif hirra. A nis hiramaa 4 ta'uu qaba. Kunis ℓ fi w n lakkofsa guutuu yookin w 'n yookiin ℓ 'n 4 hiramuu qabu.

Fakkeenyaaaf $\ell = 2\text{m}$, $w = 6\text{ m}$ yookiin $\ell = 17\text{ m}$ fi $w = 8\text{ m}$.

Deebii gilgaala 2.2

- 4
- 9
- 7
- 6
- 4
- 2
- 22
- 12
- 1.5
- 4
- 27
- 81
- 0
- 48
- 32
- 10
- 2
- 6
- a. $\ell = \frac{A}{W}$
- b. $v = \frac{2S}{t} - u$
- c. $y = \frac{P-a}{x}$
- d. $a = \frac{V-u}{t}$

$$\text{e. } r = \sqrt{\frac{A}{4\pi}} \quad \text{f. } r = \sqrt{R^2 - \frac{A}{\pi}} \quad \text{g. } \frac{u^2 - v^2}{2a} = S$$

$$\text{h. } K = \frac{2A - 5m}{3}$$

22. 240.625 cm^2

23. 35 cm^2

24. 212°F

2.1.2 Jijiiramootaa Tarmootaa fi ibsamootaa Aljabiraa

Kutaan kun baay'inaan seera herregaa fayyadamuun ibsamootaa aljabiraa salphisuu ta'a. dhimma kanaaf barattootni waa'ee jijiiramootaa, tarmootaa fi ibsamootaa aljabiraa qalbeeffachuu isaanii mirkaneefadhu.

Kana irratt:

- Yaada tarmoota walfakkaatan fi kan wal hin fakkaatiin keessa deebii.
- Barattootni ibsamootaa aljabiraa salphisuuf tarmoota walfakkaatan walitti akka fidan qajeelchi.

Tarmoota walfakkatan akkuma beekamuun hiika kennutiin gara itt fayyadama pirobileemota jiruuf jirenyaan wal qabatan seesisuu ni dandeessa. Fakkeenyaaf, yoo namni tokko shiboo meetrii tokko dheeratuu fi kan biraa ammoo 12cm kan dheeratu yoo qabaate wlitti shiboo hammam dheeratu qabaata? Jettee gaafachuu ni dandessa. Asirratti yuunitiin dheerina lamaani gosa tokko miti. Kanaaf $1 + 12 = 13$, 13 m yookiin 13 cm jedhanii kaa'uu waan hin dandeenyeef gara yuunitii gosa tokkootti akka armaan gadiin jijiiruu qabu.

$$1 \text{ m} + 12 \text{ cm} = 100 \text{ cm} + 12 \text{ cm} = 112 \text{ cm}$$

$$\text{Yookiin } 1 \text{ m} + 12 \text{ cm} = 1 \text{ m} + 0.12 \text{ m} = 1.12 \text{ m}$$

Jijiiramootaafis haaluma kanaan akka fayyadaman barattotatti himi. Ida'amni x fi $2y$, $3x$ yookiin $3y$ ta'u hin danda'u, garuu $x + 2x = 3x$ fi $y + 2y = 3y$.

Barattoota keetti tokkoo tokkoo tarkaanfilee ibsamootaa al jabiraa salphisuu keessatti akk seera herregaa adda addaa fayyadaman itti himi.

Fakkeenya: $x + 2y + 3x$

$$(x + 2y) + 3x \dots \text{Amala cuftuu ida}'uu irratti. \quad$$

$$(2y + x) + 3x \dots \text{Amala jijiirraa iddo}$$

$$2y + (x + 3x) \dots \text{Amala cuftuu ida}'uu irratti$$

$$2y + 4x \dots \text{Tarmoota walfakkaatan ida}'uu.$$

Ibsamni dhumaan kana caalaa salphachuu hin danda'u bifa biraan akka $4x + 2y$ n kaa'uu yoo ta'e malee.

Hubadhu: Hamma dhumaatti ibsamoota aljabira salphisuu akka danda'an barattoota gargaari.

Seera herregaa cinaatti: Gara itti fayyadama cuftuu fi tartiiba yookiin tarkaanfilee qooyaboota aljabiraatti seensisuu ni dandeessa.

Tartiibni qooyaboota akka armaan gadiin dhiyaatera:

1. Kan cuftuu keessaa shallagi, yoo jiraatee fi barabachisaa ta'e. yoo cuftuu lamaa ol qabaate isa hundarra keessoo kan ta'erraa eegali.
2. Paaworoota (eksipooneentoota) shallagi.
3. Baay'isi yookiin hiri.
4. Ida'i yookiin hir'isi.

Fakkeenya: Salphisi $2y - \{2x - [4y - 3(x + y)]\}$

$$2y - \{2x - [4y - 3x - 3y]\} \dots \text{cuftuu hundarra keessoo ta'e hojjechuun.}$$

$$2y - \{2x - [y - 3x]\} \dots \text{Tarmoota walfakkaatan ida'uun}$$

$$2y - \{2x - y + 3x\} \dots \text{Cuftuu iskuweerii ta'e hanbisuun}$$

$$2y - \{5x - y\} \dots \text{Tarmoota walfakkaatan ida'uun}$$

$$2y - 5x + y \dots \text{Cuftuu isa dhumaan hanbisuun.}$$

$$3y - 5x \dots \text{Tarmoota walfakkaatan ida'uun}$$

Deebii Gocha 2.3

1. a. 60
b. qooyaboota 4
c. Eeyyee, fakkeenyaaf qooyaba baay'isuu isa cuftuu keessa jiru dura yoo qooyaba ida'uu hojjette deebiin isaa 180, kan sirrii hintaane ta'a.
2. 7.25 Qooyaboota afurtu keessa jira.

Deebii Gocha 2.4

1. a. eeyyee b. eeyyee
2. Hin jiru, tokko tokkoon isaanii guyyaa lamatti qarshii 27 argatu. Amala jijiirraa iddo ida'uun.

$$12 + 15 = 15 + 12 = 27$$
3. Tokkoon tokkoon isaanii lafa qonnaa bal'ina 5000 m^2 ta'e qabu.

$$100 \text{ m} \times 50 \text{ m} = 5000 \text{ m}^2 = 50 \text{ m} \times 1000 \text{ m}$$
4. a. $x - 2y \neq 2y - x$ waan ammalli jijiirraa iddo hir'isuu irratti hin hojenneef.
b. $x + 2y = 2y + x$ sababa amala jijiirraa iddo ida'uu tiif.
c. $x - 2y = -2y + x$ waan $x - 2y = x + (-2y) = -2y + x$ ta'eef.

Deebii Gocha 2.5

1. a. Yoo $x = 5, y = 6, z = 10$ ta'e

$$xy + xz = 5 \times 6 + 5 \times 10 = 30 + 50 = 80$$

$$x(y + z) = 5(6 + 10) = 5 \times 16 = 80$$

- b. yoo $x = -25, y = 16, z = 8$ ta'e

$$xy + xz = -25 \times 16 + (-25) \times 8 = -400 + -200 = -600$$

$$x(y + z) = -25 \times (16 + 8) = -25 \times 24 = -600$$

2. a. yoo $x = 12, y = 8, z = 3$ ta'e $xy - xz = 60$ akkasumas $x(y - z) = 60$

- b. yoo $x = 11, y = -8, z = -4$ ta'e $xy - xz = -44$ akkasumas $x(y - z) = -44$

3. $x(y + z) = xy + xz$ fi $x(y - z) = xy - xz$. (Amala raabsamaa baay'isuun ida'uu fi hir'isuu qabu.)

Deebii gilgaala 2.3

1. a. $x + 5x = (1 + 5)x = 6x$ c. $-x - 3x = (-1 - 3)x = -4x$
 b. $3x - x = (3 - 1)x = 2x$ d. $x - 11x = (1 - 11)x = -10x$
 e. $x + 5x + 7x = (1 + 5 + 7)x = 13x$
2. a. $xy + x^2y^2 = xy(1 + xy)$ b. $4x + 8xy = 4x(1 + 2y)$
 c. $3x^2y + 6xy = 3y(x + 2)$ d. $3xy + 6x^2y^3 = 3xy(1 + 2xy^2)$
 e. $5x - 10x^2 = 5x(1 - 2x)$
3. Eeyyee, baay'isuun ida'uu ida'amtoota baay'inaan murtaa'aa ta'e irratti diddiriirfamuu ni danda'a akka, a($x + y + z$) = $ax + ay + az$ haaluma kanaan cuftuu keessatti tarmootni hir'isuu wal qabatan hojjetamuu ni danda'u.
4. a. Karaa garagaraa lamaan.
 $(x + 2x) + 5x = 3x + 5x = 8x$
 Yookiin $x + (2x + 5x) = x + 7x = 8x$
- b. Karaa gosa shaniin:
 $(x + 2x) + (3x + 4x) = 3x + 7x = 10x$
 $x + ((2x + 3x) + 4x) x + (5x + 4x) = x + 9x = 10x$
 $x + ((2x + 3x) + 4x) = (x + 5x) + 4x = 6x + 4x = 10x$
 $x + (2x + (3x + 4x)) = x + (2x + 7x) = x + 9x = 10x$
 $((x + 2x) + 3x) + 4x = (3x + 3x) + 4x = 6x + 4x = 10x$
5. a. $x + (3x + y) = (x + 3x) + y = 4x + y$
 b. $5y^2 + (y^2 - 2xy) = (5y^2 + y^2) - 2xy = 6y^2 - 2xy$
 c. $(x + y) - 3y = x + (y - 3y) = x - 2y$
 d. $(2x + 3) + 12 = 2x + (3 + 12) = 2x + 15$
6. Miti: Tarmootni wlafakkaatan x fi $5x$ tarmii $2y$ n addaan baa'anii jiru. Kanaaf amala jijiirraa iddooyadamuu qabna.
 $(x + 2y) + 5x = (2y + x) + 5x \dots \dots \dots$ Amala jijiirraa iddooyadamuu qabnu.
 $= 2y + (x + 5y) \dots \dots \dots$ amala cuftuu ida'uu
 $= 2y + 6x \dots \dots \dots$ tarmootna walfakkaatan ida'uun.

7. a. $6x + 15$ b. $4pq^2 + 4p^2q^2$ c. $5p + 5$
 8. a. $-5 m^2 - 4n + 18$ b. $5r + 4S$ c. $20 - 9x$

Deebii Gocha 2.6

1. a. $1 + 2 + 3 = (1 + 2) + 3 = 3 + 3 = 6$
 b. $1 + 2 + 3 = 1 + (2 + 3) = 1 + 5 = 6$
 c. Gosa tokko dha $(1 + 2) + 3 = 1 + (2 + 3) = 6$
2. Eeyyee, $(x + y) + z = x + (y + z)$
3. $(1 \times 2) \times 3 = 1 \times (2 \times 3) = 6$, $(xy)z = x(yz)$

2.1.3 Pirobileemota furuu keessatti itti fayyadama jijiiramootaa

Kutaa lamaan kana duraa keessatti barattootni ibsamoota aljabiraa salphisuu fi foormulaa keessatti jijiiramootaan fayyadamuu irratti shaakalaniru. Haata'u malee faayidaa inni hundarra caalu jijiiramootaan pirobileemota jiruuf jirenyaan wal qabatan, pirobileemota saayinsii fi pirobileemoota jirenya guyyaa guyyaatti hojii nu qunnamu ittin furuu dha.

Fakkeenyaaaf, yoo abbaan qabeenyaay tokko nama tokko ji'atti qarshii 900 qaxaratee, garuu abbaan qabeenyaay kun guyyaa 21 keessatti yoo hojii isaa raawwachiise, hojetaa kanaaf qarshii meeqa kanfaluu qaba?

Furmaata: mee xn qarshii hojjetaan kun guyyaa 21 keessatti kan argatu haata'a. Qarshii 900 j'atti argachuu jechuun $(900 \div 30) = 30$ guyyaatti argachuu waan ta'eef kafaltion guyyaa 21, $x = 21 \times 30 = 630$ ta'a.

Deebii Gocha 2.7

1. Mee umuriin Ahimad kan ammaa x haa ta'u fi kan akaakayyuu isaa ammoo y haata'u. umuriin Ahmad kan waggaa darbee $x - 1$, fi umuriin akaakayyuu isaa waggaa sadii booda $y + 3$ ta'a.
 Kanaaf, $y + 3 = 6(x - 1)$
 Ida'amni umurii isaanii kan ammaa 68 waan ta'eef $x + y = 68$
 Kana irraa $y = 68 - x$
 Hima walqixa duraa keessa galchuun,
 $(68 - x) + 3 = 6(x - 1)$
 $\Rightarrow 71 - x = 6x - 6$
 $\Rightarrow 71 + 6 = 6x + x$
 $77 = 7x$
 $x = 11$
 kunis $x = 11$, $y = 68 - 11 = 57$
 kanaaf, umuriin Ahimad kan amma 11 fi kan akaakayyuu isaa ammo 57 dha.
2. Mee umuriin Tolaa kan ammaa x haa jennu. Waggaa lama booda $x + 2$ ta'a. kan waggaa sadii dura ammoo $x - 3$ ta'a, kanaaf akka kenna pirobileemichaatti

$$\frac{1}{2}(x+2) + \frac{1}{3}(x-3) = 20$$

$3(x+2) + 2(x-3) = 120 \dots\dots\dots$ Gama lamaan 6n baay'isuun.

$3x + 6 + 2x - 6 = 120 \dots\dots\dots$ Amala raabsaatiin.

$5x = 120 \dots\dots\dots$ Salphisuun

$$x = \frac{120}{5} = 24$$

kanaaf umuriin Tolaa kan ammaa waggaa 24 dha.

3. 200

Deebii Gocha 2.8

Ibsa Jechaan	Ibsama Aljabiraa mallattoon
Si'a ja'a lakkofsa tokkoo	$6x$
Lakkofsa tokko 6n caala	$x + 6$
Lakkofsa tokko irraa 6 hir'ata	$x - 6$
Lakkofsa tokko akka hirmaataatti al sadii	x^3
Lakkoifa akka tarmiitti si'a sadiin deddebi'u	$3x$
Ida'ama lakkofsota hundaa walitti aanan sadii [xaanxoo(hint): Mee x n lakkofsa duraa haa jennu]	$x + (x + 1) + (x + 2)$
Dachaan lakkofsa tokkoo saddeetiin xiqqaate	$2x - 8$
Al sadii lakkofsa tokkoo kan tokkoon caalu	$3x + 1$

Deebii Gilgaala 2.4

1. a. 30 b. $x = 7$ c. -13
 d. $x = 6$ yookiin $x = -6$ e. 12.25
 f. $x = 25, y = 75$ g. $x = 2, y = 20$ yookiin $x = -2, y = -20$
 h. $y = 12$ i. $x = 1, y = 1$
2. 3 3. 7, 8 fi 9 4. 29, 31, 33 fi 35
5. Wagga 4, wagga 7 fi wagga 10
6. Dubartoota 77, abooti 84, ijoollee 100
7. 9 m

8. Waggaa 3 fi ji'a 9
9. Waggaa 25 fi waggaa 40
10. kan dargaggeesotaa qarshi 5 fi kan ga'eessotaa qarshii 8.
11. 60 km /h

2.2 TARM-LAMEEWWAN BAAY'ISUU

Kaayyoowwan

Xumura barumsa kanaa irratti barattootni kan danda'uu qaban:

- *ibsamoota aljabiraa baay'ataa tarm tokkee, tarm lameen wal qabate ni salphisuu.*
- *ibsamoota aljabiraa baay'ataa tarm lameewwan lamaa ni salphisu.*
- *ibsamoota aljabiraa cuftuun hammataman ni salphisuu.*
- *ibsamoota aljabiraa salphisuuf seerota herregaa fudhatamoo ni fayyadamuu.*

Jechoota haaraa

- Tarm tokkee, tarm-lamee, tarm-lamee baay'isuu hirmaattota.

Seensa

Kuta kana dura darbe keessatti barattootni jechoota haaraa barbaachisaa ta'an kan akka tarmoota, tarm-tokke, tarm lamee fi kkf hubataniiru. Jechoonni kana fakkaatan kan akka tarm-sadee, tarm-baay'ee fi kkf ni jiru. Kuta kana keessatti barattootni akkaataa tarm-tokkee, ibsama aljabiraa tarm-tokkee tarm-lameen, tarm-lameewwan baay'isuu ni qalbeeffatu.

2.2.1 Tarm - tokkee fi tarm-lamee baay'isuu

Tarm-tokkee tarm-lameen baay'isuu jechuun amala rabsama baay'isuu ida'uu irratti fayyadamuu akka ta'e barattootatti himi. Firii $3 \times (4 + 5)$ yoo barattoota kee gaafate deebiin isaanii, 3 ida'ama 4 fi 5 n baay'isaan 27 yookiin ammo tokkoon tokko lakkofsota cuftuu keessa jiranii 3'n baay'isuun walitti ida'uun

$(3 \times 4 + 3 \times 5 = 12 + 15 = 27)$ jedhanii ni deebisuu ta'a.

Yaadni haaraa amma itti seenamu ibsamoota aljabiraa jijiiramoota of keessaa qabu bakka lakkofsota jijiirama hin qabnee buusuu dha.

Barattootni kanaan dura tarmoota walfakkaatan akkaataa itti ida'an beeku. Fakkeenyaaf $x + 2x = 3x$ karaa biraan itti agarsiisuu ni dandeessa $x + 2x = 1 \times x + 2 \times x = (1 + 2) \times x = 3 \times x = 3x$

Baay'ataa jijiiramaa x kan tarm-tokkee ta'e, ida'ama lakkofsota lamaanitti ibsuu ni dandeessa. Tarkaanfiilee gadii hubadhu:

- Hirmaataan tarm-tokkee lakkofsa dha; akka tarmoota jiran keessa inni tokko cuftuu keessa jirutti.
 $3(x + 5) = 3x + 15$
 Baay'ataa akkasiiakkataa armaan gadiin bareessita.
 $3(x + 5) = (x + 5) + (x + 5) + (x + 5) = (x + x + x) + (5 + 5 + 5) = 3x + 15$
- Hirmaataan tarm-tokkee lakkofsa dha. Tarmootni cuftutuu keessa jiran ammo jijiiramoota $3(x + y) = 3x + 3y$
 Akka, $3(x + y) = (x + y) + (x + y) + (x + y) = 3x + 3y$
 Kana irraa gara yaada waliigalaatti deemta.
 $a(x + y) = ax + ay$
 a'n lakkofsota lakkaawwii yoo ta'e.
- Tarm-tokkee jijiiramaan tarm-lamee tokkoon isaa jijiirama kan ta'een baay'isuu keessatti barattoota gargaari. Fakkeenyaaf, $x(x + 2) = x^2 + 2x$ yookiin $x(y + 2) = xy + 2y$
- Yeroo tarmi-tokkee jijiiramaan tarm-larmee lammaanu jijiiramootaan baay'atan fakkeenyaaf $x(x + y) = x^2 + xy$
- Dhuma irratti tarmoota tarm-lamee fi tarm-tokkee baay'isuu. Fakkeenyaaf $3xy(2x + 4y) = 6x^2y + 12xy^2$

Hubadhu: Yaada salphaa fi mul'ataa ta'e irraa ka'uun gara yaada waliigalaatti deemuu qabda fakkeenyaaf akka $\sqrt{3}(x + 5)$ irraa ka'uu hin qabdu $3(x + 5) = (x + 5) + (x + 5) + (x + 5) = (x + x + x) + (5 + 5 + 5) = 3x + 15$ jettee agarsiista.

Deebii Gocha 2.9

1. $10(12 + 13) = 10 \times 25 = 250$, yookiin $10(12 + 13) = 10 \times 12 + 10 \times 13 = 120 + 130 = 250$
2. a) $213 \times (12 + 27) = 8307$ tarm-tokkeen 213 fi tarm-lameen 12 + 127.
 b) $15(x + 1) = 15x + 15$ tarm-tokkeen 15 fi tarm-leemeen $x + 1$
 c) $2(x + y) = 2x + 2y$ tarm-tokkeen 2 fi tarm-lameen $x + y$.
 d) $(3 + 15)5x = 18 \times 5x = 90x$, tarm-tokkeen 5x fi tarm-lammen 3 + 15

- e) $5y(11 - 7) = 5y \times 4 = 20y$, tarm-tokkeen $5y$ fi tarm-lammen $11 - 7$
f) $2(x - 11) = 2x - 22$, tarm-tokkeen 2 fi tarm-lammeen $x - 11$.
g) $4y(2x + 3y) = 8xy + 12y^2$, tarm-tokkeen $4y$ fi tarm-lameen $2x + 3y$.
h) $2x(5y - 7x) = 10xy - 14x^2$, tarm-tokkeen $2x$ fi tarm-lameen $5y - 7x$

Deebii gilgaala 2.5

- | | | |
|----|--------------------------|----------------------------|
| 1. | a) $2x - 10$ | b) $15x + 150$ |
| | c) $10x + 20$ | d) $-12x + 15$ |
| | e) $24x + 96$ | f) $-12x + 24x^2$ |
| 2. | a) $2x^2 + 2xy$ | b) $15x^2 - 10xy$ |
| | c) $-8x^2y - 8x^3$ | d) $-48x^2y + 84xy^2$ |
| | e) $6x^2y^2 + 6xy^3$ | f) $120x^3y^2 + 252x^3y^3$ |
| | g) $-6x^3y^2 + 10x^3y^3$ | h) $-12x^3y + 18xy^3$ |
| 3. | a) walqixa | b) walqixa miti |
| | c) walqixa miti | d) walqixa miti |
| | e) walqixa | f) walqixa miti |
| | g) walqixa | h) walqixa |

2.2.2 Tarm-lamee tarm-lameen baay'isuu

Kutaa darbe keessatti barattootni amala rabsama baay'isuu ida'uu (hirisuu) irratti qabuun fayyadamanii tarm-tokkee tarm-lameen baay'isuu shaakalani jiru. Amma garu irra caalattii barattootni tarm-lamee tarm-lameen baay'isu.

Kana keessatti hirmaattota (tarm-lamee) keessa tokko akka amala rabsa baay'isuu ida'uu irratti qabuun cuftuu lammaffaa irratti raabsuu dha.

Fakkeenyaa : $(x + y)(z + w) = (x + y)z + (x + y)w$

Kana keessatti $(x + y)$ n akka baay'istu tokkootti fudhatamuun diddiriifamee jira barumsa darbe keessatti haala raabsuun akkaata $(x + y)z$ fi $(x + y)w$ barbaadan ni beeku. Haluma kannaan cuuftu isa lammaffa akka tokkotti fudhuun hojjechuun ni danda'ama akka:

$$(x + y)(z + w) = x(z + w) + y(z + w)$$

Karaa lamaanuu gosa tokko kenna. Innis: $(x + y)(z + w) = xz + xw + yz + yw$

Tarkaanfileen itti aanu fakkeenyota baay'eetiin tarm-lamee tarm-lamee maxantuu lakkofsaa fi jijiiramoota baay'ee of keessa qabaniin baay'issu dha. Fakkeenyaaaf,

$$\begin{aligned} (3x + 5y)(2x - x^2) &= 3x(2xy - x^2) + 5y(2x - x^2) \\ &= 6x^2y - 3x^3 + 10yx - 5yx^2 \end{aligned}$$

Deebii Gocha 2.10

1. Bal'inni kutaalee xy, xw, zy fi zw .
2. Ida'amani kutalee arfanii $xy + xw + zy + zw$
3. Bal'inni rektaanglii isa guddaa kutalee arfani qabate $(y + w)(z + x)$ dha.
4. Waan retaangiliin inni guddaan kutalee arfan ala hin qabneef firiin 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} irra jiru walqixa dha.
5. 4^{ffaa} irraa: $(x + y)(z + 2) = xy + xw + 2y + zw$

Deebii Gocha 2.11

1. a) $(x + 2)(x + 3) = x^2 + 5x + 6$ b) $(x + 2)(x - 3) = x^2 - x - 6$
c) $(x - 3)(x + 3) = x^2 - 9$ d) $(x - y)(x + y) = x^2 - y^2$
e) $(2x - y)(2x + 3y) = 4x^2 + 4xy - 3y^2$
f) $30x^2 - 35xy - 15y^2$
2. Tokkoon tokko tarmoota cuftuu duraa tokkoon tokko tarmoota cuftuu lammaffaa baay'isuu qabu.
 - a. $(x + y + 2)(2x + 3y) = 2x^2 + 5xy + 3y^2 + 4x + 6y$
 - b. $(x + y + 2)(2x - y + 1) = 2x^2 + xy + 5x - y^2 - y + 2$

Deebii gilgaala 2.6

1. a) $x^2 - y^2$
b) $12x^2 + 6xy - 36y^2$
c) $16x^2y - 4x^2y^2 + 12xy - 3xy^2$
d) $x^2z + x^3yz + x^2yz + x^3y^2z$
e) $x^2yz + xy^2z + yxz^2 + y^2z^2$
f) $x^2 + y^2 + x^3 + xy^2$
g) $-24x^2yz - 48xy^2z + 10xy^2z + 20y^3z$
h) $6x^3y - 11x^2y^2 - 10xy^3$
2. a) $6x^2 + 3x - 2$ b) $8x^2 + 11x - 12$
c) $6xy - x^2 - y^2$ d) $3x^3 + 6x^2y$
e) $x^2 + y^2 + xy$ f) $x^2 - y^2 + x + y$
g) $80x^2 - 16xy + 2xy$ h) $2x^2 + 4xy + 2y^2$

Deebii hojiii garee 2.3

- 1) $xy + y + 2x + 2 = y(x + 1) + 2(x + 1) = (y + 2)(x + 1)$
- 2) $x^2 + xy + x + y = x(x + y) + x + y = (x + 1)(x + y)$
- 3) $ax + ay + bx + by = (x + y) + b(x + y) = (a + b)(x + y)$
- 4) $2xy + 2ax + 3y^2 + 3ay = 2x(y + a) + 3y(y + a) = (2x + 3y)(y + a)$

2.3 HIRMAATAA WALII GUDDICHA

Wayitiin eeyyamame: 10

Kaayyoowwan

Xumura barumsa kana irratti barattootni danda'uu kan qabani:

- *hirmaataa walii guddicha ibsamoota aljabiraa lamaa ni barbaaduu.*
- *hirmaataaa walii guddicda ibsamoota aljabiraa baay'ee ni barbaaduu.*
- *hirmaattoota walii ibsamoota aljabiraa lamaa addaan ni baasu.*

Jechoota haaraa

- Hirmaataa, hirmaataa walii, hirmaataa walii guddicha.

Seensa

Kutaalee gadii keessatti barattootni hirmaattoota lakkofsa hundaa herrega keessatti beeku. Dabalataanis hirmaattota walii fi hirmataa walii guddicha lakkofsoota lakkaawwii lamaa yookiin lamaa olii adddaan baasu ni ta'a. Kutaa kana keessatti qooyaba wal fakkaatuun jijiiramootaa fi ibsamoota algebraa irratti ni hojjetu.

Yaadannoo barsiisu

Hirmaattota garee lakkofsoota hundaa itti agarsiisuun itti seenuu ni dandeessa. Fakkeenyaaaf hirmaattotni 12: 1, 2, 3, 4,6 fi 12 akkasuma hirmaattotni hirattoota jedhamanii waamamu. Kan nutti fudhanu hirmaattoota intijeroota pozativii ta'an qofa. Hirmaataa lakkofsa 12, 24, 72 kkf hunda isaanii akka itti fufuudhaan hirmaattoota walii lakkofsoota 36 fi 24 akka barreessan gaafadhu. Akkasumas gara hirmaattota ibsamoota aljabiraatti baay'isuu ni dandeessa yaada paaworii jijiirama x (eksipoonentii posazativii) akka ibsamoota $1, x, x^2, x^3$ tiin itti seensiisuun ni dandeessa.

Hirmaataa $x, x'n$ ammo hirmaataa x^2, x^2n ammo hirmaataa x^3 fi kkf jettee itti himuu ni dandeessa. Galgaltoon isaa dhugaa mitii. Amma ibsamoota jijiiramoota lamaa yookiin isa olii qaban kan akka x^2y hubadhu. Hirmaattotni $1, x, x^2, y, yx, x^2y$ dha.

Paaworiin x inni hirmaataa keessaa paaworii x isa ibsama kenname keessa jiru caaluu hin qabu paaworiin y inni hirmaataa keessaa paaworii y isa ibsama kenname keessa caaluu hin qabu.

Akkasuma barsiisaan mala diddiriirsuu ibsamoota kuwaadiraatikii ibsuufi ni dandeessa. Kan akka:

- $x^2 + (a + b)x + ab = (x + a)(x + b)$, a fi b n intijaroota yeroo ta'an.
- $x^2 + 2xy + y^2 = (x + y)^2$
- $x^2 - 2xy + y^2 = (x - y)^2$
- $x^2 - y^2 = (x - y)(x + y)$

Barsiisa seera herregaa barbaachisaa ta'an kan diddiriirsuuf fayyadan ibsuufii ni dandeessa. Akkasumas chaarti haalluu adda addaan dibame yaadannoo diddiriirsuu asi olitti barreefaman qopheessuu ni dandeessa.

Ibsamoota aljabiraa raashinaalii salphisuu keessatti jechuun ibsama aljabiraa hiramaa polonomiyaalota lamaa (yookiin isaa olii) duursa waamamaa fi waamsisaa diddiriirsuu, itti aansuun hirmaattoota walii kan ta'an gutuu akka ta'e gargaari.

Deebii gocha 2.12

1. eeyyee x'n hirmaataa x^2
 2. miti x^2n hirmaataa x miti
 3. hirmaattotni x^3 , 1, x , x^2 , x^3 dha.
 4.
 - a. Hirmaattotni x^2y ; 1, x , x^2 y, xy , x^2 y
 - b. Hirmaattotni xy^2 ; 1, x , y, xy fi xy^2 dha.
 - c. Hirmaattotni walii x^2y fi xy^2 ; 1, x , y fi xy dha.
 - d. Hirmaataa walii guddicha x^2y fi xy^2 ; xy dha.
 - e. Hirmaataan walii isaa ol guddaa wan hin jirreefi
 5. Gaaffii 4ffaan akka fakkeenyatti waan hojjetameef barataaf dhiifameera.

Deebii Gocha 2.13

- a) hirmaattotni walii $6ab$ fi $8a^2$: 1, 2, a, 2a, kannaf, hirmataa walii guddicha $6ab$ fi $8b^2$: $2a$ dha.

b) Hirmaattotni walii $9a^2b$ fi $45a^2b^2$
 $1, 3, 9, a, a^2, 3a, 3a^2, 9a, 9a^2, b, 3b, 9b, ab, 3ab, 9ab, a^2b, 3a^2b, 9a^2b$
Kanaaf, hirmaataa walii guddicha $9a^2b$ fi $45a^2b^2$: $9a^2b$ dha.

c) Hirmaattotni walii $15a^3b^2$ fi $45a^2b^3$: 1, 3, 5, 15, a, a^2 , 3a, 5a, 15a, $3a^2$, $5a^2$, $15a^2$, ab , $3ab$, $5ab$, $15ab$, ab^2 , $3ab^2$, $5ab^2$, $15a^2b$, $3a^2b$, $5a^2b$, $15a^2b$, a^2b^2 , $5a^2b^2$, $3a^2b^2$, $15a^2b^2$.
Kanaafi hirmaataa walii guddicha $15a^3b^2$ fi $15a^2b^3$: $15a^2b^2$ dha.

d) Haaluma kanaan hojjeechuun H.W.G $8x^2y^3z^2$ fi $16xy^2z$: $8xy^2z$ ta'a.

Deebii gilgaala 2.7

1. a) H.W.G $6x$ fi $18y: 6$
 b) H.W.G $12mn$ fi $8m: 4m$ dha
 c) H.W.G $3uw$ fi $4uw$: uw dha
 d) H.W.G $18mp$ fi $9 mn$: $9m$ dha
 e) H.W.G $27 xyz$ fi $45xz$: $9xz$ dha.

2) a) $7x + 4$ b) $4(5x - 1)$ c) $3y(6x - z)$
 d) $6m(2n + 3p)$ e) $4m(m - 1)$ f) $3(x^2 + 2x - 6)$
 g) $-6(x + 4)$ h) $-2x(y + 4)$ i) $8mn(3 - 2m)$
 j) $-xy(x + y)$ k) $12mn(1 + 2mn)$ l) $18y^2p(4 - p)$

- 3) a) $(x + 3)(4 + m)$ b) $(x - 1)(x + 5)$ c) $(y + 4)(y - 6)$
d) $x(x + 1)(x + 7)$ e) $(x - 4)(3x - 7)$

Deebii giilgaala 2.8

1. a. $\frac{x}{5}$ b) $\frac{x+5}{2}$ c) $\frac{x^2 - 4x}{x+4}$ hin salphatu d. $\frac{3}{2}x$
e. 5 f. $\frac{x+3}{x+2}$ g. $\frac{3ab+a}{b}$ h. $\frac{4mn}{3}$
2. a. $\frac{3(x+3)}{2}$ b. $\frac{(3mp+40)3p}{2(3m+4)}$ c. $\frac{3(x-5)}{8}$ d. $\frac{4(3m+4)}{3(p+2)}$
e. $\frac{4}{3}$ f. $2x$ g. $\frac{3q}{8}$ h. $\frac{5(x+y)}{24y}$

Deebii Gilgaala 2.9

1. 1, 2, 3, 6, 9, 18
2. a. 1, 2, 4 b. 1, 2, t , $2t$
3. a. 4 b. 8
4. a. $3(-x + 7)$ d. $6m(t - 4m)$
b. $x(x + 3)$ e. $9(2x + 3y)$
c. $6x(3x + 2y)$ f. $(x - 7)(x + 3)$
5. a. H.W.G = x^2 c. H.W.G = $6x^2y^2$ e. H.W.G = x
b. H.W.G = x^2 d. H.W.G = $6x^2y^2$ f. H.W.G = $2xy$
g. $3x^2yz$
6. a. $x+4$ b. $\frac{xy+3x}{2}$ c. $\frac{35mn}{24(2x+1)}$
d. 2 e. $\frac{819x^2}{16y}$ f. $\frac{16p^3q^3}{75}$

Deebii Gilgaala 2.10

1. a. 1, 2, 4, x , $2x$, $4x$ d. 1, 5, x , $5x$, y , $5y$, y^2 , $5xy$, xy , $5xy^2$
b. 1, x , x^2 e. 1, y , y^2 , y^3
c. 1, 3, x , $3x$, x^2 , $3x^2$ f. 1, 3, x , $3x$, y , $3y$, $3xy$, $3x^2$, $3x^2y$
g. 1, x , y , z , x , y , xz , yz , xyz h. 1, x , y , z , xy , xz , yz , xz^2 , yz^2 , z^2 , yz^3

2. a. $1, x, x^2$ b. $1, x, x^2$ c. 1 d. 1 e. $1, x$ f. 1
3. a. x^2 b. x^2 c. 1 d. 1 e. x f. 1
4. a. $2xy$ b. $3x^2yz$

Deebii Gilgaala Keessa Deebii Boqonnaa 2^{ffaa}

1. a. $3: x, y, z$ b. $1: 10x$ c. Tokko: $\sqrt{1+x+y+z}$

2. i. a) $2x + 3x + 5x = (2x + 3x) + 5x$
 $= 5x + 5x$
 $= 10x$

ii. $2x + 3x + 5x = 2x + (3x+5x)$
 $= 2x + 8x$
 $= 10x$

b. $-3y + 13y - 4y = (-3y + 13y) - 4y$
 $= 10y - 4y$
 $= 6y$

ii. $-3y + 13y - 4y = -3y + (13y - 4y)$
 $= -3y + 9y$
 $= 6y$

3. a. $x + 2y + 5x = x + 5x + 2y$
 $= (x + 5x) + 2y$
 $= 6x + 2y$

c. $8x + 2y - 20x = 8x - 20x + 2y$
 $= (8x - 20x) + 2y$
 $= -12x + 2y$

b. $5y + 7x - 3y = 5y - 3y + 7x$
 $= (5y - 3y) + 7x$
 $= 2y + 7x$

d. $2x + 3y - 5x - 8y = 2x - 5x + 3y - 8y$
 $= (2x - 5x) + (3y - 8y)$
 $= -3x - 5y$

e. $x^2y - xy + 7x^2y$
 $= x^2y + 7x^2y - xy$
 $= 8x^2y - xy$

f. $xy + 7xy^2 - 12xy$
 $= xy - 12xy + 7xy^2$
 $= -11xy + 7xy^2$

4. a. $x \times y = xy$ d. $x \times x = x^2$

b. $x \times y \times z = xyz$ e. $y \times y \times y = y^3$

c. $3 \times x = 3x$

5. a. $2x \times 3y = 6xy$ d. $-3x \times (-5x) = 15x^2$

b. $-3x \times 7y = -21xy$ e. $2y \times 3y \times 7y = 42y^3$

c. $-2x \times 4x = -8x^2$ f. $2x \times 3y \times 6x = 36x^2y$

6. a. $x + 2x = 3x$ d. $2xy - 8xy = -6xy$

b. $x + 2x + 3x = 6x$ e. $8xy^2z^3 + 12xy^2z^3 = 20xy^2z^3$

c. $x^2 - 5x^2 + 7x^2$
 $= x^2 (1 - 5 + 7) = x^2 (3) = 3x^2$

f. $x^2 + 12x^2 - 3x^2 = (1 + 12 - 3)x^2 = (13 - 3)x^2 = 10x^2$

7. Mee intijeriin jalqabaa x haa jennu.
Mee isa lammataa $x + 1$ haa jennu.

Mee isa sadaffaa $x + 1 + 1 = x + 2$ haa jennu.

Mee isa arfaffaa $x + 1 + 1 + 1 = x + 3$ haa jennu

Mee isa 5^{ffaa} $x + 1 + 1 + 1 + 1 = x + 4$ haa jennu

Ida'amni tarmoota armaan olii

$$x + (x + 1) + (x + 2) + (x + 3) + (x + 4) = 35$$

$$5x + 10 = 35$$

$$5x = 35 - 10 = 25$$

$$x = \frac{25}{5} = 5$$

Kanaafuu, intijeriin inni xiqqaan 5'n dha.

Mirkaneessa: $x = 5$

$$5 + 6 + 7 + 8 + 9 = 35$$

8. Foormulla $\frac{5}{9}(F - 32^\circ\text{C})$ fayyadamuun

$$C = \frac{5}{9}(50^\circ\text{C} - 32^\circ\text{C}) = \frac{5}{9}(18^\circ\text{C} = 10^\circ\text{C})$$

9. Kan kenname:

$$dh = 2d, N = 30\text{cm}$$

$$N = 2(dh + d)$$

$$30\text{cm} = 2(2d + d)$$

$$30\text{cm} = 6d$$

$$\text{Kanaaf}, d = \frac{30}{6} \text{cm} = 5\text{cm}$$

$$dh = 2d, \text{ irraa } dh = 2 \times 5 = 10\text{cm}$$

$$\text{Bal'inni reektaangili} = dh \times d = 10\text{cm} \times 5\text{cm} = 50\text{cm}^2$$

10. H.W.G = $12x^2y^2$

BOQONNAA



HIMOOTA WAL QIXAA FI HIMOOTA WAL- CAALMAA SARARAAWAA

SEENSA

Boqonnan kun kutaalee sadii qaba. Kutaan jalqabaa hima wal-qixaa gara hima wal-qixaa sararaawaatti jijiiruu fi furmaata himoota wal qixaa barbaaduu ta'a. Kutaan lammataa akkaata itti himoota wal-qixaa sararaawwaaf furmaata barbaadaniin himoota wal caalmaa sararaawaaf furmaata barbaaduu ta'a. Kutaa 3^{ffaa} keessatti ammoo sirna ko'ordineetii diriiroo fi himoota wal qixaa sararaawaa giraafotni isaanii sarara qajeelaa ta'an ijaaruu ta'a.

Kaayyoo Gooroo Boqonnaa kanaa

Xumura barnoota boqonnaa kana booda barattootni:

- *yaadrimee himoota wal-qixaa fi wal-caalmaa ni hubatu.*
- *himoota wal-qixaa fi wal caalmaa sararaawaa qindeessuu fi furuu irratti ogummoota isaanii ni gabbifatu.*
- *pirobileemota furuuf seerota dabarsuu himoota wal-qixaa fi wal caalmaa ni fayyadamu.*
- *himmi wal qixaa sarara giraafin isaa handhura irra darbu yoo kenname sarara kana ni ijaaruu.*

Meeshaalee deeggarsa barnootaa

Kitaaba barataa dabalataan ammoo madaala hanga gama harka mirgaa fi gama harka bitaa qabu fayyadamuudha. Meshaan kunsi himoota walqixaa fi wal caalmaa gara himoota waliigitaatti jijiiruuf nu fayyada.

3.1 FURMAATTOTA HIMOOTA WALQIXAA SARARAAWAA CAALATTI

Wayitiin ramadameef: wayitii 10

Kaayyoowwan

Xumura mata duree xiqqa kanaatti barattootni:

- *dabarsoo walii gitatti fayyadamuun himoota wal qixaa kanneen hammattuu qaban ni furu.*
- *himoota walqixaa sararaawaa firaakshinoota qaban ni furu.*
- *himoota walqixaa sararaawaa fayyadamuun piroobileemoota haala qabatamaan walqabatan ni furu.*

Seensa

Mata dureen kun akkaataa itti himoota walqixaa sararaawaa furuu dandeenyu dhiyeessa. Herrega keessatti himni walqixaa salphaan hima walqixaa sararaawaadha. Akkaataan itti hima walqixaa sararaawaa furru akkasuma. Haata'u malee akkaataan itti himoota walqixaa sararaawaa itti furru herrega hundaa hojjechuu keessatti fayyadamna. Yaadrimee himoota walqixaa gara hima walqixaa waliigitaatti jijiiruun himoota herregaa furuu keessatti isa bu'uuraati, barattootni yaadrimewwan kana yoo sirriitti beekan gara fuula duraatti bu'uura guddaa waan barattootaaf ta'uuf barsiisaan hamma danda'ameetti dandeetti waa kalaquutti fayadamuun, barattootni yaadrimee boqqonaa kana keessatti kenname siritti akka hubatan gargaaruu dha.

Yaadannoo Barsiisuuf gargaaran

Boqonnaa kana barattootni himoota walqixaa sararaawaa furuuf, hima walqixaa gara hima walqixaa waliigitaatti jijiiruun, dandeetti kana akka cimsataniif keessa deebii gochuun gaarii dha. Hojii gareen 3.1 kan kenname sababa kanaaf. Hojiin garee kunis kan kenname bifaa taphaan gaafii gaafachuu fi deebisuu tiin. Kanaafuu barattoota kee gareen qoqqooduun akkaataa kitaaba irratti dhiyaateen akka taphatan gargaari. Seera taphichaa erga hubachiifteen booda barattootni akka taphatan godhi. Taphicha

barattootni beekanii yookiin utuu hin beekiin hima walqixaa fayyadamuun gara hima walqixaa waliigitaatti jijiiruu ni danda'u.

Erga taphatanii booda barattoota kee gaafin taphaan dhiyaate kun hima walqixaa sararaawaa ta'uu akka hubatan godhi. Dabalataan gaafilee tapha keessatti dhiyaatan deebisuuf tooftaa garaagaraa akka tarreessan gaafadhu. Kan isaan tarreessan kun yaadrimee gosa seerota hima walqixaa kennname gara hima walqixaa waliigitaatti jijiiruu.

Furmaata hojii garee 3.1

1. a. $10, \text{ sababii } 10 + 5 = 15$
- b. $8, \text{ sababii } 8 - 3 = 5$
- c. $6, \text{ sababii } 3 \times 6 = 18$
- d. $12 \text{ sababii } 12 \div 2 = 6$
- e. $3 \text{ sababii } (2 \times 3) + 5 = 11S$

Gocha 3.1

Barattootni seerota hima walqixaa gara hima walqixaa waliigitaatti jijiiruu isaan dandeessisu irratti hubannoo ni cimsatu. Hojiin garee armaan oliis kanuummaaf oola. Gocha kana keessatti barattootni kee jijiiramni gama tokkotti ta'e jijirama gama biroo madaala hangaa irratti ta'e waliin wal simuu akka qabu hubachuu qabu. Kunis madaalli kun akka wal madaaluufi dha. Barattootni kee walitti dhufeenya himoota walqixaa gara himoota walqixaa waliigitaatti jijiiruu fi madaala hangaa akka hubatan gochuu dha.

Sadarkaa kanatti barattootni kee seerota afaniin hima walqixaa gara hima walqixaa waliigitaatti jijiiruu ni hubatu. Seerotni kunis bu'uraa fi kan baay'ee barbaachisoo tooftaalee hima walqixaa sadarkaa kamittu furuuf gargaarani dha. Seerota kana siritti beekuun, herrega hojjechuuf itti fufinsaan barattootaaf baay'ee barbaachisadha. Kanaafuu gaaffilee garaagaraa barattootni akka hoijjetan gochuun baay'ee barbaachisaa dha. Seerota kana hima walqixaa furuu keessatti akka hojii irra oolchaniif ni gargaara.

Deebii gocha 3.1

1. Yoo 2kg gama harka mirgaatti dabalam, gama harka bitaattis 2 kg dabalamuu qaba, akka madaalli hangaa wal madaaluuf. Haaluma walfakkaatuun yoo 3 kg gama harka mirgaa irraa hir'ate akkasuma gama harka bitaa irraa hir'achuu qaba. Kunis akka madaalli walmadaaluuf.
2. Deebiin gaafii (2) kan gaafii (1) waliin walfakkaata.

3.1.1 Furmaata himoota walqixaa sararaawoo hammattuu of keessaa qabanii.

Akkuma beekamu hammattuuun darbee darbee himoota walqixaa keessatti tartiiba qoyyabuu agarsiisuuf ni mul'atu. Barattootni himoota walqixaa kana furuu keessatti,

yemmuu dogoggordan ni mul'atu. Kanaafuu ibsamoota herrega keessatti gahee hammattuu sirritti ibsuu dha. Akkasumas barattootni amala qoyyabuu sirrii ta'e akka fayyadamuun fakkeenyaaaf amala jijiiraa iddo ida'uu fi baay'isuu, amala jijiiraa hammattuu ida'uu fi baay'isuu fi amala raabsamaa baay'isuun ida'uu irratti qabu. Hammattuu dhabamsiisuu danda'u gargaaruu dha. Gochi daree 3.2 barattoonni amaloota qoyyabootaa kanneen akkasii akka yaadatan (qalbeefatan) fi shaakalanif gargaaruu danda'a.

Deebii Gocha 3.2

1. a. Amala jijiiraa iddo ida'uu keessatti $a + b = b + a$
 Amala jijiiraa iddo baay'isuu keessatti $a \times b = b \times a$
 c. Amalli jijiiraa iddo hir'isuu keessatti hojii irra hin oolu
 Kunis $a - b \neq b - a$. Fakkeenyaaaf yoo $a = 1$ fi $b = 2$, ta'e
 $a - b = 1 - 2 = -1$ fi $b - a = 2 - 1 = 1$, kanaafuu $1 - 2 \neq 2 - 1$. Haaluma walfakkaatuun $a \div b \neq b \div a$ Fakkeenyaaaf $a = 1$ fi $b = 2$ yoo fudhanne $1 \div 2 = \frac{1}{2} \neq 2 \div 1 = 2$
2. a. Amala hammattuu
 Ida'uu keessatti $a + (b + c) = (a + b) + c$
 Baay'isuu keessattii $a(bc) = (ab)c$
 c. $-2 - 5 = -7, -2 - 5 - 3 = -7 - 3 = -10$
 Karaa gama biraa ammoo $5 - 3 = 2, -2 - (5 - 3) = -2 - 2 = -4$
 Kanaafuu, $-2 - 5 - 3 \neq -2 - (5 - 3)$
 Haaluma walfakkaatuun, $2 - 5 = -3, (2 - 5) + 3 = 0$
 Kanaafuu $(2 - 5) + 3 \neq 3 - (5 + 3)$
3. Amala raabsamaa baay'isuun ida'uu irratti qabu.
 $a(b + c) = ab + ac$ fi $(b+c)a = ba + ca$
 Dabalataan, fakkeenyota garaagaraa baay'ee fayyadamuun seerota armaan gadii hammattuu hambisuuf fayyadan irratti ibsi.
 $a - (b + c) = a - b - c$
 $a - (b - c) = a - b + c$
 $a + k(b - c) = a + kb - kc; a, b, c, k \in \mathbb{Q}$.

Barattootni seerotni armaan olii amala raabsamaa baay'isuun ida'uu irratti qabuu fi amala hammattuun ida'uu keessatti akka hubatan gargaaruu. Barattootni seerota armaan olitti baratan akka hojii irra oolchan jajjabeessuu fi qoyyaba amala wal fakkaata hammattuu fi hima walqixaa sararaawaa furuuf akka gargaaramu danda'an hubachiisuu.

Deebii gilgaala 3.1

1. i.
$$\begin{aligned} -(b - c) &= -1(b + (-1)c) && \text{(hiikoo hir'isuu irra.)} \\ &= -1(b) + (-1)(-1)c && \text{(amala raabsamaa)} \\ &= -b + c && \text{(sababii } -1(b) = -b \text{ fi } (-1)(-1) = 1 \text{ waan ta'eef)} \end{aligned}$$
- ii.
$$\begin{aligned} -(b + c) &= -1(b + c) \\ &= -1(b) + (-1)c && \text{(amala raabsamaa)} \\ &= -b - c \end{aligned}$$
- iii.
$$\begin{aligned} a(b - c) &= a(b + (-1)c) \\ &= ab + a(-1)c \dots \dots \dots && \text{(amala raabsamaa)} \\ &= ab + (-1)ac \dots && (a(-1) = (-1)a) \\ &= ab - ac \end{aligned}$$
2. i. $T.F = \{2\}$
- ii. $T.F = \{-2\}$, (Hub:T.F = Tuuta furmaataa)
- iii. $T.F = \{2\}$
- iv. $T.F = \left\{ \frac{1}{2} \right\}$
- v.
$$\begin{aligned} 6x + 3(4 - 2x) &= 0 \\ \Rightarrow 6x + 12 - 6x &= 0 \end{aligned}$$
- vi.
$$\begin{aligned} 4x - 2(3 - x) &= 6(x - 1) \\ 4x - 6 + 2x &= 6x - 6 \end{aligned}$$
- $\Rightarrow 0 + 12 = 0$
- $\Rightarrow 12 = 0$. Kun soba dha.
- $12 \neq 0$,
- $6x - 6x = 6x - 6$
- $6x - 6x = -6 + 6$
- $0 = 0$ kun dhugaa
- \therefore Tuutni furmaata = { }
- $\therefore T.F = Q$

3.1.2 Furmaata himoota walqixaa Sararaawoo Firaakshinoota ofi keessaa qabanii

Akkaataan furmaata himoota walqixaa firaakishinoota ofi keessaa qaban itti barbaadnu kan armaan olii irratti mari'anne, waliin tokkuma. Garuu firaakshinootni maxxantuu yookiin tarmoota hin jijjiiramne ta'anii argamu. Barattootatti akka salphatuuf

qoyyaboota bu'uura afraan firaakshinoota keessa deebii gochuu dha. Gochi 3.3 barattootni kan armaan olii akka yaadatanii hojjetaniif gargaara. Yeroo kana dandeettii barattootni qoyyaboota afraan firaakishinoota hojjachuu irratti qaban hubachuun adda baafachuun gaariidha. Dandeettii isaanii kana bu'uura godhachuun hamma barattootni firaakshinoota qoyyabuu danda'anitti deemuun gaarii dha. Keessa deebii kanatti aansuun barattootni himoota walqixaa sararaawaa maxxantuun jijiiramaa firaakshinii ta'e furuu akka shaakalan gargaari

Deebii gocha 3.3

1. a. $\frac{2}{5} + \frac{3}{5} = \frac{2+3}{5} = \frac{5}{5} = 1$
- b. $\frac{4}{7} - \frac{1}{7} = \frac{4-1}{7} = \frac{3}{7}$
- c. $\frac{2}{9} + \frac{5}{9} - \frac{1}{9} = \frac{2+5-1}{9} = \frac{6}{9} = \frac{2}{3}$
2. i. a. Hiramaan walii xiqqicha $(2, 5) = 10$
 b. Sababii $4 = 2^2$

$$6 = 2 \times 3$$

$$\text{fi } 3 = 3 \text{ ta'eef}$$

$$\text{hiramaa walii xiqqicha } (4, 6, 3) = 2^2 \times 3 = 12$$

 c. Sababii $12 = 2^2 \times 3$ fi $18 = 2 \times 3^2$

$$\text{H.W.X } (12, 18) = 2^2 \times 3^2 = 36.$$
- ii. a. Sababii hiramaan walii xiqqicha $(2, 5) = 10$ ta'eef.

$$\frac{1}{2} + \frac{3}{5} = \frac{1(5) + 3(2)}{10} = \frac{11}{10}$$

 b. $\frac{1}{2} - \frac{3}{5} = \frac{1(5) - 3(2)}{10} = \frac{-1}{10}$
 c. Sababii hiramaan waliixiqqicha $(12, 18) = 36$ ta'eef

$$\frac{-1}{12} + \frac{5}{18} = \frac{-1(3) + 2(5)}{36} = \frac{-3 + 10}{36} = \frac{7}{36}$$

 d. Sababii hiramaan walii xiqqicha $(4, 6, 3) = 12$, ta'eef

$$\frac{1}{4} + \frac{5}{6} - \frac{2}{3} = \frac{3(1) + 2(5) - 2(4)}{12} = \frac{3 + 10 - 8}{12} = \frac{5}{12}$$

3. Yaadadhu $\frac{a}{b} \times \frac{c}{d} = \frac{ac}{bd}$

a. $\frac{2}{3} \times \frac{3}{2} = \frac{\cancel{2} \times \cancel{3}}{\cancel{3} \times \cancel{2}} = \frac{1}{1} = 1$

b. $\frac{-3}{2} \times \frac{5}{4} = \frac{-3 \times 5}{2 \times 4} = \frac{-15}{8}$

c. $\frac{1}{2} \times \frac{3}{3} \times \frac{4}{6} = \frac{1}{2} \times \frac{4}{6} = \frac{4}{12} = \frac{1}{3}$

4. i. $m = \text{hiramaa walii xiqqicha } (4, 6, 3) \Rightarrow m = 12.$ Kanaafuu,

a. $\frac{3}{4}m = \frac{3}{4} \times 12 = \frac{3 \times 12}{4} = \frac{3 \times 3}{1} = 9.$ b. $\frac{-5}{6}m = \frac{-5}{6} \times 12 = \frac{-5 \times 12}{6} = -10.$

c. $\frac{2}{3}m = \frac{2}{3} \times 12 = \frac{2 \times 12}{3} = 8.$ d. $\left(\frac{1}{4}x + \frac{2}{3}\right)m = \frac{1}{6}m$

$$\Rightarrow \left(\frac{1}{4}x\right)(m) + \frac{2}{3}m = \frac{1}{6}m$$

$$\Rightarrow 3x + 8 = 2$$

$$\Rightarrow 3x = -6 \Rightarrow x = -2$$

ii. H.W.X (b, d) = $m = bd.$

Kanaafuu $\frac{a}{b} \times m = \frac{a}{b} \times bd = ad \dots (\text{intiijeerii dha})$

$$\frac{c}{d} \times m = \frac{c}{d} \times bd = bc \dots (\text{intiijeerii dha})$$

Hiramaa walii xiqqicha waamsisootaan baay'isuun lakkofsota firaakshinootaa intiijeerotatti geedara.

Deebii Gilgaala 3.2

1. $\frac{1}{2}x - \frac{3}{4} = 0$ gama lamaan hiramaa walii xiqqichaan $(2, 4) = 4$ baay'isuun.

$$\Rightarrow 4\left(\frac{1}{2}x - \frac{3}{4}\right) = 4 \times 0$$

$$\Rightarrow 2x - 3 = 0$$

$$\frac{2}{2}x = \frac{3}{2}$$

$$x = \frac{3}{2}$$

2. $\frac{x}{4} - \frac{x-3}{6} = 1$ gama lamaan H.W.X (4, 6) = 12 baay'isuun

$$\Rightarrow 12\left(\frac{x}{4} - \frac{x-3}{6}\right) = 12 \times 1$$

$$3x - (2x - 6) = 12$$

$$x + 6 = 12$$

$$x = 12 - 6$$

$$x = 6$$

3. $\frac{2x-1}{3} + \frac{3x+2}{8} = \frac{23}{24}$; H.W.X (3, 8, 24) = 24

$$\Rightarrow 24\left(\frac{2x-1}{3} + \frac{3x+2}{8}\right) = 24 \times \left(\frac{23}{24}\right)$$

$$8(2x - 1) + 3(3x + 2) = 23$$

$$16x - 8 + 9x + 6 = 23$$

$$25x - 2 = 23$$

$$\frac{25x}{25} = \frac{25}{25}$$

$$x = 1$$

4. $\frac{x+2}{9} - \frac{1}{3} = \frac{1-x}{3}$ H.W.X (9, 3, 3) = 9

$$\Rightarrow 9\left(\frac{x+2}{9} - \frac{1}{3}\right) = 9\left(\frac{1-x}{3}\right)$$

$$\Rightarrow x + 2 - 3 = 3(1 - x)$$

$$\Rightarrow x - 1 = 3 - 3x$$

$$\Rightarrow \frac{4x}{4} = \frac{4}{4}$$

$$\Rightarrow x = 1$$

5. $\frac{1}{2}(9-x) + \frac{1}{3}(2x+7) = \frac{5}{2}$ H.W.X (2, 3, 2) = 6

$$\Rightarrow 6\left[\frac{1}{2}(9-x) + \frac{1}{3}(2x+7)\right] = 6\left(\frac{5}{2}\right)$$

$$\Rightarrow 3(9-x) + 2(2x+7) = 3(5)$$

$$\Rightarrow 27 - 3x + 4x + 14 = 15$$

$$\Rightarrow x + 41 = 15$$

$$\Rightarrow x = -26$$

3.1.3 Himoota walqixaa sararaawootti fayyadamuun pirobileemota furuu

- Pirobileemii jechaan kenname hima walqixaa sararaawaa fayyadamuun furuuf tarkaafilee armaan gadii akka hordofan jajjabeessi.
 1. Pirobileemii jechaan kenname siritti hubachuu.
 2. Wantoota gaafataman hundaa tarreessuu (jijiiramtotaa fayyadamuun (x, y, z kkf)).
 3. Jijiiramatti fayyadamuun hima walqixaa hariroo hariroo wanta kennamee fi wantoota gaafataman ibsu barreessuu.
 4. Furmaata hima walqixaa barbaaduu.
 5. Deebiin sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu
 6. Deebii gaafichaa kan hiika qabu kennuu.
- Barattoota kee pirobileemota jechaan kennaman akka shaakalan jajjabeessi.

Furmaata Gocha 3.4

1. x' n lakkofsa kenname tokko yoo ta'e harki lama lakkofsa kanaa = $2x$, kan shaniin caalu ammoo $2x + 5$ kunis 21 ta'a. Bifa hima walqixaatiin yoo ibsamu

$$2x + 5 = 21$$

$$\frac{2x}{2} = \frac{16}{2}$$

$$x = 8$$

Kanaafuu, lakkofsi barbaadame 8 dha.

2. ℓ' n dheerina rektaagilii fi w ammoo dalgee isaa yoota'e dalgeen rektaangilii kanaa dheerina rektangilii kanaa irra sadii yoo xiqqaate jechuun.

$$w = \ell - 3$$

Naannoona rektaagilii = $2\ell + 2w$ innis 20cm dha.

Kana jechuunis $2\ell + 2w = 20$

$$\Rightarrow 2(\ell + w) = 20$$

$$\ell + w = 10$$

$$\ell + \ell - 3 = 10$$

$$2\ell - 3 + 3 = 10 + 3$$

$$\frac{2\ell}{2} = \frac{13}{2}$$

$$\ell = \frac{13}{2}$$

$$w = \ell - 3 = \frac{13}{2} - 3 = \frac{13-6}{2} = \frac{7}{2}$$

Kanaafuu, dheerinni $\frac{13}{2}$, dalgeen isaa ammoo $= \frac{7}{2}$ dha.

3. Kitaaba barataa irratti hojjetameera.

Deebii gilgaala 3.3

Mee x lakkofsa hin beekamne haa jennu. Himni kunis

$$12 + x = 3x$$

$$12 = 3x - x$$

$$\Rightarrow \frac{2x}{2} = \frac{12}{2} = 6. \text{ Kanaafuu lakkofsi hin beekamne kun } 6 \text{ dha.}$$

2. mee x = hamma lafa konkolaachisaan inni tokkoffaa qotu haa jennu.

y = hamma lafa inni lamaffaan qotu haa jennu.

z = hamma lafa inni sadaffaan qotu haa jennu.

Walummaa galatti hektaara 8.4 qotu jechuu dha.

$$\Rightarrow x + y + z = 8.4 \dots (1)$$

Inni lammaffaan isa tokkoffaa hektaara 0.8tiin caala, jechuun

$$y = 0.8 + x \dots (2)$$

kanas bakka y buusuu dhaan

$$x + 0.8 + x + z = 8.4 \dots (3)$$

Itti aansuun inni sadaffaan isa lammaffa hektaara 0.5 caala, jechuun

$z = 0.5 + (0.8 + x)$, $y = 0.8 + x$ fayyadamuu dhaan.

$$z = 1.3 + x \dots (4)$$

Gatii z kana bakka z hima walqixaa saddaffaa irratti kennname galchuun

$$2x + 0.8 + 1.3 + x = 8.4$$

$$2x + x + 2.1 = 8.4$$

$$3x = 8.4 - 2.1 = 6.3$$

$$\Rightarrow x = \frac{1}{3} \times \frac{63}{10} = \frac{21}{10} = \underline{2.1}$$

Tarkaafii 2^{ffa} fi 3^{ffa} keessatti fayyadamuun

$$y = 0.8 + 2.1 = 2.9$$


$$z = 1.3 + 2.1 = 3.4$$

Kanaafuu inni 1^{ffaan} lafa heektara 2.1 qota.

Inni 2^{ffaan} lafa heektara 2.9 qota.

Inni 3^{ffaan} lafa heektara 3.4 qota.

3. Daldalaan daatuu (dibaabee) argachuuf qarshii $3,250 + 25 = 3,275$ baasa. Gati kana tokko tokkoo daatuu 50 yoo goodne $3275 \div 50 = 65.5$ kanaafuu daldalaan kuni daatuu (dibaabee) tokkoof qarshii 65.5 kafala jechuudha. Kanaafuu dibaabee tokko irraa qarshii 2.50 buufachuu yoo barbaade gatiin gurgurtaa walqixa ta'a qarshii $65.50 + 2.50 = 68.00$
4. Rogootni lamaan rog-sadee ayisoosilasii walqixadha. Kanaafuu rogoonti kun x dha haa jennu akkasumas mee b'n dheerina hundee isaa bakka bu'a haa jennu. Kanaafuu $x = 1.5$ si'a dheerina hundeetti jechuun $x = 1.5b$



Naannowni rog-sadee kanaa 64 dha. Kanaafuu

$$x + x + b = 64$$

$$2x + b = 64$$

$$2(1.5b) + b = 64$$

$$3b + b = 64$$

$$\frac{4b}{4} = \frac{64}{4}$$

$$b = 16 \text{ fi } x = 1.5 \times b = 1.5 \times 16 = 24$$

Kanaafuu rogoonti lamaan tokkoo tokkoon isaanii 24 cm dha.

Rogni inni sadaffaan ammoo 16 cm dha.

5. Mee x = hamma qarshii tokkoon tokkoo barataa walitti buusan haa jennu. Baay'inni barattoota waliigalaa $20 + 18 = 38$. Qarshiin waliigalaa barattootni buufatanii $= 38x$.

Baay'ina dabalatan qarshii 100 itti gaafatamaan daree arjoomee dabalatee qarshii 2000. Kunis

$$38x + 100 = 2000$$

$$38x = 2000 - 100$$

$$\frac{38x}{38} = \frac{1900}{38}$$

$x = 50$. Kunis tokko tokkoon barattootaa qarshii 50 buufatan jechuu dha.

Baay'inni qarshii barattoota dubara $20n$ walitti qabame $20 \times 50 = 1000$ dha.

6. Mee x baay'ina ji'oota qusannoo bakka bu'a haa jennu. Qarshii 12 tokko tokkoo ji'aatti qusachuu jechuun $12x$ nuuf kenna. Baay'inni waliigalaa qarshii 14 dabalatee kan sanduuga qusannoo keessa ture dabalatee 110.

$$\text{Kunis } 12x + 14 = 110$$

$$12x = 110 - 14$$

$$\frac{12x}{12} = \frac{96}{12}$$

$x = 8$. Kanaafuu qarshii 110 qusachuuf ji'a 8 fudhata.

Madaallii

Madaalliin walitti fufiinsa qabu boqonaa kana keessatti raawachuun baay'ee barbaachisaa dha. Kunis barattootni hundi hima walqixaa sararaawaa furuu akka danda'an mirkanoeffachuu dha. Kanuma mirkanoeffachuuuf barattootaaf gilgaala kennuu, abbalitti kennuu, hojii barattootaa gamaaggamuu, furmaata barattootni kennan irra fuudhuun hojii barattoota sirrii ta'uuf dhiisuu ilaaluun (sororsuun) barattootaaf deebisuu. Battalee barattootaaf kennun ciminaaf dadhabina jiru barattoota waliin marii'achuun gaarii dha.

3.2 HIMOOTA WALCAALMAA SARARAAWAA CAALAATTI

Wayitiin ramadameef: wayitiin 10

Kaayyoowwan

- *mallattoo walcaalmaa $\geq fi \leq$ karaa sirriin fayyadamuuun furmaata ni kennu.*
- *himoota walcaalmaa sararaawaa maxxantuuun nagativii ta'e seera jiru hojii irra oolchuun ni furuu.*

Seensa

Golee kana keessatti akkaataa himootni walcaalmaa itti furaman ilaalla. Seerotni irra caalaa himoota walcaalmaa sararaawaa furuuf fayyadannu kan himoota walqixaa sararaawaa waliin tokkuma dha. Kanaafuu beekumsi barattootn himoota walqixaa sararaawaa irraa argatan golee kana keessatti barattoota ni fayyada.


Yaadannoo barsiisuuf gargaaran

Barannoo kana jalqabuuf barattootaaf gaafii hima walcaalmaa qabu kennun akka isaan ofiisaanii furmaata barbaadan gochu. Gochi 3.5 kan kenname sababii kanaafi dha. Gocha kana booda mallattoo wal caalmaan walbarsiisuu dha. “ $<$ ” “ \leq ” “ $>$ ” “ \geq ”.

Gaafilee gocha 3.5 keessatti kennaman hima walcaalmaan ibsi

Furmaata Gocha 3.5

1. Salphaa dha.



2. Salphaa dha. (Deebiin 35)

3. Mee x 'n umurii nama filannoo irratti hirmaachuu danda'u ti haa jennu. Akka abbaan kiyyaa jedhanitti xn yoo xiqlaate harka lama 9 ti. Kunis $x \geq 2 \times 9 = 18$ Kanaafuu umuriin nama filannoo irratti hirmaachuu danda'uu 18 yookiin isaa olii dha.
4. Mee $x =$ baay'ina dabtara bitamuu danda'amudha haa jennu, sababii gatiin dabtara tokko qarshii 7 ta'eef gatiin dabtara hundaa qarshii $7x$. Gatiin kunis qarshii qabduun oli ta'uu hin danda'u kunis $7x \leq 50$ kanaafuu, xn irra guddaa 7 ta'uu hindanda'u. Kunis baay'ina olaanaa dabtaroota qarshii 50n bitamuu danda'amu 7 dha.
5. Dabalataan ammoo qarshii 50 qofa qabda yoo ta'eef gatiin dabtara tokko qarshii 7 yoo ta'eef dabtara yaadannoo tokko kan gatiin isaa qarshii 12 bitachuun dirqama yoo ta'e gatiin dabtaroota x kana jechuun $7x + 12 \leq 50$

$$\Rightarrow 7x \leq 38$$

Kanaafuu dabtara 5 ol bitachuun hin danda'amu. Baay'inni inni olaanaan bitamuu danda'u 5 dha.

Seerotni hima walcaalmaa furuuf gargaaramnu seeroota hima walqixaa sararaawaa furuuf itti gargaaramnu waliin baay'ee walfakkaatu. Keessumayyuu seerotni hima wal caalmaa sararaawaa maxxantuun isaanii pootatiivii ta'an furuuf gargaaran kan hima wal qixaa waliin gosa tokko, mallattoo walqixaa mallattoo wal caalmaan bakka buusuu irra kan hafee. Barattootni tooftaa kana akka hubataniif gocha 3.6 akka hojjetam jajjabeessuudha.

Hojii garee 2 fi seerootni lamaan ergaa dhiyaatan booda, kunis

Seera 1: Amala ida'u fi hir'isuu

Seera 2: Amala baay'isuu fi hiruu lakkofsa pozativii fakkeenya baay'ee fudhachuu akkaataa itti furmaata hima walcaalmaa maxxantuun pozativii ta'e barbaadan irratti mari'achuun, barattoota jajjabeessuun barbaachisadha. Hima walcaalmaa sararaawaa kennname seerota kanatti gargaaramuun gara hima walcaalmaa waliigitaatti salphaatti sadarkaa sadarkaan hamma jijiiramaan qofatti hafutti furuu dha.

Hima wal caalmaa sararaawaa

Barattootni erga akkaataa itti himoota walcaalmaa sararawaa maxxantuun pozativii furuu hubatanii booda, barattootni seerri 2^{ffa} armaan olii, hima walcaalmaa sararaawaa maxxantuun nagatiivii ta'aniif hojii irra kan hin ooolee ta'u akka hubatan gargaaruu. Kanaafuu barattoota kee seera 2^{faa} gargaaramuun hima walcaalmaa maxxantuun nagativii akka hojii irra hin oolle kan hubachiisuudha. Yoo barattootni seera 2^{faa} akkuma jiruun hojiirra oolchan kan armaan gadii fakkaata.

$$-2x < 6$$

$$\frac{-2x}{-2} < \frac{6}{-2}$$

$$x < -3$$

Itti aansuun barattootni kee akka mirkaneessan gaafadhu. Fakkeenyaaf yoo $x = -4$ ta'e hima walcaalmaa jalqabaa irratti bakka $x = -4$ buusuu dhaan $(-2(-4)) < 6$

$$8 < 6 \text{ (kuni soba dha).}$$

Yeroo kanas barattootni seerri kan biraan akka barbaachisu adda baafatu. Yemmuu himni walcaalmaa sararaawaa maxxantuun nagativii nu mudatan fakkeenya garaagaraa fayyadamuun barattootni hima walcaalmaa sararaawaa gam lamaan hima wal caalmaa sararaawaa lakkofsa nagativii baay'isuun yookiin hiruun kallattii hima walcaalmaa ni jijiira. Fakkeenyaaf $0 < 3$ gama lamaan hima walcaalmaa kana $-1 < 0$ yoo baay'ifne $0 > -3$ arganna karaa biraam $-2 < 6$ gamni lamaan hima walcaalmaa yoo $-2 < 6$ hirame $\frac{-2}{-2} > \frac{6}{-2}$ yookiin $1 > -3$ arganna.

Barattootni gam lameen hima walqixaa lakkoofsa nagativiin yemmuu baay'isan yookiin hiran maal gochuun akka isaan irra eegamu ergaa hubatan booda, seeraa 3^{ffaa} ibsuu (beeksiisuu) waa'ee lakkoofsa nagatiiviin baay'isuu yookiin hiruu. Kanaan booda seera kana hima walcaalmaa maxxantuun nagativii ta'an furuun akka hojii irra oolchan gaafachuu dha. Fakkeenyaaf kan akka kitaaba barataa irratti kennamanii.

Furmaata Gilgaala 3.4

1. a. $2x - 5 < 3$, mandheen $\mathbb{W} = \{0, 1, 2, 3, 4, 5, \dots\}$
 $\Rightarrow 2x < 8$
 $\Rightarrow x < 4$

Kanaafuu, miseensa mandhee ta'ee kan kana dhugoomsu 0, 1, 2 fi 3 dha.
Kanaafuu tuutni furmaata T.F = { 0, 1, 2, 3 }

- b. $3x + 1 \geq 9 \quad x \in \mathbb{Z}$
 $\Rightarrow 3x \geq 8$
 $\Rightarrow x \geq \frac{8}{3} = 2.677\dots$

Miseensa \mathbb{Z} ta'ee kan hima walcaalmaa kennname kana dhugoomsu 3, 4, 5, 6
... Kan ittifufu, T.F = {3, 4, 5, 6, ...}dha.

- c. $-2x + 5 \leq 1, \quad x \in \mathbb{W} = \{0, 1, 2, 3, \dots\}$
 $\Rightarrow -2x \leq -4$
 $\Rightarrow x \geq 2 \quad \therefore \text{T.F} = \{2, 3, 4, \dots\}$

Haluma walfakkaatun furmaata armaan gadii argachuu dandeessa

- b. T.F = {−3, −2, −1, 0, 1, 2, ...}
 - c. $T.F = \left\{ x \in \mathbb{Q} / x > \frac{7}{5} \right\}$
 - d. $T.F = \left\{ x \in \mathbb{Q} / x \leq \frac{-9}{10} \right\}$
 - e. $T.F = \left\{ x \in \mathbb{Q} / x \geq \frac{-17}{2} \right\}$
 - f. $T.F = \{x \in \mathbb{Q} / x \geq 1\}$
2. a. $2x - 6 \leq -8, x \in \mathbb{W} = \{0, 1, 2, 3, \dots\}$
 $\Rightarrow 2x \leq -2$
 $\Rightarrow x \leq -1$

Miseensa \mathbb{W} ta'ee kan irra xiqqaa -1 ta'e hin jiru. Kanaafuu tuutni furmaata tuuta duwwaa dha.

Yookiin T.F = { }dha.

b. $x - 2(1 - 2x) \geq 3x, x \in \mathbb{Z} = \{\dots, -2, -1, 0, 1, 2, \dots\}$

$$\Rightarrow x + 4x - 2 \geq 3x$$

$$\Rightarrow 5x - 3x \geq 2$$

$$\Rightarrow 2x \geq 2$$

$$\Rightarrow x \geq 1. \text{ Kanaafuu T.F} = \{1, 2, 3\dots\}$$

c. $-2x + 1 < 4 \left(\frac{1}{3} - \frac{1}{2}x \right), x \in \mathbb{Q}$

$$-2x - 1 < \frac{4}{3} - 2x$$

$$-2x + 2x < \frac{4}{3} - 1$$

$$0 < \frac{1}{3}. \text{ Kun dhugaa dha.}$$

Kanaafuu T.F = $\mathbb{Q} = \{x | x \in \mathbb{Q}\}$

Kanaafuu tuutni furmaataa kan dhuma hin qabne dha.

d. $2x - 10 \leq -1, x \in \mathbb{W} = \{0, 1, 2, 3, \dots\}$

$$\Rightarrow x \leq \frac{9}{2}$$

Kanaafuu miseensotni \mathbb{W} kanneen hima walcaalmaa kana dhugoomsan 0, 1, 2, 3, 4. Kanaafuu tuutni furmaata = $\{0, 1, 2, 3, 4\}$. Kunis tuuta.

e. $-3x + \frac{1}{2} \leq \frac{1}{4}x, x \in \mathbb{Z} = \{\dots, -1, 0, 1, 2, \dots\}$

$$x \geq \frac{2}{13} \text{ kanaafuu T.F} = \{1, 2, 3, \dots\}$$

f. $3x - 2 \geq -3(2 - x), x \in \mathbb{W} = \{0, 1, 2, \dots\}$

$0 \geq -4$ kunis dhugaa dha. miseensa lakkoofsa hundaaf $x \in \mathbb{W}$ kanaafuu, T.F = \mathbb{W} .

3. Mee lakkoofsi hunda kenname x haa jennu. Dachaan isaa $2x$ dha. Shan yoo irratti dabalamé 12 gadi kan jehdu

$$2x + 5 < 12$$

$$2x + 5 - 5 < 12 - 5$$

$$2x < 7$$

$$x < \frac{7}{2} = 3\frac{1}{2}$$

Kanaafuu, T.F = {1, 2, 3}

4. Mee gatiin lukku x yoo ta'e $35x + 82 \leq 300$

Deebii lukkuu 6 bitachuun danda'a.

Madaallii

Golee barannoo kana keessatti yeroo hundaa barattootni yoo xiqlaate maal barachuu akka qaban tilmaamuun, tilmaama kanas bifaa gaafii mirkaneefachuu dha. Barattootni himoota walcaalmaa sararaawaa akka furan gaafilee gaafachuu, dabalaataan abbalitti kennuun himoota walcaalmaa kanneen maxxantuun poozatiivii, nagatiivii ta'an kennuun furmaata akka barbaadan gaafachuu, hojii barattootaa ilaaluun sororsuun barattootaaf deebisuu, deebii sirrii kennu dha.

3.3 SIRNA KO'ORDINEETII DIRIIROO

Kaayyoowwan

Dhuma barannoo kana booda barattootni

- qarxilee afran sirna ko'ordineetii diriiroo fi handhuura, ko'ordineetii x fi ko'ordineetii y agarsiisuun ni ijaaru.
- tuqaalee kennaman ko'ordineetii diriiroo irratti ni agarsiisu.
- tuqaalee sirna ko'ordineetii irratti kennaman ni dubbisu.
- himoota walqixaa kennamaniif giraafii isaanii sarara qajeelaa himni walqixaa isaa bifaa armaan gadii qabu ni ijaaru

$$y = a$$

$$y = mx$$

$$x = b$$

- himoota walqixaa tuuta cimdilee tartiin kenname ko'oordineetii waliin walitti fiduun ni ibsu.
- tuqaalee ko'oordineetiin isaanii kennameef sarara hima walqixaa tuqaalee kana keessa darbuu ni ijaaru.

Seensa

Lammii biyya Faransaayii kan ta'e Reenee - Diskaartees kan jedhamu (1596 - 1650) mala tuqaalee diriiroo irratti fageenya sararoota lamaan gidduutti argamu fayyadamuun

argate. Malli kunis salphaa fi faayidaa qabeessa ture. Hanga ammattis hin jijiiramne, Malli kunis sirna ko'ordineetii diriiroo jedhama.

Kutaa barannoo kana keessatti kaayyoon jalqabaa barattootni tuqaalee sirna ko'ordineetii irratti argaman dubbisuu akka danda'ani dha.

Yaadannoo Barsiisuf gargaaran

Jalqaba barannoo kana keessatti barattoota kee daddamaqsuun, jajjabeessuun tuqaalee danaa irratti kennaman dabtara isaanii irratti akka garagalfatan gochuu dha. Gochi 3.7 kitaaba barataa irratii kenname kanumaaf yaadameeti. Gochi kunis barattootniakkamiin akka dubbisanii fi tuqaalee kennamanakkamiin diriiroo irratti agarsiisuu akka danda'aniif gargaara kanaan booda barattootniakkamiin laccofsotni tuqaalee sarara irratti argaman agarsiisuuf nu fayyadan gorsuu.

Laccofsotni sarara kana irraa (nagatiivii, 0, poozatiivii) kunis tuqaalee sararoota irraa agarsiisuuf fayyada. Sararri kunis ko'ordineetii jedhama. Sarara laccofsaa irratti ko'ordineetii ijaaruun barattootni laccofsota tuqaalee sarara irratti argamanii akka walitti firoomsan gaafachuu.

Ergaa waa'ee ko'ordineetii keessa deebii godhamee booddee haaluma wal fakkaatuun ko'ordineetii diriiroo cimdiilee tartii qaban ijaaruu (x, y) tuqaalee diriiroo irratti agarsiisuuf sararoota waliif parpandikulaarii ta'an lamaan fayyadamuudhaan. Sararri laccofsa dalgaa yeroo hundaa siiqree - x jedhama. Sararri laccofsa olee yeroo hundaa siiqree - y jedhama. Kanaan booda barattootniakkamiin ko'ordineetii tuqaa kenname akka dubbisuu danda'an shakalchiisuu, akkasumas tuqaalee kennaman ko'ordineetii irratti akka mul'isan gaafachuudha.

3.3.1 Qarxiilee Afran ko'ordineetii diriiroo

Barattootni kee siiqqeewan sirna ko'ordineetii lamaan laccofsota bakka afuritti qooda. Qoqqodamni kunis Qarxiawan (kuwaadraantota) jedhamuu isaanii akka hubatan gochuun, tokko tokkoo qarxiilee keessatti barattootni ko'ordineetiin (x, y) tokko tokko qarxii keessatti nagatiivii yookiin poozatiivii ta'uu isaan akka ibsan gaafachuu dha. Barattotni gara yaada qarxii tokkoffaa keessatti ko'ordineetiin lamaanuu pozativii ta'uu akka hubatan gargaaruu. Qarxii lammaffaa keessatti ko'ordineetiin - x nagativii yemmuu ta'u ko'ordineetiin - y ammo pozativii dha.

Ko'ordineetotaa fi Sararoota Qajeeloo

Golee kana barattootni gocha 3.7 akka jalqaban gaafachuu. Gochi kunis barattootni tuqaalee kanatti gargaaramuun sarara dagalee ko'ordineetiin y - hin jijiiramnee ta'e


mul'isuu ($y = 3$) akkasumas sarara ol-gadee ko'ordineetiin isaa hin jijiiramnee ($x = 3$) ni mul'isuu. Barattootni yoo sirriitti shaakalan gocha kana irraa tuqaalee hunda ko'oordinateetiin y - hin jijiiramnee ($y = 3$) garuu ko'oordinateetiin x lakkofsa raashinaalii mara kan fudhachuu danda'u yoo ta'e tuqaaleen kun sarara $(0, 3)$ keessa darba. Gochi kuni barattootni yaada waliigalaa kan $x = 3$ akka argatan gargaara.

Gocha 3.7 barattootni ergaa hoijjetan booda barattootni sarara dagalee $y = c$ akka ijaaran gaafachuu $c \in \mathbb{Q}$ fi sarara olgadee himni walqixaa isaa $x = c$ fudhachuu dhaan akka ijaaran gaafadhu, kanaafis gabatee gatii bakka kanneen gatii x fi y dhugoomsan ijaaruun gatiwwan kanatti gargaaramuun sarara gaafatame ijaaruun ta'a.

Dhuma barannoo kanaan booda barattootni yaada waliigalaa $y = c$ yoo $c \in \mathbb{Q}$ ta'e hima walqixaa sarara dalgee siqqee y bakka $(0, c)$ ti qaxxamuru dha. Akkasumas $x = c$, $c \in \mathbb{Q}$ ta'e hima walqixaa sarara olgadee siqqee x - bakka $(c, 0)$ qaxxamuru dha.


Furmaata Gocha 3.8

1. a



Tuqaalee diriiroo irratti agarsiifaman bitaa gara mirgaatti cimdiilee tartii kennaman tartiibaan bakka bu'a.

1. c yoo tuqaalee hundi ko'ordineetiin $y = 3$ ta'e garuu ko'ordineetiin x - ammoo lakkofsota raashinaalii mara ta'e lakkofsotni kun danootan mul'atu. Sarara dalgee tuqaalee kan akka $(0, 3)$ fi $(1, 3)$ keessa darbaa



Tuqaaleen diriiroo lakkoofsa irratti mul'ifaman cimdilee tartii kennamaniin bakka bu'u gadii jalqabee hanga olitti.

2. Yoo tuqaalee hunda ko'ordineetiin x isaanii hundi $x = 3$ ta'e garuu ko'ordineetiin y - lakkoofsota raashinaalii mara ta'e, tuqaaleen kun sarara olgadee $(3, 0)$ fi $(3, 1)$ keessa darbuu irratti baay'ee danatu.

Itti aansuudhaan barattootni kee hima walqixaa hundhuura keessa darbuu akka hubatanii fi itti fayyadamanii dha. Waa'ee piroopooshinaalummaa kallatti wantoota lamaanii irratti mar'achuudha. Kanas kitaaba barataa irratti kan dhiyaatee pirooppooshinaalummaa kallattii fageenya konkolaatan deemamee fi yeroo fageenya kana xumuruuf itti fudhatee ilaluun barbaachisa dha. Kanneen itti gargaaramuuun barattoota gorsuudha. Barattootni pirooppooshinaalummaa kallattii wantoota lamaa akka hubataniif yoo $\frac{y}{x} = m$ hin jijjiiramnee $m \neq 0$ kunis $y = mx$ ta'ee dha.


Erga pirooppooshinaalummaa wantoota lamaa irratti mari'atan booda barattootni sarara himniwalqixaa isaa $y = mx$, $m \in \mathbb{Q}$, $m \neq 0$ ta'uu isaa tarkaanfilee armaan gadii ibsuudhaan hubatu.

1. Gabatee gatii bakka ijaaruun kunis lakkoofsa muraasa ko'ordineetii x - filachuun fageenya $x_1 = -2$, $x_2 = -1$, $x_3 = 0$, $x_4 = 1$, $x_5 = 2$ fi hima walqixaa $y = mx$ gargaaramuuun ko'ordineetii y (y_1, y_2, y_3, y_4, y_5) tartiiban barbaadu dha.
2. Tuqaalee $(x_1, y_1), (x_2, y_2) \dots (x_5, y_5)$ kana diriiroo lakkoofsa irratti mul'isi.
3. Sarara tuqaalee kana keessa darbu ijaari.

Furmaata Gilgaala 3.5


1. $A = (4, 4)$, $B = (2, 3)$, $C = (0, 2)$, $D = (-1, 1)$, $E = (-2, 4)$, $F = (-2, 0)$,
 $G = (-3, -3)$, $H = (0, -1)$, $I = (1, -2)$, $J = (3, -1)$ fi $k = (3, 0)$

2.




3. A fi Bn Qarxii 1^{ffaa} keessatti argamu
 D fi E Qarxii 2^{ffaa} keessatti argamu
 G fi H Qarxii 3^{ffaa} keessatti argamu
 J fi K Qarxii 4^{ffaa} keessatti argamu
 L fi F siiqgee x - irratti argamu
 C fi I siiqgee y - irratti argamu.

4. a.




- b. $y = 0$ aksiisii x dha.
 c. $x = 0$ aksiisii y dha.


d.




e.




f.



g. $y - x = 0 \Rightarrow y = x$




h.



5. Jalqaba Y'n piroopporshinaalummaa kallattii x ta'uusaa mirkaneessuun, kunis tokko tokkoo cimdilee tartii (x, y) 'f, $\frac{y}{x} = m$ ta'uu isaa mirkaneessuu.

- $(-3, -1) \Rightarrow \frac{-1}{-3} = \frac{1}{3}$
- $(3, 1) \Rightarrow \frac{1}{3} = \frac{1}{3}$
- $(6, 2) \Rightarrow \frac{2}{6} = \frac{1}{3}$
- $(9, 3) \Rightarrow \frac{3}{9} = \frac{1}{3}$

Kanaafuu, tokko tokko cimdilee tartii (x, y) $m = \frac{1}{3}$ kunis $y = \frac{1}{3}x$ hima walqixaa sarara ti.



Madaalli

Madaalli walitti fufiinsa qabu gaggeessuun marii gochuu, hojii daree, abbalitti kennuun hojjetanii akka dhiyeessan gaafachuu dha. Hojii barattoota sororsuun deebii sirrii barattootaaf kennuu dha. Battalee kennuunis barbaachisa dha. Walummaa galatti kutaa barannoo kana ilaachisee gaafilee armaan gadii barattoota kee gaafadhu.

- Ko'ordineetii tuqaa kenname ibsi
- Tuqaalee kennaman ko'ordineetii diriirroo irratti mul'isi
- Tuqaalee kennaman Qarxiilee kam keessatti akka argaman adda baafadhu.
- Sararoota himni walqixaa isaanii

$$x = a \text{ (sarara dalgee)}$$

$$y = b \text{ (sarara olgadee)}$$

$$y = mx \text{ (sarara handhuura keessa darbuu) ta'uu isaanii gaafadhu.}$$

$$\text{Yoo } a, b, m \in \mathbb{Q} \text{ ta'an, } m \neq 0$$

Furmaata Gilgaala Keessa Deebii Boqonnaa 3^{ffa}

1. a. $T.F = \{1\}$ e. $T.F = \text{Tuuta lakkofsa raashinaatii } (\mathbb{Q})$

b. $T.F = \{9\}$ f. $T.F = \{3\}$

c. $T.F = \{2\}$ g. $x = 2 - 2 [2x - 3(1 - x)]$

d. $T.F = \{ \}$ $\Rightarrow x = 2 - 2 [2x - 3 + 3x]$

$\Rightarrow x = 2 - 2 (5x - 3)$

$\Rightarrow x = 2 - 10x + 6$

$\Rightarrow 11x = 8$

$\therefore T.F = \left\{ \frac{8}{11} \right\}$

2. $F = \frac{9}{5}c + 32$, fi $F = 68^\circ$

$\Rightarrow 68 = \frac{9}{5}c + 32$

Kana irraa $c = 20$ arganna.

\therefore Teempireecharri $20^\circ C$ dha.

3. Mee x = hamma qarshii tokko tokkoon barataa buufatu haa jennu, kanaafuu barattootni 35 Qarshii $35x$ buufatan (walitti fidan) kun 250 walitti dabalambee 695 ta'a kunis

$35x + 250 = 695 \Rightarrow x = 12.72$

Kanaafuu tokko tokkoon barataa Qarshii 12.72 walitti fidan jechuu dha.

4. Mee x = hamma tokko tokkoon barataa kafalu haa jennu.

y = hamma tokko tokkoon barsiisaa kafalu haa jennu.

Kanaafuu $20x + 5y = 350$ garuu $y = x + 10$

Kunis $20x + 5(x + 10) = 350$

$25x + 50 = 350$

$\frac{25}{25}x = \frac{300}{25}$

$x = 12$ fi $y = 12 + 10 = 22$ dha.

Kunis tokko tokkoon barattoota Qarshii 12 fi tokko tokkoon barsiisaa Qarshii 22 kafalan jechuu dha.

5. Mee $x = \text{hamma humna ibsaa fayyadamne}$ (kwh tiin) haa ta'u kunis
 $1 \text{ kwh} = \text{saantima } 40 \text{ dha} = 0.40 \text{ kaffaltiin} \times \text{kwh Qarshii}$ $0.4x$ ta'a kaffalitti tajaajila waliin $0.4x + 10$ ta'a kaffalitti inni guddaan 40

$$0.4x + 10 \leq 40$$

$$0.4x \leq 40 - 10$$

$$0.4x \leq 30$$

$$4x \leq 300$$

$$x \leq 75 \text{ kwh}$$

kanaafuu hammi humna ibsaa fayyadamtee inni guddaan 75 kwh dha.

6. a. $T.F = \{0, 1, 2, \dots, 8\}$ b. $T.F = \left\{ x \in \mathbb{Q} / x \geq \frac{5}{4} \right\}$
 c. $T.F = \{ \}$ d. $T.F = \left\{ x \in \mathbb{Q} / x \leq -\frac{1}{2} \right\}$
 e. $T.F = \text{Tuuta lakkofsa raashinaalii dha } (\mathbb{Q})$.
 f. $T.F = \{x \in \mathbb{Q} / x \geq -24\}$
 g. $T.F = \{ \}$
7. Tuqaa P(x, y) ko'ordineetii diriiroo irra yoo ta'e pn Qarxii, siiqqee kami irratti argama.
- a. $x > 0 \text{ fi } y > 0 \Rightarrow P(x, y)$ Qarxii 1^{ffaa} keessatti argama.
 b. $x < 0 \text{ fi } y < 0 \Rightarrow P(x, y)$ Qarxii 3^{ffaa} keessatti argama.
 c. $x > 0 \text{ fi } y < 0 \Rightarrow P(x, y)$ Qarxii 4^{ffaa} keessatti argama.
 d. $x < 0 \text{ fi } y > 0 \Rightarrow P(x, y)$ Qarxii 2^{ffaa} keessatti argama.
 e. $x = 0 \Rightarrow P(x, y)$ siiqqee y - irratti argama.
 f. $y = 0 \Rightarrow P(x, y)$ siiqqee y - irratti argama.
8. Salphaa dha.(Barsiisa, akka barattoonni hojjatan gargaari)


$$9. \quad \text{Mee } (x, y) = (-8, 6) \Rightarrow \frac{y}{x} = \frac{6}{-8} = \frac{-3}{4} = (-4, 3)$$

$$\Rightarrow \frac{y}{x} = \frac{3}{-4} = \frac{-3}{4} = (8, -6) \Rightarrow \frac{y}{x} = \frac{-6}{8} = \frac{-3}{4}$$

Kanaafuu tokko tokkoo (x, y) $\frac{y}{x} = \frac{-3}{4}$

$$\Rightarrow y = \frac{-3}{4}x \text{ hima walqixaa sararaa ti}$$

$$y = \frac{-3}{4}x$$



BOQONNAA DANAALEE WALFAKAATOO

SEENSA

Boqonnaan kuni kaayyoo ijoota'an sadii qabatee jira. Inni jalqabaa barattootni yaadrimee danaalee walfakkaatani fi tarmoota kanaan walqabatan akka beekan gochuu. Inni lamaffaan ammoo barattootni haala itti rog-sadootni lama walfakkaatoo ta'uu danda'an ni hubatu, akkasumas inni sadaffaan ammo barattootni rog sadootni lama walfakkaatoo dha yookiin miti jechuuf ragaadhaan ni mirkaneessu. Barattootni jirenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti meeshaalee garaagaraa kanneen boca gosa tokko qaban garuu hamamtaan adda ta'an ilaaluun ni danda'u. fakkeinyaaf Gammaa konkolaata xiqqaa fi guddaa yookiin suurraa xiqqoo yookiin kan guddateeru kan nama tokko yookiin Iskuweerii guddaa fi xiqqaa yookiin reektaangiloota lama kanneen hamamtaa adda addaa qaban.

Boqonnaa kana keessatti barattootni wantoota lama ilaaluun lamaanu boca gosa tokko qabu garuu hamamtaa adda ta'e qabu fi walfakkaatu jechuun seera qabeessatti boqonnaa kana keessatti karaa itti danaalee walfakkaatoo ta'aniif ta'u dhabau ni baratu.

Kaayyoo Gooroo

Xumura boqonnaa kanaan booda barattootni

- *yaadrimee danaalee walfakkaatoo fi kan isaan waliin hariiroo qaban ni beeku.*
- *haalota itti rog-sadootni walfakkaatoo ta'an ni hubatu.*
- *rog-sadootni kennaman lamaan walfakkaatoo ta'uu fi ta'uu dhabuu isaanii ragaan ni mirkaneefatu.*

Boqonnaa kana barsiisuuf meeshaaleen deeggarsaa barbaachisan.

Sarartuu, kompaasii, pirootiraakterii, chartoota danaalee cimdii garagaraa argisiisuu.

- Footogiraafii guddatee yookiin xiqlaatee kan jiru.

4.1 DANAALEE DIRIROO WALFAKKAATOO

Waayitiin kennname: 8

Kaayyoowwan

- *danaalee walfakaatoo addaan ni baafatu.*
- *yaadrimee danaalee walfakaatoo ni ibsu.*
- *danaa kennname iskeelii kennameen guddisanii ni fakkeessu.*
- *danaa kennname iskeelii kennameen xiqlaatee ni fakkeessu.*

Tarmoota Ijoo

Danaalee walfakaatoo kofoota walittidhufoo, Rogoota walitti dhufu (walitti galumma piroopporshinaalitii)

Seensa

Barnoota kana keessatti barattootni hiikaa danaalee wal fakkato kennutu irra eegama. Hiikoo danaalee walfakaatoo utuu hin kennin dura barannoo kana jalqabuuf barattootni danaalee cimdiin kennaman akka ilaalan gaafachuun gocha 4.1 irra jiru walfakaatoo ta'u fi ta'u dhabuu isaanii murteessi muuxannoo gocha kana irraa argateen fi marii gochatti aanee gootaniin booda, hiikoon rogbaay'oota walfakaatoo kennuu ni dandeessu.

Yaadannoo Barsiisuuf gargaaran

Kutaa Boqonna kana bakka lamatti qoodama. Inni jalqaba waa'ee danaalee walfakaatoo yemmuu ta'u, inni lamaffaan ammoo waa'ee danaalee kennname iskeelii kennameen guddisu yookiin xiqlaatee dha.

4.1.1 Hiikaa fi Danaalee walfakaatoo Agarsiisuu

Barnoota kana keessatti barattootni waa'ee danaalee walfakaatoo maal akka hutbatan gaafachuun, fakkeenya danaalee walfakaatan muuxannoo argatan irra akka siif kennan gaafadhu. Bartoota akka isaanii gocha 4.1 hojjetan jajjabeessi, garee dhaan yookiin dhuunfaan ta'u ni danda'a, maal akka hubatanis akka mar'atan carraa kenniif. Yemmuu

danaalee cimdii ilaalan waa'ee kofoota walitti dhufooti fi rogoota waliif piroopporshinaalii ta'an fakkeenya kitaaba barataa irratti kennaman fayyadamuun yookiin fakkeenya kan ofii kee kenuun gaafadhu. Hiikoo rog-baay'ee walfakaatoo kenuun barattootni akka hiikoo kana hubataniif fakkeenya kitaaba barataa irraa yookiin kan ofii kee fayyadam. Ergaa hiikoo rog-baay'ee walfakaatoo hubatanii booda, barnoota kee duubatti deebi'uun gocha 4.1 deebii tokko tokkoo rog-baay'eef akka ibsan gaafadhu.

Deebii Gocha 4.1

- a. Iskuweerotni lama walfakaatoo dha, sababii kofootni walitti dhufoon walitti galoo waan ta'aniif (hundinu kofa sirrii dha) fi rogoontni walitti dhufoon piroopporshinaalii waliiti.
- b. Rog-sadootni lama walfakaatoo dha sababii kofootni walitti dhufoon walitti galoo (tokko, tokkoon isaa 60°) rogoontni piroopporshinaalii ta'an reeshoo gosa tokko qabu.
- c. Rog-sadootni kofa sirrii lama walfakaatoo miti sababii odeefannoon dabalataa kofoota hafani hin jireef akkasumas waa'een rogootas akkanuma.
- d. Kofootni walitti dhufoon walitti galoodha (hunduu kofa sirrii dha) waa'ee rogoota wanti kennname hinjiru. Kanaafuu reektaangilootni lamaan walitti galoodha jechuun hin danda'amu.
- e. Regular Heeksaagoniin kennaman lamaan walfakaatoo dha, sababii kofootni walitti dhufoon walitti galoo ta'aniif (tokko tokkoon 120° dha) fi reeshoon rogootas piroopporshinaalii dha.

Ergaa fakkeenyota itti aananii jiran irratti mari'aatnii booda, hiikoo rog-baay'ee walfakaatoo kitaaba barattoota fi fakkeenya ofii kee fudhachuun, barattoota jajjabeessuu daree keessatti akka hojjatan gochuu fi gartokkee manaatti akka hojjatan gochuu. Ergaa barattootni gaafii yaalanii booda gaafilee gilgaala 4.1 deebii sirrii barattootaaf kennuu irraanfachuu hin qabdu.


Deebiiwan Gilgaala 4.1

1. Rog-sadootni walfakaatoon walitti galoo dha, sababiin hiikoo rog-sadoota walitti galoo ta'ani, kofootni walitti dhufoon walitti galoo dha. Dabalatan ammo sababii rogoontni walitti dhufootni walitti galoo ta'aniif reeshoon isaanii tokko dha.

2. Hiikoo rogootni sdeen rog-sadee ikulaateraalii walitti galoodha. Kanaafuu reeshoon rogoota walitti dhufoo rog-sadee ikulaataraalii lama dhaabataa dha. Dabalatan ammo tokko tokkoon kofoota rog-sadee ikulateraalii safari isaanii 60° dha. Kofootni walitti dhufoo rog-sadoota lamaan walitti galoo dha.
3. Hiikoo fi amaloota paraalleloogiraamii irraa, rogootni waliif fullee waliif tarree fi walitti galoo dha. Kofootni waliif fullee walitti galoodha, saarbiwwan paraalleloogiraamii tuqaa walakkeessa walii isaanii irratti walqaxxamuru. Kanneen armaan gadii akka salphaan agarsiisuu dandeenya
- $\Delta POQ \cong \Delta ROS$
 - $\Delta POS \cong \Delta ROQ$
 - $\Delta PSR \cong \Delta RQP$
 - $\Delta PSQ \cong \Delta RQS$


Rog-sadootni walitti galoon walfakkaatoodha. Rog-sadootni cimdii afran armaan olii walfakkaatoo dha.

4. a. miti, sababii kofootni walitti dhufoo walitti galoo ta'uu dhiisuu waan danda'anii fi rogootni walitti dhufoon piroopporshinaalii walii ta'uu dhiisuu ni danda'u, yoo rog-sadootni lamaan ayisoosilasii ta'an. rog-sadoota ABC fi DBC armaan gadii ilaali $AB \cong AC$ and $DB \cong DC$ rog-sadootni lamaanuu ayisoosilaasii dha, garuu walfakkaatoo miti sababii kofootni walitti dhufoon walitti galoo miti fi rogootni walitti dhufoon proopporshinaalii waliimiti



$$\text{Hubadhu } \frac{AB}{DB} = \frac{AC}{DC} \text{ garuu } \frac{AB}{DB} \neq \frac{BC}{BC} = 1$$


- b. miti, sababii kofootni walitti dhufoon walitti galoo ta'aniyyuu rogootni walitti dhufoon walitti galoo ta'uu dhiisuu ni danda'u akka fakkeenya armaan gadiin agarsiisameen.




Reektangiliin ABCD fi PQRS kofoota walitti galoo qabu garuu rogootni walitti dhufoon walif piroopporshinaalii miti.

5. Dheerinni rogoota walitti dhufoo rog-afree isa lamataa S_1, S_2, S_3 fi $S_4 = 12 \text{ sm}^2$ haa jennu, kanaafuu $\frac{S_1}{3} = \frac{S_2}{5} = \frac{S_3}{7} = \frac{S_4}{9} = \frac{12}{9}$. Yoo S_1, S_2 fi S_3 fi shallagnu $S_1 = 4 \text{ cm}^2$, $S_2 = 6.67 \text{ cm}^2$ fi $S_3 = 9.34 \text{ cm}^2$ ta'a.
6. Mee ΔABC rog-sadee kenname dha haa jennu. Rog-sadee ΔABC walfakkaatu ijaaruuf sararoota tokko tokkoo ΔABC waltarree ta'an kaasuun gahadha. Akka fakkeenya armaan gaditti agarsiifame.

i.




D



Yoo $\overline{DE}, \overline{EF}$ fi \overline{DF} waltarree $\overline{AB}, \overline{BC}$ fi \overline{AC} ta'an tartiiban kaasaman rog-sadeen ΔABC fi ΔDEF walfakkaatoodha. Akkasumas ΔDEF rog-sadee ABC irra guddata.

- ii. Rog-sadeen xiqoon ΔABC walfakkaatu fakkeenyuma kana faana bu'uun kaafamuun ni danda'ama.
7. Malli lakkofsa 6^{ffaa} armaan olii irratti gargaaramne isa kana irratti gargaaramu ni dandeenya; garuu fageenyi sararoota kaafamani tartiiba rogootan waliqixa ta'u qabu akka fakkeenya armaan gadii



- i. Yemmuu sararri waltarree ta'e reektaangiliin alaan kaafamu, reektaangiliin argamu PQRS irra guddaa ABCD ti
- ii. Yemmuu sararrii waltarree ta'e reektaangiliin kennname keessatti kaafamu reektaangiliin argamu irra xiqqa ABCD ti yoo dhaabgiteessa iskeelii tartii yookiin gaafii hamami guddata yookiin hamami xiqqaata deebi'a ta'e malli isaa kutaa dufu keessatti dhiyaata (4.1.2) kunis hojii irra oola.
8. Miti sababii rogootni waliif cinaachaa reektaangili haaraa $\frac{4}{6}$ fi $\frac{6}{8}$ yuunitii dha yemmuu reeshoo rog-sadoota walitti dhufuu ilaalluu $\frac{4}{6}$ fi $\frac{6}{8}$ arganna kunis walqixa miti

4.1.2 Dhaab-giteessa Iskeelii tartii fi piroopporshinaalummaa

Barnoota kana barattootni waa'ee daana kennname guddisuu fi xiqqeessu maal akka beekan gaafachuun eegaluu, fakkeenyaaf suura guddaa fi xiqqa kan maxxansameeruu fundhachuun ni danda'ama. Kanaan booda barattootni gocha 4.2 akka hojjetan jajjabeessuun rog-sadee kennname dhaab-gitteessaa iskeelii 2'n akka guddisiif. Jalqaba ΔABC dabtara yaadannoo irratti garagalchuun kanaan booda sadarkaa sadarkaadhaa akka ofi isaanii hejjetan gaafachuu.

- Barattootni yemmuu safaran akka hin dogoggoreef gorsuun barbaachisaa dha. Sababii yemmuu safaraa yoo dogoggoran gara yaada dogoggoraa waan geessuuf.
Eerga barattootni safaranii xumuranii booda barattootni safaran wanta argatan irratti akka mari'atan jechuun waa'ee kofoota walitti dhufuu fi rogoota waliif piroopporshinaalii ta'an ABC fi A'B'C'. yoo safarri barattootni argatan sirii ta'e kofootni walitti dhufoon piroopporshinaalii walii ta'u itti himi.
- Fakkeenya kitaaba barataa irratti kennaman fayyadamuun yaadicha cimsuu yookiin fakkeenya mataa kee gargaaramu dandeessa. Dhuma barnoota kana irratti barattootni waa'ee reektaangiliin kennname ABCD dhaab-giteessa iskeelii

tartii $\frac{1}{3}$ fayyadamuun akka xiqqeessan gaafadhu akkaata kanaan dura fakkeenya irratti hojjetameen.


- Eergaa mariin gocha irratti xumurame, fakkeeyotaa fi garee dhuma barnoota kanaa, barattootni gilgaala 4.2 akka hojjetan gaafachuun daree keessatti yookiin manatti akka hojjatan taasisuu.

Deebii gilgaala 4.2


1. ΔABC dabtara irratti garagalchuun tuqaa tokko ΔABC keessatti OA irratti fudhadhu toqaa A' fudhachuun $OA' = 3(OA)$.

Haaluma walfakkaatuun tuqaa B' sarara \overline{OB} irratti fudhachuun C' ammo \overline{OC} irratti fudhachun $OB' = 3(OC)$ fi $OC' = 3(OC)$.

Kanaan booda $\overline{A'B'}$, $\overline{B'C'}$ and $\overline{A'C'}$, $\Delta A'B'C'$ kunis rog-sadee barbaadame armaan gaditii



2. Gaafiin kun akka gaafii tokkoffaa armaan olitti hojietama.
3. Tuqaa 0 ΔPQR keessatti fudhu. Kanaan booda \overline{OP} , \overline{OR} fi \overline{OQ} irratti fudhu $OP = 4(OP')$, $OR = 4(OR')$ fi $OQ = 4(OQ')$. $\Delta P'Q'R'$ rog-sadee barbaadame dha.



4. Kunis haaluma walfakkaatuun hojjetama kunis tuqaa 0 iskuweerii keessa ABCD keessa fudhachuun kanaan booda \overline{OA} , \overline{OB} , \overline{OC} fi \overline{OD} irratti tuqaa A'B'C' fi D' tartiiban fudhachuun kunis OA = 3(OA'), OB = 3(OB'), OC = 3(OC') fi OD = 3(OD'). Kanaan booda iskuweerii A'B'C'D'n iskuweerii barbaadamedha.
5. Rogootni danaa haaraa (guddisuun yookiin xiqqeessuun argama) pirooppirshinaaliidha. Rogoota walitti dhufuu danaan kennameti, kofootni walitti dhfoon walitti galoodha. Danaan guddisuun yookiin xiqqeessuun danaa kenname irra argame Danaa jalqabaa faana walfakkaata.
6. Barattoota baay'ee cimoo ta'aniif kensi yoo kan jiran ta'e sirriitti ofi eegannoon safarite, rog-sadee ABC fi A'B'C' walfakaatoo dha. Gilgaala kana seeroota pirojeekti fiilim iskiriin irratti agarsiisan ittiin ibsuuf fayyadamu dandeessa. Kunis yoo 0 kara madda ifaa yoo ta'e karaan Δ ABC karaa istiriipi Δ A'B'C' kuni ammoo karaa iskiriini ta'a yookiin keenyan filimiin irratti agarsiifamu dha.

4.2 ROG-SADOOTA WALFAKKAATAN

Wayitii Ramadameef: wayitii 17

Kaayyoowwan

Dhuma Barannoo kanaan booda barattootni

- *haqoota rog-sadootni walfakkaatoon lama qaban ni ibsu*
- *hiikoo walfakkaatina rog-sadoota lamaatti gargaaramuun piroobileemoota walfakkaatan ni furu*
- *RRR, RKR fi KK walfakkaatina rog-sadee gargaaramuun walfakkaatina rog-sadoota lama ni murteessu*
- *Naannawwaan rog-sadoota walfakkaatoo lama akkaata itti walitti dhufan ni ibsu.*
- *bal'inni rog-sadoota walfakkaatoo lama akkaata itti walitti dhufan ni ibsu.*

Tarmoota ijoo

Rog-sadoota walfakkaatan, kofoota walittidhufoo, Rogoota walitti dhufuu kofoota walitti galoo, rogoota waliif piroopporshinaalii ta'an, walfakkaatina kk, RRR, RKR walfakkaatina

Seensa

Barnoota darbee keessatti baratootni waa'ee danaale walfakkaatoo, dhaabgiteessa piroopporshinaalummaa waliin sirritti barataniiru. Kutaa barnoota kana keessatti ammo

waa'ee rog-sadoota walfakkaatani fi amaloota rog-sadootni walfakkaatanii naannoo fi bal'ina isaaniin walqabate, akkasumas piroobileemoota guyyaa guyyaatti isaanii muddatan ni furu.

Yaadannoo Barsiisuuf gargaaran

Kutaan kun bakka sadiitti qoodama. Kutaan jalqabaa waa'ee rog-sadoota wal fakkaatani fi hiikoo rog-sadoota walfakkaatan, hiikoo rog-baay'oota walfakkaatan gosa tokko dha. Kutaan lammaffaan karaa walfakkaatina rog-sadoota ittiin ilaaluu fi kutaan saddaffaan ammo naannoo fi bal'ina rog-sadoota walfakkaatanii dha.

4.2.1 Seensa Rog-sadoota walfakkaatanii

Barnoota kana barattootni hiikoo rog-baay'ootaa akka kennan gaafachuun jalqabuudha. Akka gocha 4.3 hojjetan jajjabeessu yemmuu isaan rogoota fi kofoota rog-sadoota safaran akka isaanii sirriitti safaran hordofuu gorsuun yoo kana ta'uu dhaa baate wanta barbaadame argachuu dhiisuu danda'u.

Bu'aa gocha kana irraa argamee irratti hunda'uunii fi hiikoo rog-baay'oota walfakkaatoo duraan baratan irratti hunda'uun barattootni hiikoo rog-sadoota walfakkaatani akka kennan gaafachuu. Dhuma irrattis hiikoo rog-sadoota walfakkaatanii barreessuun, fakkeenya kitaaba barataa irratti kennname irratti mari'achuun ni danda'ama. Ati fakkeenya kan mataa kee kennuu ni dandeessa, akkasumas barattootni fakkeenya akka kennan gaafachuun gaariidha.

Deebii Gocha 4.3

1. Yoo sirriitti safaramerra ta'e.
 - a. Reeshoon rogoontni walitti dhufoo walqixa
 - b. Kofootni walitti dhufoon walitti galoodha.
 - c. Yoo tartiibni walitti galummaa jijiirame kofootni walitti dhufoon walitti galoo ta'uu hin danda'an (miti) Reeshoon rogoota walitti dhufoo gosa tokko miti (walqixa ta'uu hin danda'u)
2. Walfakkaatina rog-sadoota haaluma hiikoo walfakkaatina rog-baay'eetiin hiikna (hiikoo walfakkaatina rog-sadoota kitaaba barataa irraa ilaali)

Ergaa fakkeenya baay'ee rog-sadoota walfakkaatani irratti mari'atan booda, barattootaa gilgaala 4.3 dareeti yookiin manatti akka hojjetan gaafachuun, haaluma siif mijaa'een dhuma irratti deebii gaafilee hunda ergaa barattoota waliin mari'attee booda, hirmaana cimaa barattootni godhan booda deebii sirrii kenni.

Deebii Gilgaala 4.3

1. Mee ΔABC fi ΔDEF walitti galoodha haa jennu. Hiikoo rog-sadee walitti galootiin kofootni walitti dhufoon walitti galodha, akkasumas rogootni walitti dhufoon walitti galoodha. Kana jechuunis

$$\angle A \cong \angle D, \angle B \cong \angle E, \angle C \cong \angle F, \overline{AB} \cong \overline{DE}, \overline{BC} \cong \overline{EF} \text{ fi } \overline{AC} \cong \overline{DF} \text{ kunis}$$

$$\frac{AB}{DE} = \frac{BC}{EF} = \frac{AC}{DF} = 1$$

Kanaafuu $\Delta ABC \sim \Delta DEF$ kofootni walitti dhufoon walitti galoo wanta'anii fi rogootni walitti dhufoon piroopporeshinaalii waliiti dhaab-giteessa piroopporeshinalumaa 1.

2. ΔABC fi ΔPQR walfakkaatoodha, sababii

i. $\Delta ABC \sim \Delta DEF \Rightarrow \angle A \cong \angle D, \angle B \cong \angle E, \angle C \cong \angle F$ fi $\frac{AB}{DE} = \frac{BC}{EF} = \frac{AC}{DF}$

ii. $\Delta DEF \sim \Delta PQR \Rightarrow \angle D \cong \angle P, \angle E \cong \angle Q, \angle F \cong \angle R$ fi $\frac{PQ}{DE} = \frac{QR}{EF} = \frac{PR}{DF}$

Daddabarsuu dhaan $\angle A \cong \angle P, \angle B \cong \angle Q$ fi $\angle C \cong \angle R$, arganna.

Dabalatan
$$\frac{\frac{AB}{DE}}{\frac{PQ}{DE}} = \frac{\frac{BC}{EF}}{\frac{QR}{EF}} = \frac{\frac{AC}{DF}}{\frac{PR}{DF}} \Rightarrow \frac{AB}{PQ} = \frac{BC}{QR} = \frac{AC}{PR}$$

3. $\Delta ABC \sim \Delta EFD$ sababii $\angle A \cong \angle E, \angle B \cong \angle F, \angle C \cong \angle D$ fi $\frac{AC}{ED} = \frac{5}{10} = \frac{1}{2}$

4. Walfakkaatina ΔPQR fi ΔSTV irraa $\frac{PQ}{ST} = \frac{QR}{TV} = \frac{PR}{SV} \Rightarrow \frac{3}{ST} = \frac{5}{SV} = \frac{7}{TV} = \frac{7}{4}$ kunis

$$\frac{3}{ST} = \frac{7}{4} \Rightarrow ST = \frac{3 \times 4}{7} = \frac{12}{7} \text{ fi } \frac{5}{TV} = \frac{7}{4} \Rightarrow TV = \frac{20}{7}$$

5. $\Delta ABC \sim \Delta DEF$, irraa $\frac{AB}{DE} = \frac{BC}{EF} = \frac{AC}{DF}$ ni beekama.

$$\frac{AB}{9} = \frac{18}{12} = \frac{AC}{15} \text{ (kennama bakka buusuu dhaan)}$$

$$\text{Kanaafuu } \Rightarrow AB = \frac{9 \times 18}{12} = \frac{27}{2} = 13.5 \text{ fi } AC = \frac{18 \times 15}{12} = \frac{45}{2} = 22.5$$

6. Walfakkaatina rog-sadoota lamaanii irraa $\frac{6cm}{\ell} = \frac{kcm}{12cm} = \frac{12cm}{16cm}$.

Kanaafuu $k = 9$ cm fi $\ell = 8$ cm arganna.

7. $\Delta ABC \sim \Delta AQP$, irraa, $\frac{AB}{AQ} = \frac{BC}{QP} = \frac{AC}{AP}$ arganna

$$\Rightarrow \frac{AB}{3} = \frac{12}{QP} = \frac{9}{4} (\text{Hubadhu } AC = AQ + CQ)$$

$$\Rightarrow AB = 12 \text{ fi } PQ = 4$$

8. Dhugooma paeralaloogiraamiin qabu yaadachuun kan armaan gadii beekna.

- i. Rogootni waliif fuullee paraalaloogiramii waltaree fi walitti galoo dha.
- ii. Sarbiwwan paraalaloogiramii tuqaa walakkeessa irratti walqaxxamuru

Kunis $\angle ABE \cong \angle CDE$ fi $\angle BAE \cong \angle DCE$ (kofoota keessan cinaachaa)

$\angle AEB \cong \angle CED$ (Kofoota waliin duubaa)

$$\frac{AB}{CD} = 1, \frac{AE}{CE} = 1, \frac{BE}{DE} = 1 \Rightarrow \frac{AB}{CD} = \frac{AD}{CD} = \frac{BP}{DE}$$

Kanaafuu $\Delta AEB \sim \Delta CED$

4.2.2 Walfakkaatina rog-sadootaa

Kaayyoo mata duree kana barattootni tiyooramoota walfakkaatina sadeen akka adda baafatanii fi akkasumas rog-sadootni lamaan walfakkaatoo ta'uu fi dhiisuu isaanii kan ittiin mirkaneefannuu dha.

Tiyooramii walfakkaatina (RRR)

Gochi 4.4 kan qopha'e barattootni rogootni walitti dhufoon sadan rog-sadoota lamaa yoo piroopporshinaalii ta'an rog-sadeen lamaan walfakkaatoo ta'u akka amanaii fudhataniif. Kanaafuu gocha kana akka hojjetan jajjabeessuun, ΔABC dhaab-giteessa piroopporshinaalummaa fayyadamuu guddisuun, kofoota walitti dhufoo safaruun walmadaalchisuu, gocha 4.4 hojjetani wanta argatan ergaa irratti mari'atamee booda, tiyooramii walfakkaatina RRR beeksiisuun fakkeenyä kitaaba barataa irrattii kennameef kana ofii kee keniif. Barattootni waa'ee walfakkaatina RRR siritti akka hubatan gochuu dha.

Tiyooramii walfakkaatinaa (RKR)

Gochi 4.5 kan qopha'e barattootni rog-sadoota lama keessatti rogoootni lamaan rogsadee isa tokko rogoota walitti dhufuu isa lamataan, Piroopporshinaalii fi kofootni gidduu isaanii walitti galoo yoo ta'an walfakkaatina rog-sadoota lamanifi gahadha.

Barattootni dhuunfaanis ta'e gareen gocha 4.5 akka hoijetan jajjabeessuu gocha kanas dabtara yaadannoo isaanii irratti rog-sadoota garagalchuun akka hoijetan itti himu hin irraanfatiin. Garuu kitaaba barataa irratti ta'u hin qabu.

Ergaa barattootni gocha kana hoijetani xumurani booda barattoota waliin mari'achuun, safari isaanii sirrii ta'uu dhiisuu ni danda'a akkasumas barattootni tokko tokkoo kaayyoo gocha kanaa dagachuu ni danda'u. barattootniakkasi kuni irra deebi'ani hoijechuu qabu. Dhuma irratti hiikoo tiyooramii walfakkaatina RRR barreessuu fi fakkeenya kitaaba barataa irratti kennname gargaaruun tiyooramii walfakkaatina RKR akkamiin akka hojii irra ooluu danda'u itti agarsiisi.

Tiyooramii walfakkaatina (KK)

Gochi 4.6 kan qophaa'e barattootni rog-sadoota lama keessatti kofootni lama kan isa tokko kofoota lamaan kanisa lamataa waliin walitti galoo yoo ta'an walfakkaatina rog-sadoota lamaaf gaha ta'uu akka hubataniif.

Ammas barattootni gocha 4.6 ofi eegannoon akka hoijetan jajjabeessi haala mijaa'a ta'een gareen ta'uu danda'a akkasumas dhunfaan akka hoijetan gochuun ni danda'ama. Barattootni danaalee kitaaba barataa irratti kennname dabtara isaanii irratti garagalchuun akka hoijetan gochuu kan dagatamu hinqabne. Barattootni ergaa gochaa kana hoijetani xumuran booda waan barattootni hoijetani argatan irratti mari'achuun, dogogora safaran uumamuu barattootni tokko tokko galma ka'ame hin ga'iin hafuu danda'u waan ta'eef. Barattootni akka kana gorsamuuf jajjabeessamu kan qabanidha.

Dhuma irratti tiyooramii walfakkaatina barreessiif fakkeenya garaagaraa fundhachuun walfakkaatina rog-sadoota lamaan agarsiisuu dha.


Ergaa barattootni walfakkaatina RRR, RKR fi KK adda baafatanii booda barattootni gilgaala 4.4 akka hoijetan hojii daree yookii hojii mana kenuun haaluma mijateen gaafii 6^{ffaa} fi 7^{ffaa} gilgaala 4.4 barattoota cimoo (collee ta'aniif) yoo kan jiraatan ta'eef yaadamee gilgaala kana keessatti hammatame dha.

Deebii Gilgaala 4.4

1. a. $\Delta PQR \sim \Delta RST$ sababii $\frac{PQ}{RS} = \frac{2}{4} = \frac{QR}{ST} = \frac{3}{6} = \frac{PR}{RT} = \frac{5}{10}$ fi Tiyooramii walfakkaatina RRR hojii irra oolchuun
- b. $\Delta EFG \sim \Delta LMN$ Tiyooramii walfakkaatina RKR sababii
 $\frac{EF}{LM} = \frac{6}{3} = 2$ $\frac{FG}{MN} = \frac{14}{7} = 2$ fi $\angle EFG \cong \angle LMN$ ta'eeef
- c. Haala kanaan rog-sadootni walfakkaatan hin jiran
- d. $\Delta XYZ \sim \Delta TRS$ Tiyooramii walfakkaatina KK
2. yoo rog-sadeen kennname ikuulaateraalii ta'e rogootni hundinu dheerina walqixa qabu, akkasumas safari tokko kofoota 60° dha.
Kanaafuu yoo ΔABC fi ΔDEF ikuulateraalii ta'an $\Delta ABC \sim \Delta DEF$ tiyooramii walfakkaatina (KK) yookii RRR yookiin ammoo RKR keessa kan barbaadde fayyadamu dandeessa sababii $AB = BC = AC$ fi $DE = EF = DF$ fi safari tokko tokkoo kofootaa walqixa kunis 60° waan ta'aniif.
3. Sirrii dha walfakkaatu sababii $\frac{AB}{PQ} = \frac{16}{4} = 4$, $\frac{AC}{PR} = \frac{20}{5} = 4$ fi kofoota $\angle A$ fi $\angle P$ kofoota rogoota walqixaan hammatan waan ta'aniif kanaafuu $\Delta ABC \sim \Delta PQR$ walfakkaatoo dha RKRn
4. $\Delta ABC \sim \Delta PQR$ Tiyooramii walfakkaatina (KK)n
- $$\frac{AB}{PQ} = \frac{BC}{QR} = \frac{7}{7} = \frac{10}{10} \Rightarrow PQ = \frac{56}{10} = 5.6 \text{ fi}$$
- $$\frac{AC}{PR} = \frac{BC}{QR} \Rightarrow \frac{S}{PR} = \frac{10}{8} \Rightarrow PR = \frac{40}{10} = 4$$
5. $\Delta APQ \sim \Delta ABC$ Tiyooramii walfakkaatina (KK)n $\angle A$ kofa waliin fi $\angle AQP \cong \angle ACB$. Kana irraa PQ 7.7, AP = 14, PB = 6 fi AB = 20
6. Akkaata daataa kennameen $\frac{RS}{RP} = \frac{RT}{QR} = \frac{3}{4}$ fi $\angle R$ kofa waliin waan ta'eeef, kanaafuu
- (a) $\Delta PQR \sim \Delta STR$ Tiyooramii walfakkaatina RKR.

(b) Walfakkaatina irra

$$\frac{ST}{PQ} = \frac{RS}{RP} \Rightarrow \frac{ST}{32} = \frac{30}{40} \Rightarrow ST = \frac{30 \times 32}{40} = 24$$



7. Walfakkaatina irraa $\Delta ABC \sim \Delta DEF$, $\angle B \cong \angle E$ fi $\frac{AB}{DE} = \frac{AC}{DF} = \frac{BC}{EF}$ arganna.

4.2.3 Naanawaa fi Bal'ina rogsadoota walfakkaatan

Kaayyoona barnoota kana barattootni hariiroo naanawaa fi bal'ina rogsadoota walfakkaatoo akka argataniif kunis barattootni gocha 4.7 fi eegannoona gareen akka hojjetan gochuu. Jajjabeessuun waan argatan irratti akka mari'atan gochuu, gocha kana keessatti wanti safaran hin jiru yemmuu shallagan qofa akka hin dogoggoree malee. Barattootni hundi waan isaan irraa eegamu gosa tokko dha. Dhuma irratti tiyooramii hariiroo naannawaa fi bal'ina rogsadoota walfakkaatoo ibsiif.

Tiyooramii itti aansuun fakkeenyaa adda addaa fudhachuudhaan kitaaba barataa irraa yookiin kan ofii kee kennuun tiyooramii kana akkaata barattootni itti fayyadaman agarsiisuu dha. Barumsa kana hamam akka barattoof ifa ta'e gaafadhu mirkaneefadhu.

Deebii Gilgaala 4.5

- Reeshoon naanawaa rogsadoota fi reeshoon rogoota rogsadoota walqixa kunis $\frac{10}{15} = \frac{2}{3}$ reeshoon bal'ina tartiiba tokkoon fudhatame $\left(\frac{2}{3}\right)^2 = \frac{4}{9}$
- Reeshoon bal'ina isaanii $\frac{36}{64}$. Yoo reeshoon rogoota walitti dhufuu k ta'e reeshoon bal'ina isaanii tartiiba gosa tokkoon fudhatame K^2 dha. Kanaafuu $K^2 = \frac{36}{64} \Rightarrow K = \frac{3}{4}$ dha.
- Mee rogni rogsaddee jalqabaa yuunitii t haa ta'u. dheerinni roga walitti dhufuu rogsaddee isa lamataa yuunitiin $5t$ yoo ta'e reeshoon rogoota walitti dhufuu $\frac{5t}{t} = 5$ ta'a. Kanaafuu reeshoon naanawaa tartiiba gosa tokkoon fudhatame 5 ta'a, akkasumas reeshoon bal'ina isaanii 25 ta'a.
- $\Delta ABC \sim \Delta LMN$ fi $\frac{AC}{LN} = \frac{11}{15}$ kanaafuu $\frac{\text{Naanawaa } \Delta ABC}{\text{Naanawaa } \Delta LMN} = \frac{11}{15}$
 $\Rightarrow \frac{44\text{cm}}{\text{Naanawaa } \Delta LMN} = \frac{11}{15} \Rightarrow \text{Naanawaa } \Delta LMN = \frac{44\text{cm} \times 15}{11}$
- Mee rogoootni walitti dhufuu rogsaddee lammataa S_1, S_2 fi S_3 yuunitii dheeratu haa jennu Naanawi rogsaddee jalqabaa $7 + 11 + 6 = 24$ cm. Reeshoon naanawa isaanii

$\frac{24}{72} = \frac{1}{3}$ sababii reeshoon rogoota walqixa reeshoo naanawaan ta'eef kan armaan gadii arganna.

$$\frac{7}{S_1} = \frac{1}{3} \Rightarrow S_1 = 21 \text{ cm}; \frac{11}{S_2} = \frac{1}{3} \Rightarrow S_2 = 33 \text{ cm} \text{ fi } \frac{6}{S_3} = \frac{1}{3} \Rightarrow S_3 = 18 \text{ cm}$$

6. Reshoon rogoota walitti dhufuu 3 dha. (isa guddaa fi xiqqaa walmadaalchisuu) kanaafuu reeshoon bal'ina isaanii $3^2 = 9$ ta'a yoo bal'inni rog-sadee isa guddaa x ta'e $\frac{x}{12} = 9 \Rightarrow x = 108 \text{ cm}^2$ ta'a
7. Reeshoon bal'ina $\Delta ABC \sim \Delta PQR$ $\frac{20}{80} = \frac{1}{4}$ dha. Kunis $\left(\frac{AB}{PQ}\right)^2 = \frac{1}{4} \Rightarrow \frac{AB}{PQ} = \frac{1}{2} \Rightarrow \frac{6}{PQ} = \frac{1}{2} \Rightarrow PQ = 12$


Deebii Gilgaala keessa deebii Boqonna 4

1. Mee rogoontni rog-shanee isa lammaffaa $S_1 = 6, S_2, S_3, S_4$ fi S_5 . Reeshoon rogoota isaanii $\frac{4}{6} = \frac{2}{3}$ kunis $\frac{5}{S_2} = \frac{6}{S_3} = \frac{8}{S_4} = \frac{10}{S_5} = \frac{2}{3} \Rightarrow S_2 = \frac{15}{2} = 7.5 \text{ cm}$ $S_3 = 9 \text{ cm}, S_4 = 12 \text{ cm}$ fi $S_5 = 15 \text{ cm}$. Kanaafuu dheerinni rog-shanee isa lammata 6, 7.5, 9, 12 fi 15 cm dha.
2. Reeshoo rogoota fudhachuu dhaan ΔABC fi ΔDEF $\frac{AB}{DE} = \frac{1}{5}$ kana jechuunis $DE = 5(AB)$ ta'a. reeshoo naanawa isaanii tartiibaan fuudhame $\frac{1}{5}$ ta'a reeshoon bal'ina isaanii ammoo $\frac{1}{25}$ ta'a.
3. Rektaangiliin guddatee walfakaatoo rektaangilii kennamee ABCD ti reeshoon rogoota isaanii 1.5 dha yoo rektaangiliin guddatee A'B'C'D'


$$\frac{A'B'}{AB} = \frac{B'C'}{BC} = \frac{C'D'}{CD} = \frac{A'D'}{AD} = 1.5$$

$$\Rightarrow \frac{A'B'}{4} = 1.5 \Rightarrow A'B' = 6 \text{ and } \frac{A'D'}{AD} = 1.5 \Rightarrow A'D' = 3$$

Kanaafuu rektaangiliin guddatee rogni isaa 3 fi 6 yuunitii dha.



4. Tuqaa O ΔABC keessaa fudhachuun fi \overline{OA} , \overline{OB} fi \overline{OC} irratti tuqaalee A' , B' , C' fi C' tartiibaan fudhachuun $OA = 3(OA')$, $OB = 3(OB')$ fi $OC = 3(OC')$. Kanaan booda $\Delta A'B'C'$ ijaaruun rog-sadee barbaadame nuuf kenna.



5. Sababii $\Delta ECD \sim \Delta EAB$ Tiyooramii walfakkaatina (KK) kan armaan gadii arganna.

$$\frac{EC}{EA} = \frac{ED}{EB} \Rightarrow \frac{EC}{15} = \frac{6}{9} \Rightarrow EC = \frac{15 \times 6}{9} = 10 \text{ cm}$$

6. i. $\Delta ABE \sim \Delta DCE$ Tiyooramii walfakkaatina (KK)

$$\text{ii. Sababii } \frac{AB}{DC} = \frac{AE}{DE} \Rightarrow \frac{AB}{7} = \frac{2}{4} \Rightarrow AB = \frac{14}{4} \text{ cm}$$

7. sababii $\Delta PTS \sim \Delta PQR$ Tiyooramii walfakkaatina KK

$$\frac{PT}{PQ} = \frac{TS}{QR} \Rightarrow QR = \frac{PQ \times TS}{PT} = \frac{13 \times 5}{9} = 7.222 \text{ km}$$


8. AB'n dheerina mukaa bakka bu'a haa jennu fi DE'n ammo dheerina Tolasaa bakka bu'a haa jennu AC fi DC dheerina gaadidduu isaanii bakka bu'u tariibaan haa jennuu.

Kanaafuu $\Delta ABC \sim \Delta DEC$ Tiyooramii walfakkaania KK

$$\Rightarrow \frac{AB}{DE} = \frac{AC}{DC}$$

$$\Rightarrow \frac{AB}{1.66} = \frac{9}{2.5} \Rightarrow AB = \frac{9m \times 1.66m}{2.5m} \Rightarrow AB = 5.97m$$

Kanaaf, dheerinni muka bilbiila 5.97 m dha.



9. Mee A_1 fi A_2 bal'ina rog-sadee xiqqaa fi guddaa tariibaan bakka bu'a.

$$\frac{A_1}{A_2} = \left(\frac{1}{3}\right)^2$$

$$\Rightarrow \frac{A_1}{216} = \frac{1}{9} \Rightarrow A_1 = \frac{216}{9} = 24 \text{ sq.cm}$$

10. Mee ΔABC fi ΔDEF rog-sadee ayisoosilaasi dha $\overline{AB} \cong \overline{AC}$, $\overline{DE} \cong \overline{DF}$ fi $\angle BC$

$$\cong \angle EDF \text{ kunis } \frac{AB}{DE} = \frac{AC}{DF} \text{ fi } \angle BAC \cong \angle EDF \Rightarrow \Delta ABC \sim \Delta DEF \text{ Tiyooramii}$$

walfakkaatina RKR Hubadhu $\Delta ABC \sim \Delta DEF$ Tiyooramii walfakkaatina RKR Hubadhu $\Delta ABC \sim \Delta DEF$ Tiyooramii walfakkaatina kk ta'uus ni danda'a.

11. i. Danaa kenname keessatti $\angle C$ kofa waliin $\Delta AEC \sim \Delta ABC$ Tiyooramii walfakkaatina (kk).

- ii. Rog-sadoota BFE fi AFD keessatti $\angle BFE \cong \angle AFD$ kofoota waliin duubaa fi dabalataan $\angle BEF \cong \angle ADF$ lamaansaaniyyuu rog-sadee kofa sirriwaan ta'aniif kanaafuu $\angle BFE \cong \angle AFD$ Tiyooramii walfakkaatina kk tiin.
12. i) Sababii ΔAPQ fi ΔABC lamaanu rog-sadee kofa sirrii ta'aniif akkasumas kofa waliin waan qabaniif $\Delta ABC \sim \Delta APQ$ Tiyooramii walfakkaatina kk kana irras $\Rightarrow \frac{AQ}{PC} = \frac{PQ}{SC}$
- ii) Sababii $\Delta PCS \sim \Delta SRB$ Tiyooramii walfakkaatina kana irra $\frac{PC}{SR} = \frac{PS}{SC}$
13. Sababii $\overline{PQ} // \overline{BC}$, fi kofootni walitti dhufuu walitti galoodha. Kana irraa $\Delta APQ \sim \Delta ABC$ kk. Kanaafuu $\frac{AQ}{AC} = \frac{PQ}{BC}$
 $\Rightarrow \frac{d}{d+t} = \frac{m}{a} \Rightarrow m = \frac{ad}{d+t}$

BOQONNAA GEENGOLEE

Wayitii :20

SEENSA

Barattootni jechoota kan akka geengoo, raadiyasi, koordii, diyaameetirii fi marsaa jedhamaniif haaraa miti. Fakkeenyaaaf, kutaa 7 keessatti marsaa koordii shallagaa turani.

Kana keessatti kutaan duraa geengoo irratti gadi fageenyaan waa'ee marsaa geengoo, seektarii, muraawwanii fi hariiroo geengolee fi sararoota giddu jiran fi akkataa handhuura geengoo itti argatan ta'a.

Kutaa lammaffaa keessatti waa'ee kofoota geengoo keessaa ni baratu. Kana keessatti, waa'ee kofoota handhuuraa, kofoota itti marfamoo, kofoota koordota lamaan walqaxxamuran gidduutti uumamanii fi dhuma irratti immoo waa'ee rog-arfee saayikiliikii ni baratu.

Kutaa kana barsiisuu keessatti tokkoo tokkoo mata-dureef gochaaleen qophaa'anii jiru.

Kaayyoo Boqonnaa

Xumura boqonnaa kanaa booda, barattootnii:

- *Waa'ee geengoo irratti hubannoo ga'aa ni argatu.*
- *Hariiroo sararootaa fi geengolee gidduu jiran adda ni baafatu.*

Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

Gabateewwan kanneen armaan gadii irratti mul'ifaman

- Golboota, seektaroota, muramoota, taanjeentii fi sarara seekaantii
- Handhuura geengoo argisiisuu.
- Kofoota koordota walqaxxamuraniin uumamani
- Rogarfee saayikilikii

5.1 WAA'EE GEENGOO CAALAATTI

Wayitiin ramadameef: wayitii: 8

Kaayyoowwan

Xumura barnoota kanaa booda barattootni:

- *golboo guddaa fi golboo xiqqaa addaan baasuu.*
- *yaad-rimee seektarii fi muraa geengoo adda baasanii ni ibsu.*
- *yaad-rimee “taanjeentii” fi “sekaantii” geengoo ibsuu.*
- *handhuura geengoo ijaaruun ni murteessu.*

Jechoota Ijoo

- Geengoo, raadiyeesii, koordii, diyaameetirii, marsaa, kofa, golboo, golboo guddaa, golboo xiqqaa, muraa, seektarii, sarara taanjeentii fi sarara seekaantii.

Seensa

Garri duraa kutaa-boqonnaa kanaa keessatti keessa deebii geengolee, raadiyeesii, diyaameetirii fi marsaa irratti kan hunda'e dha.

Kutaan lammaffaan waa'ee golboo xiqqaa fi golboo guddaa geengolee seektarootaa fi muraawwan adda addaa geengoo addaan baafachuu, moggaasuu fi fakkeessuu dha. Itti aansuudhaanis sarara seekaantii fi taanjeentii geengoo irratti fakkeessuuf akkasumas koordota waltarree hin taaneen fayyadamanii handhuura geengoo mul'isuu ni baratu.

Kanaaf, kutaa kana barsiisuuf qabxiilee armaan gadii irratti barattoota wajjiin mar'achuu qabda.

- Akkaataa geengoo, koordii, taanjeentii fi sarara seekaantin itti ijaaramu irratti.
- Akkaataa golboo, seektarii fi muraa itti addaan baasan irratti.
- Yaada perpeendikulaarii walakkeessa koordii handhuura geengoo keessa darba jedhuun, akkaataa handhuura geengoo itti argisiisan.

Yaadadhu

Gochi 5.1 waa'ee geengoo, raadiyeesii, diyaameetirii, koordii fi marsaa keessa deebi'uuf kan qophaa'e dha.

Gaffii 1^{ffaa} qofa gaafachuudhaan barumsa kana eegaluu ni dandeessa.


Geengolee fakkeessun dura, barattootni sirriitti koompaasii isaanii hanga dheerina raadiyesiitti qindeefachuu isaanii hubachuu qabda.

Barattootni hundi gaaffilee 2 fi 3 yaaluu qabu. Gaaffii 2^{ffaa} chaartii qophaa'e argisiisuu ni dandeessa. Borattootni tokko tokko hojji isaanii akka dareetti argisiisan gaafachuun ni dandeessa. Gaaffii 3^{ffaa} f barottota tokko tokko akka deebi'ii isaanii dareetti himan gaafachuun ni dandeessa. Itti fufuudhaan deebi'ii gaaffilee ibsiif.

Deebii Gocha 5.1

1. OC'n raadiyasiidhaa.
- AB'n diyaameetirii dha.
- ED'n koordii dha.

2.



Kana irratti barattootni koordii hanga 10 cm tti dheeratu fakkeessuu akka danda'an hubachuu qabu.

3. Dura foormullaamarsaa geengoo, $c = 2\pi r$ barreessi. Kana irraa,

- | | |
|---|--|
| a. $c = 2\pi cm$ | b. $c = 5\pi cm$ |
| c. $c = \frac{7}{11}\pi cm \approx \frac{7}{22} \times \frac{22}{7} \times 2cm \approx 2cm$ | d. $c = 2\pi \times \left(\frac{1}{\pi}\right) cm = 2cm$ |

$$\text{Hub: } \pi = \frac{22}{7}$$

Golboo xiqqaa fi golboo guddaa


Kana irratti tuqaalee A fi B'n haala kamiin geengoo danaa irratti kennname bakka lamatti qoodanii fi haala kamiin akka golboowwan uumaman barattootni akka madaalani ibsan gaafachuun ni dandeessa. Itti aansuudhaan, waa'ee golboo xiqqaa fi golboo guddaa geengoo gaafachuun ni dandeessa. Maala sirriitiin gochi 5.2 golboo xiqqaa fi golboo guddaa murteessuuf qophaa'ee jira.

Barattootni, golboowwan gaaffii 1^{ffaa} irrati kennaman sirriitt fakkeessuu isaanii gidduu deemuudhaan madaali.

Kana booda gaaffii 2^{ffaa} akka deebisan barattoota tokko tokko gaafadhu. Gaaffiin 3^{ffaa} afaaaniin deebi'uu ni danda'a.


Deebi'ii Gocha 5.2

1. a.




Walakkaa geengoo

b.



Kurmaana geengoo (tokko arfaffaa geengoo)

c.



Sadii-arfaffaa geengoo

2. Safarrii kofa hadhuuraa walakkaa geengoo 180° dha. Safari kofa handhuuraa golboo xiqqaa 180° irra xiqqaata. Safarrii kofa handhuraa golboo guddaa 180° irra guddaa fi irra xiqqaa 360° ti.
3. Golboowwan guddaa fi golboowwan xiqqaa baay'eetuu jiru. Gareen isaanii, golboowwan.

\widehat{AXY} , \widehat{XYB} , \widehat{APQ} , \widehat{BPQ} , \widehat{YBQ} , \widehat{XAP} , Akkasumas, golboo xiqqaa XY, golboo guddaa xy, w.k.f. jechuu ni dandessa.

Seektarootaa fi muraawwan geengoo


Barumsicha, gocha 5.3 barattoota hojjechiisiisuudhaan eegaluu ni dandeessa. Danaa gaaffilee 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} al tokko, kan 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} al tokko hojjechuu qabda. Golboo guddaa, golboo xiqqaa fi muramoota addaan baasuuf halla adda addaatti fayyadamuu qabu.

Gocha 5.3 erga xumuranii booda, hojii isaanii akka dareetti dhiyeessan barattoota muraasa gaafachuu qabda. Seektarootaa fi muraawwan gabatee gurraacha irratti argisiisuuf haalluu adda addaatti itti dibuu yookiin chaartii qophaa'eetti fayyadamuu ni dandeessa.


Dhuma irratti hiikoo seektarootaa fi muramootaa kenni. Seektariin kutaa geengoo raadiiyeesota lamaan marfame dha.

Segmeentiin kutaa geengoo koordiitiin marfame dha.

Deebii Gocha 5.3



Seektarii guddaa




Muraa guddaa

Sarara sekaantii fi sarara Taanjentii geengoo

Kutaa kana keessatti, barattootni waa'ee sarara seekaantii fi sarara taanjeentii geengoo ni baratu. Gocha 5.4 akka hojii gareetti kennuudhaan barumsa kan eegaluu ni dandeessa. Marii booda sarara geengoo fi sarara taanjeentii geengoof hiikoo kenni.


Deebii Gocha 5.4

1. Sararrii fi geengoon diriirroo tokko irratti kennaman, walqaxxaamuruu yookin dhiisuu ni danda'u. kanaaf sararoota geengoo qaxxaamuran kaasuun ni danda'ama. Danaa armaan gadii ilaali.




Sararooni hundi geengicha qaxxaamuranii jiru.

2. Sararri qajeelaan tokkoo fi geengoon tokko yoo baay'ate tuqaalee 2 irratti wal tuquu danda'u.
3. Sararrii tokkoo fi geengoon tokko yoo baay'ate tuqalee 2 irratti wal qaxxamuru. ilaali. Danaa armaan gadii




4. Barattootni, kanaan dura akkaataa itti saroota walii perpeendikulaarii ta'an kaasan beekanii jiru Sarartoo fi koompaasi yookiin seetti-iskuweeriitti fayyadamuun ni danda'ama . Sararri taanjeentii geengoo tokko tuqa tokkicha irratti tuqa.



Akkaataa Ijaarsaan handhuura geengoo tokkoo argisiisan

Gocha 5.5 dareetti yookiin garee barattootaatti osoo hin argisiisin dura, waa'ee qunnamtii walakkeessaa perpeendikulaarii koordii fi handhuura geengoo irratti beekumsa barattootni qaban sakatta'u qabda. Deebii isaanii irratti humdaa'uudhaan tooftaadhaan walakeessaan perpeendiikulaarii koordii handhuura geengoo tokkoo keessa darbu akka qalbeeffatan yookin hubatan barattoota kee hooggani. Danaa armaan gadi ilaali.




Tuqaaleen \overline{OC} irratti argaman hundi A fi B irraa wal qixa fagaatu. Barattoota yaada kana salphaatti hubachuu dadhabaniif dabalataan gochaarmaan gadii kenniif.

Barattootni gocha 5.5 erga xumuranii booda barattootni muraasni hojii isaanii akka dareetti argisiisan yookiin gabatee gurraacha irratti hojjetaan taasisi.


Akkasumas gabatee gurraacha irratti yookiin chaartii qophaa'een argisiisi.

Deebii Gocha 5.5


1.



2.



3.



\overline{ON} fi \overline{OM} 'n sararoota geengoon irratti dacaha'u dha.

4. $OA = OB = OC = OD = 5 \text{ cm}$

5. Tuqa O'n tuqaalee A, B, C fi D irraa fageenya walqixa ta'e irratti argamu. Kanaaf, O'n handhura geengichaa ti. Dhugummaatiin yoo tuqaan O tuqaalee sadan A, B fi C irraa fageenya walqixa qabaate, O'n handhura geengichaa tuqalee A, B fi C qabaatee akka ta'e ni baratu.




Deebii gilgaala 5.1

1. i. a. O' n handhura dha.
 b. A'O n raadiyeesii dha.
 c. AB' n diyaameetirii dha.
 d. BO' n koodri dha.


ii. a.

b.


c.




d.

Golboo xiqqaa \widehat{AC}


e.

Golboo xiqqaa \widehat{MN}


f.

Golboo guddaa \widehat{CN}


iii.




Sektarii xiqqaa BOM



Sektarii guddaa BOM




Sektarii COA




Sektarii guddaa AOM

iv.




2.




\overline{AB} fi \overline{DC} 'n koordota waltarree fi walittigaloo dha. Akkasumas, \overline{BC} fi \overline{AD} n waltarree dha.

Kanaaf, walakkeessotni perpeendikulaarii \overline{AB} fi \overline{BC} hundhuura geengichaa irratti waltuqu.


3. a.




b.



c.



d.



5.2 KOFOOTA GEENGOO KEESSAA

Wayitiin ramadameef: wayitii 12

Kaayyoowwan

Barumsa kutaa kanaa ega xumurtee booda, barattoota irraa kan egamu.

- Kofoota handhuuraa fi kofoota itti marfamoo addaan baafatu
- Odeeffanno kennaman irratti hundaa'anii safara kofa handhuuraa, kofa itti marfamaa yookiin safara golboo qaxxaamuraani shallagu.

- *Safari kofa koordonni lama geengoo keessatti wal qaxxamuruun uumamu safar walakkaa ida'ama golboota qaxxamuramani wajjiin wal qixa.*
- *Piroobleemota koordonni lama geengoo keessatti walqaxxamuruun uumamu kofa uuman wajjiin kan walqabate furu.*
- *Rog-afree saayikilkiiif hiikooni kennuu*
- *Amaloota rogarfee saayikiliikiini ibsu.*
- *Kofoota keesso rogarfee fuullee walii irratti tiyooramii kennname ni mirkaneessu.*
- *Kofa rogaarfee saayikilikii ni barbaadu.*

Jechoota haaraa

- kofa handhuuraa, kofa itti marfamaa, golboota qaxxamuraman, rogarfee saayikilikii

Seensa

Kutaa kana keessatti barattootni gara hariroo safara kofootaa fi safara golboota geengoo gidduu jirutti seenu. Dura hariroo kofa handhuuraa fi golboota qaxxaamuramanii, fi hariroo kofa tti marfamaa fi golboota qaxxaamuraman ni fudhatamu. Itti aansuun hariroo kofa koordota walqaxxamuranii fi golboota qaxxamuraman gidduu jiru irratti ni mari'atu. Dhuma irratti rogarfee saayikilikiiif hiikoon ni kennamaa.

Hubadhu

Akka seensa irratti argisiisameen mata-dureen kun bakka kutaa sadiitti qaadamee dhiyaatee jira. Kutaan duraa kofoota handhuuraa fi kofoota itti marfamoo inni lammaffaa waa'ee kofoota koordota lamaan walqaxxa muramaniin uumamani yeroo ta'an inni sadaffaan ammoo wa'ee rogarfee saayikilikii ta'a. kutaaleen sadan kun tatiibaan akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

5.2.1 Kofoota Handhuuraa Fi Kofoota Itti Marfamoo

Barattootni gocha 5.6 akka hojjetan gaafadhuun barumsicha eegali. Gochi kun barattootni hariroo kofaa fi geengoo keessumaa yeroo verteeksiin handuura irraa, geengoo irraa fi lamaan isaa ala ta'e addaan baasu. Marii kana irratti, kan akka yeroo verteeksiin geengoo ala ta'ee fi kkf . itti aansuun hiikoo kofa handhuuraa kenni. Fakkeenyota irrattis dubbadhaa.

Deebii Gocha 5.6

- i. Verteeksiin kofaa handhuura geengoo irratti dha.
- ii. Verteeksiin kofaa geengoo irratti dha.
- iii. Verteeksiin kofaa geengoo irras yookiin hadhuura irras miti.
- iv. Rogootni tokkoon tokkoo kofa sadan golboo qaxxamuran AYD yookiin golboo AYD tokkoon tokko kofoota sadan haguuganii jiru.

Osoo hiikoo kofa itti marfamaa hin kenniin dura, barattootni hojii garee 5.1 akka hojjetan jajjabeessi. Kaayyoon gocha kanaa kofootni marfamoo golboo tokkoon geengoo tokko keessatti haguugaman, yookiin safara digirii tokkoon hagugaman safara digirii gosa tokko ta'e qabu. Gochi kuni gareetiin hojjetamuun ni danda'a. Kana keessatti, barattootni kee akka sirriitti safarani gargaarsa keeni barbaadu ta'a. Barattootni kee geengoo guddaa kan yeroo kofoonni safaraman rogoonni kofaa akka roga pirootiraaktarii tuquu danda'anittii akka kaasan gorsi.

Hojii garee 5.2 booda hiikoo kofa itti marfamaa kenniif. Akkasumasa safarri kofa itti marfamaa safara golboo isa haguugee yookiin safara kofa handhuuraa golboo kanaan haguugamee waliin hariiroo qaban irratti barattootni maal akka yaadan gafadhu.

Deebii osoo hin kenniin dura, gocha 5.7 akka hojjetan gaafadhu. Gochi kunis barattootni hariiroo kofa itti marfamanii fi kofa handhuuraa golboo tokkoon hagugaman gidduu jiru akka bira ga'anitti isaan gargaaruuf kana qophaa'e dha. Akkasumas gochi kun gareedhaan hojjetamuun ni danda'a. Deebii hojii garee 5.2 irratti erga mari'atanii booda tiyooramii safara kofa itti marfamaa barreessi. Akkasumas tiyooramii kana gadi fageenyaan akka beekan fakkeenyota adda addaa kenniif. Dhuma irratti, gilgaala 5.2 akka hojii dareetti yookiin akka hojii manaatti kenniif.

Deebii gilgaala 5.2

1. $S(\angle AOC) = 132^\circ$ fi $S(\angle ABC) = \frac{1}{2}(132^\circ) = 66^\circ$
2. $S(\angle POR) = 2 S(\angle PQR) = 2(56^\circ) = 112^\circ$ kanaaf $S(\widehat{PR}) = 112^\circ$
3. Waan kofootiin itti marfamoo lamaanuu golboo tokkoon haguugamaniif $S(\angle ACB) = S(\angle ADB) = 40^\circ$
4. $\angle BCA$ 'n kofa itti marfamaa walakkaa geengoo safara 180° n haguugame dha.
Kanaaf, $S(\angle BCA) = \frac{1}{2}(180^\circ) = 90^\circ$ ta'a.
5. $S(\angle CPB) = \frac{1}{2}[S(\widehat{CB}) + S(\widehat{AD})] = \frac{1}{2}(100^\circ + 70^\circ) = 85^\circ$ fi
 $S(\angle APB) = 180 - S(\angle CPB) = 180 - 85^\circ = 95^\circ$

Sabani isaa $S(\angle A) = 80^\circ$ fi $S(\angle A) + S(\angle C) - 180^\circ$ kan argannu

$S(\angle C) = 180^\circ - 180^\circ = 100^\circ$ (kofootni walfullee rogafree saayikiiikii kofoota hirkoo dha.)

Haaluma kanaan $S(\angle D) + S(\angle B) = 180^\circ \Rightarrow S(\angle B) = 180^\circ - 70^\circ = 110^\circ$

$$8. \quad S(\angle APC) = \frac{1}{2} [S(\text{golboo xiqqaa}) + S(\text{golboo xiqqaa CA})]$$

$$90^\circ = \frac{1}{2} [60^\circ + S(\text{golboo xiqqaa CA})]$$

$$\Rightarrow S(\text{golboo xiqqaa CA}) = 180^\circ - 60^\circ = 120^\circ$$

$$\therefore S(\angle ABC) = \frac{1}{2} S(\text{golboo xiqqaa CA}) = 60^\circ$$

$$6. \quad S(\angle AED) = \frac{1}{2} [S(\widehat{BC}) + S(\widehat{DA})]$$

$$95^\circ = \frac{1}{2} [83^\circ + S(\widehat{DA})] \Rightarrow S(\widehat{DA}) = (2 \times 95^\circ) - 83^\circ = 107^\circ$$


$$7. \quad S(\angle PYM) = 180^\circ$$

$$\text{Irra caalaatti } S(\angle TPY) + S(\angle TMY) = 180^\circ - 70^\circ = 110^\circ$$

$$8. \quad \text{Rogafree b fi c'n saayikiliikii yoo ta'an rogafree a'n saayikiliikii miti.}$$

$$9. \quad \begin{array}{ll} \text{a.} & \text{Dhugaa} \\ & \text{b.} \quad \text{Dhugaa} \end{array}$$

c. Soba. Sababni isaas kofootni wal fullees paraaleeloogiraamii yeroo hundaa kofoota hirkoo ta'uu dhiisuu ni danda'u.



5.2.2 Kofoota koordota wal qaxxamuran lamaan uumaman

Safara kofaa koordota wal qaxxamuran lamaaniin uumamuu fi safara golboowwan isa hammatanii gidduu hariiroo jiru agarsiisuuf barattootni gocha 5.8 akka hojjetan gaafadhu. Akka barbaachisaa ta'een gocha kana gareen yookiin dhuunfaan hojjechuun ni danda'ma.

Gocha hojjetan irraa maal akka hubatan irratti ega mar'atanii booda, tiyooramii yaada kana ibsu itti himi. Innis safarri kofaa koordota walqaxxaamuran lamaan uumamu walakkaa ida'ama safar golboowwan isa hmmatanii ti. Tiyooramii kana cimsuuf fakkeenyota addaa kanneen kitaaba barataa irra jiran dabalaatti irratti mari'adhaa.

5.2.3 Rog-arfee saayikiliikii

Barattootni gocha 5.8 akka hojjetan gaafachuun barumsicha egaluu ni dandeessa. Gochi kun amala rogafree saayikiliikii barattootni akka hubatan gargaaruuf kan qophaa'e dha. verteeksota arfan rogafree (rektaangilii kan hin ta'iini) tokko keessaa geengoo darbuu akka kaasuu danda'ani gaafachuudhaan barattoota kee jajjabeessi.

Deebii gocha 5.9

1. 180^0
2. 360^0
3. Safaruun sirriitti yoo hojjetame
 $s(\angle DAB) + s(\angle BCD) = s(\angle CDA) + s(\angle ABC)$ tu argama.

Barattootni ega hojji gocha 5.8 irratti mari'atanii booda rogafree saayikiliikiin maal akka ta'e hiikuuf ni dandeessa. Akkasumas barattootni rogafreewwan kennaman kan kitaba barattaa irra dabalatee saayikiliikii ta'uu fi dhiisuu isaanii addaan haa baasani. Kanatti aansuuun deebii gocha 5.9 irratti hunda'uun tiyooramii amaloota rogafree saayikiliikii irratti ibsa kenniif.

Innis, kofootni wal fullee rogafree waliif hirkoo dha"

Mirkaanneessa tiyooramii kanaa irratti, barattootni, beekumsa waa'ee kofa itti marfamaatti fayyadamuuun ciminaan marii irratti haa hirmaatani.

Itti aansuuun barattootni, tiyooramii fi fakkeenyota adda addaa kanneen kitaaba barataa irra jiran dabaluun gilgaalota haa hojjetani.

Deebii gilgaala keessa deebii boqonnaa 5

1. Gaaffilee 1a, 1b, fi 1c irratti handhuuronni geengolee tuqalee walakkeesotni perpeendikulaarii koordota waltarre hin ta'in irratti wal qaxamurani dha. Gaaffii 1c irratti koordotni \overline{AB} fi \overline{CD} 'n kennaman waltarree dha. kanaaf, barattootni \overline{AC} yookiin BD yookiin lamaan isaanii kaasuu qabu. Kana irraa tuqaalee walii cimdiwwan \overline{AB} fi \overline{BD} yookiin \overline{AB} fi \overline{AC} yookiin \overline{CD} fi \overline{BD} handhuura ni kenuu.
2. $S(\angle ABC) = \frac{1}{2} S(\angle AOC) = \frac{1}{2} (140^0) = 70^0$ fi $S(\widehat{ADC}) = S(\angle AOC) = 140^0$
3. $S(\angle CBA) = \frac{1}{2} S(\text{golboo xiqqaa CA}) = \frac{1}{2} S(\angle AOC) = 40^0$

4. Diyaameetirii AD ijaaruun S(golboo xiqqaa BD) = 2 S(\angle BAD) = 50^0

$$\text{Kana irraa } S(\widehat{ACB}) = 180 - 50^0 = 130^0$$

5. $S(\angle BPD) = \frac{1}{2} [S(\widehat{BED}) + S(\widehat{AFC})]$ ta'uu isaa ni beekna.

$$\text{Kanaaf, } 75^0 = \frac{1}{2} [110^0 + S(\widehat{AFC})]$$

$$\Rightarrow S(\widehat{AFC}) = 150^0 - 110^0 = 40^0$$

6. Sabani isaa \overline{AB} n diyaameetirii waan ta'eef fi

$$S(\widehat{ADB}) = 180^0$$

$$S(\text{golboo xiqqaa DB}) = 180^0 - 40^0 = 140^0$$

$$\text{Karaa biraatiin, } S(\angle DPB) = \frac{1}{2} [S(\widehat{DB}) + S(\widehat{CYA})]$$

$$\Rightarrow 130^0 = \frac{1}{2} [140^0 + S(\widehat{CYA})]$$

$$\Rightarrow S(\widehat{CYA}) = 260^0 - 140^0 = 120^0$$

7. $S(\angle D) = \frac{1}{2} S(\widehat{ABC}) = 70^0$

8. $s(\widehat{APC}) = \frac{1}{2} (s(\text{golboo xiqaa DB}) + s(\text{golboo xiqaa AC}))$

$$90^0 = \frac{1}{2} (60^0 + s(\text{golboo xiqaa AC}))$$

$$s(\text{golboo xiqaa AC}) = 180^0 - 60^0 = 120^0$$

$$\text{Kanaaf } s(\widehat{ABC}) = \frac{1}{2} (s(\widehat{AC})) = \frac{1}{2} (120^0) = 60^0$$

BOQONNAA SEENSA CARRAA TA'UMSAA

SEENSA CARRAA

Kaayyoon ijoon boqonnaa kanaa barattootaan damee Herregaa kan ta'e carraa ta'umsaan walbarsiisuu dha. Carraan gosa barnootaa kan akka Fiiziksii, keemistrii, Baayoolojii, xiinsamuu, Ikonomiksii, Bizineesii, Industrii, Injinariingii fi kan kana fakkaatan keessatti hojii irra oola. Kanaafuu waa'ee carraa barattootaan walbarsiisuun barbaachisaa dha. Bal'inaanis kutaa 9^{ffaa} keessatti ni baratu.

Boqonnaan kun golee lama qaba. Golee jalqabaa keessatti yaadirmee carraa ta'umsaa ba'iilee shakkii hin qabnee, ba'iilee ta'uu danda'an fi ba'iilee ta'uu hin dandeenyeef itti hiikoonni kennama. Carraan ta'iilee sassalphoo karaa itti hiikoon kennamuu fi akkaataa itti carraa kana ittiin barbaannu fakkeenyaa garaagaraan golee lammaffaa keessatti agarsiifameera.

Barattootni hojii garee, gochalee fi gilgaalota cimdiin fi gareen akka hojjetaan jajjabeessuu fi gorsuun barbaachisaadha. Sababiin isaas barattootni ofitti amanamummaa akka horataniif gargaara. Kanaafuu barattootni yaada isaanii karaa bilisa ta'een ni ibsatu. Akkasumas waliin hojjechuu akka gabbifataniif ni gargaara. Kanaafuu gochaalee kennaman gareen hojjetu. Kunis kaayyoo barnoota waliigalaa kennamee dha.

Kaayyoo Gooroo Boqonnaa kanaa

Barattootni barumsa boqonnaaa kanaan booda:-

- *yaadirmee ba'iilee shakkii hin qabnee fi ba'iilee ta'uu hin dandeenyee ni hubatu.*
- *dhugaawwan akka ta'iilee, tuuta ba'iilee fi carraa ta'iilee sassalphoo ni beeku.*

Meeshaalee gargaarsa barnootaa

Kitaaba barataa dabalataan, qajeelchi barsiisaa boqonnaa kanaa fi meeshaaleen gargaarsaa akka armaan gaditti kennemeera. Daayii muka irra tolfaamii naannoo mana barumsaatti argamuu danda'u, Dinaara, footuu haala naannoo irratti hundaa'uun qopheessuun ni danda'ama.

6.1 YAADRIMEE CARRAA TA'UMSAA

Wayitiin Ramadameef:wayitii 5

Kaayyoowwan

Mata duree kanaan booda barattootni

- *Ba'iilee shakkii hin qabnee fi ba'iilee ta'uu hin dandeenye (ba'iilee ta'uu fi ta'uu dhiisu) addaan ni baafatu.*

Seensa: Muuxannoon keenya guyyaa guyyaatti ba'iilee adda addaan kan guutamanidha. Isaan kana keessa ba'iilee ta'iitiin isaanii shakkii hin qabne ni jiru. Ba'iileen akkasii ba'iilee shakkii hin qabne jedhamu. Akkasumas ammoo ba'iilee ta'uu fi dhiisu isaanii hin beekamme garuu karaa itti isaanii ta'u danda'u jiraachuu ni mala. Ba'iileen akkasii ba'iilee ta'uu danda'an jedhamu. Karaa garabiraa ammoo ba'iileen shakkii tokko malee ta'uu hin dandeenye ni jiru. Ba'iileen akkasii ba'iilee ta'uu hin dandeenye jedhamu.

Yaadannoo ittiin barsiistu

Golee kana fakkeinya garaagaraa muuxanno guyyaa guyyatti argattu irraa fayyadamuuun dhiyeessuu. Fakkeinya 1, fi hojii garee 6.1 kitaaba barataa irraatti fayyadamuu. Barattootni ba'iilee bakka garaagaraatti akka qoodanii ba'iilee shakkii hin qabne, ba'illee ta'uu danda'an, ba'iilee ta'uu hin dandeenye akka adda baafatan godhuu dha.

Deebii Gocha 6.1

1. 2, 3 fi 6
2. 1, 4 fi 5

Madaaluu

Gilgaala 6.1 hubannoo barattootaa gamagamuuf fayyadamuu dandeessa. Yaadirmeewanisaan golee kana keessatti baratan, ba'iilee shakkii hin qabne, ba'iilee ta'uu danda'an fi ba'iilee ta'uu hindandeenye, hubachuu isaanii beekuuf itti fayyadamuu ni dandeetta.

Deebii hojii garee 6.1

Kaayyoon hojii garee kanaa barattootaan wa'ee ba'iilee shakkii hin qabnee, ba'iilee ta'uu danda'anii fi ba'iilee ta'uu hindandeenyeen wal barsiisuuf.

2. c. lakkofsi 8 fuula daayii isa ol garagalee irratti mul'achuu hin danda'u, sababiin isaas fuula daayii irratti barreeffamee kan argamu lakkofsa 1 hamma 6 qofa waan ta'eef.
- d. Daayii fuulota isaa irratti lakkofsonni 1 hamma 6 jiran irratti barreeffamee yoo ol darbatte ba'iin ta'uu danda'u lakkofsota kanneen keessaa tokkoo dha. Kanaaf lakkofsota kanneen keessaa tokko ba'ii ta'uun isaa shakkii hin qabu.
- e. Lakkofsi 3 mul'achuu ni danda'a, sababiin isaas 3 lakkofsota fuula daayii irratti barreeffaman keessaa tokko waan ta'eefii dha.

Deebii Gilgaala 6.1

2. Yommuu dinaara tokko ol darbannu faktii leencaa yookiin faktii namaatu mul'ata. Lammaffaatti ammoo yoo daayii tokko ol darbanne lakkofsotni 1 hamma 6 kamiyyuu mul'achuu danda'u.
 - a. Ba'ii ta'uu danda'u.
 - b. Ba'ii ta'uu hin dandeenye.
 - c. Ba'ii shakkii hin qabne.
3. Footuun sekteroota 5 qabuu fi kan lakkofsotni 1 hamma 5 irratti barreeffaman halluwwan garaagaraa adii, keeloo, cuqliisa, magariisaa fi diimaa tartiibaan yoo qabaatani
 - a. Sektariin cuqliisni lafatti aanuu ba'ii ta'uu danda'u keessa tokkoodha, sababii halluwwan shanan keessaa tokko waan ta'eef.
 - b. Sektarii diimaan lafatti aanuun ba'ii ta'uu danda'u dha.
 - c. Sektarii dhiilgeen lafatti aanuun ba'ii ta'uu hin dandeenyee dha, sababiin isaas dhiilgeen sekteroota footuu kana irratti hin argamu waan ta'eef.
 - d. Sektaroota halluu shan keessaa tokko lafatti aanuu adii, keeloo, cuqliisa magariisaa fi diimaa footuu kana naanneessuun ba'iilee shakkii hin qabnee dha, sababii halluwwan shanan sekteroota footuu kana irratti waan argamaniif.
 - e. Sektariin cuqliisni fi lakkofsi shan lafatti aanuu ba'iilee ta'u hin dandeenye dha. Sababiin isaas sektariin cuqliisni fi lakkofsa 5 footuu kana irratti barreeffamanii hin argaman waan ta'eef (sektarii tokko irratti).
 - f. Sektariin adii fi lakkofsi 1 lafatti aanuu ba'iilee ta'uu danda'ani dha.
 - g. Sektaroota hunda irratti lakkofsotni 1 hamma 5 barreeffamanii argamu. Kanaafuu footuu kana naanneessuun carraa inni lafatti aanuu ba'ii shakkii hin qabnee dha.

4. Yemmuu daayii tokko al afuri ol darbannu darbannaal tokkoo tokkoo tiif lakkofsota 1 hamma 6 keessaa tokko ol garagalee mul'ata.
- Lakkoofsi guddaan ta'uu danda'u kan darbannaal tokkoo tokkoo irratti argamu 6 dha. Akkasumas daayii darbachuu irratti ida'amni guddaan argamuu danda'u $4 \times 6 = 24$ dha, yoo 6 darbannaal tokkoon tokkoo irratti argame. Ba'iin ida'amni lakkofsotaa 25 ta'u argachuu ba'ii hin danda'amnee dha.
 - Lakkoofsotni hundi darbannaal afuri keessatti mul'atan yoo 5 ta'anii dha. Kanaafuu kun ta'ii ta'uu danda'uu dha.
 - Lakkoofsi xiqqaan darbannaal kana keessatti mul'achuu danda'u 1 dha, akkasumas darbannaal afuri qabna. Kanaafuu ida'amni xiqqaan lakkofsota hundaa 4 dha. Innis irra guddaa 3 dha. Kanaafuu ta'iin kennname ta'ii shakkii hin qabne dha.

6.2 CARRAAN TA'UMSAA TA'IILEE SASALPHOO

Wayitiin ramadameef: wayitii 10

Kaayyoo

Mata duree kanaan booda barattootni

- *Caraa ta'uumsaa ta'iilee sasalphoo ni barbaaduu.*
- *Firaakshinoota, Deesimaalii, dhibbarraa fayyadamanii carraa ta'uumsaa ni ibsu.*

Kaayyoo ijoon inni guddaan hojii golee kanaa barattootani hiikoo yaalii fi yaalii akka tasaa akka kennaniif dha. Kanaafuu barattootni akka irratti marii'atan gochuun yaalii akkatasaa hiikoo kennun ni danda'ama. Fakkeenya Dinaara tokko al 10 niif ol darbachuu yaalii akkatasaa dha.

Yaadannoo barsiisuuf

Hojii garee 6.1 keessatti, deebiin gaafii kanaa barattoota garaagaraaf adda ta'uu danda'a. Garuu kaayyoo ijoon Gocha kana, barattootni ba'ilee ta'uu danda'an agarsiisuuf

1. Dinaara tokko ol darbachuu fakkii leencaa yookiin fakkii nama dha.
2. Daayii tokko ol darbachuu lakkofsota 1 hanga 6 dha.

Hiikoo ba'ilee waliigalaa kennun ni danda'ama. carraa tuuta irratti hubannoo barattoota cimsuuf fakkeenya adda addaa fayyadamuu ni danda'ama.

Deebii Gocha 6.3

Gochi kun kan qophaa'e barattootni yaada cita tuutaa tuuta ba'ilee waliigalaa akka qabaataniif akkasumas hiikoo ta'ii akka kennaniif.

1. Yaalii dinaara tokko ol darbachuu keessatti.
 - a. Tuutni ba'ilee ta'uu danda'an hundi {fakkii leencaa, fakkii namaa}
 - b. Citni tuutaa tuuta ba'ilee waliigalaa hundi \emptyset , {Fakkii leencaa}, {Fakkii namaa} fi {Fakkii leencaa, Fakkii namaa}
2. Daayii tokko yemmuu ol darbannu;
 - a. Tuutni ba'iilee ta'uu danda'anii {1, 2, 3, 4, 5, 6} dha.
 - b. Tuutni laccofsota guutuu {2, 4, 6} dha.
 - c. Tuutni laccofsota kophxii {2, 3, 5} dha.
 - d. Laccofsi 1 fi 6 giddutti argamu kan 7'f hiramuu hinjiru. Kanaafuu tuutni laccofsota daayii irratti mul'atani fi kan 7'f hiramani \emptyset dha.
3. Laccofsa 1 fi 2 armaan olii irraa ba'iileen ta'uu danda'u kan yaalii kanaa citoota tuutaa tuuta ba'iilee ta'uu danda'anii ti.

Deebii Gocha 6.4

Kayyoon gocha kana inni ijoon barattoonni carraan ta'umsaa ta'ii yeroo hunda kan argamu 0 fi 1 gidduu akka ta'e gargaaruu dha. Gocha kana erga hojjetanii booda barattootni yaada waliigalaa carraan ta'ii yeroo hunda 0 fi 1 gidduu akka ta'e akka irra ga'an gargaaruu dha.

1. Yaalii daayii tokko ol darbachuu keessatti tuutni ba'iilee waliigalaa {1, 2, 3, 4, 5, 6}dha.
2. Eeyye, tuunni ba'iilee jiraachuu danda'anii ta'ii dha. Sababii cita tuutaa mataa isaa ta'eef. Kanaafuu carraan ba'iilee waliigalaa $\frac{6}{6} = 1$ dha.
3. Daayii irratti laccofsota 1, 2, 3, 4, 5 fi 6 qofatu barreeffamee argama. Kanaafuu ta'iin laccofsa irra guddaa 7 argachuu tuuta duwwaa dha. Carraan isaas $\frac{0}{6} = 0$ dha.


4. Lakkoofsonni guutuun 1 fi 6 gidduutti argamani 2, 4, 6 dha. Kanaafuu ta'iin lakkoofsa guutuu argachuu $\{2, 4, 6\}$ fi carraan isaa $\frac{3}{6} = 0.5$ dha.
5. Gaafiilee 1 - 4 irraa carraan ta'umsaa ta'ii 0 fi 1 gidduu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Barattoota cimoo ta'aniif gilgaala armaan gadii kennuun ni danda'ama. Garee namoota 40 keessaa, 10 fayyaadha. Namootni hafan 30 dhukkuba ijaa, dhukkuba garaa yookiin lamaanu, qabu. Yoo namootni 15 dhukkuba ijaa fi namootni 25 ammoo dhukkuba garaa qabaatan

- Namoota meeqatu dhukkuba ijaa fi dhukkuba garaa qabu?
Garee kana keessaa namni tokko akka tasaa yoo filatamee carraa ta'umsaa inni/isheen
- dhukkuba ijaa qabaachuu hammami?
- dhukkuba garaa qabaachuu hammami?
- dhukkuba ijaa fi dhukkuba garaa qabaachuu hammami?
- dhukkuba ijaa yookiin dhukkuba garaa qabaachuu hammami?

Furmaata: Asitti beekumsa tuuta irratti qabanitti fayyadamuu qabu.

- Mee x baay'ina namoota dhukkuba ijaa fi garaa qabani haa jennu $30 = 15 + 25 - x$. Kunis $x = 10$ ta'a.
- Carraan ta'umsaa akka tasaa namoota dhukkuba ijaa qaban filachuu $\frac{15}{40} = \frac{3}{8}$ dha.
- Carraan ta'umsaa akka tasaa namoota dhukkuba garaa qaban filachuu $\frac{25}{40} = \frac{5}{8}$ dha.
- Carraan ta'umsaa akka tasaa namoota dhukkuba ijaa fi dhukkuba garaa qaban filachuu $\frac{10}{40} = \frac{1}{4}$
- Carraan ta'umsaa akka tasaa namoota dhukkuba ijaa yookiin dhukkuba garaa qaban filachuu $\frac{30}{40} = \frac{3}{4}$



I = Tuuta namoota dhukkuba ijaa qabani

G = Tuuta namoota dhukkuba garaa qabani

$$\begin{array}{ll}
 b \text{ (U)} = 40 & a = 5 \\
 b \text{ (I)} = a + b = 15 & b = 10 \\
 b \text{ (G)} = b + c = 25 & c = 15
 \end{array}$$

Deebii Gilgaala 6.2

1. Yaalii dinaara tokko al afuri ol darbachuu keessatti tuunni ba'iilee ta'uu danda'anii

$S = \{\text{HHHH}, \text{HHHT}, \text{HHTH}, \text{HHTT}, \text{HTHH}, \text{HTHT}, \text{HTTH}, \text{THHH}, \text{THHT}, \text{THTH}, \text{THTT}, \text{TTHH}, \text{TTHT}, \text{TTTH}, \text{TTTT}, \text{HTTT}\}$ dha.

Danaa damee mukaatti gargaaramuuun ba'illee waliigalaa barbaaduun ni danda'ama.

- a. Ta'iin fakkii leencaa lama argachuu $\{\text{HHTT}, \text{HTHT}, \text{HTTH}, \text{THHT}, \text{THTH}, \text{TTHH}\}$ fi carraa isaanis $\frac{6}{16} = \frac{3}{8}$ dha.
 - b. Ta'iin yoo xiqlaate fakkii leencaa argachuu $\{\text{HHHH}, \text{HHHT}, \text{HHTH}, \text{HHTT}, \text{HTHH}, \text{HTHT}, \text{HTTH}, \text{THHH}, \text{THHT}, \text{THTH}, \text{THTT}, \text{TTHH}, \text{TTHT}, \text{TTTH}\}$. Kanaafuu carraan ta'umsaa isaa $\frac{15}{16}$ dha.
<p>Kaka'usaa fi Sababa (Motivation and Purpose) Muuxannoowwan barachuu barattoota sissi'eessuu qabu. Kena malees kaayyoon (faayidan ykn sababni) isaanii barattootaat ifa ta'uu qaba.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Jiruu fi jirenya keessatti hojiirra oolmaa herregaa fi herregnii amma barattootni barachaa jiru fuula duraaf faayidaa maal akka qabu agarsiisuu (illustrate). Herrega barachuu jiruu fi naannoo barattootaatiin wal qabsiisuu. Herrega barachuu barnoota barattoota fuula duraatiin wal qabsiisuu.

Seer-hundeeawan Barachuu	Seer-hundeeawan Kannin Hojii Irra Oolchuuf Tarsiimota Barsiisomni Itti Fayyadamuu Danda'an
<p>Hammachuu fi Sababa (Inclusivity and purpose) Muuxannoowwan barachuu garaagarummaa barattoota jidduu jiru kan eeguu fi keessummeessuu ta'uu qaba.</p> <p>Of-Danda'uu fi Walgargaaruu (Independence And Collaboration) Muuxannoowwan barachuu barattoonni of-danda'anii (chirkachuu malee) akkasumas barattoota biroo irraa fi barattoota biroo waliin barachuu akka danda'an jajjabeessuu qabu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Gochoota herregaa kanneen istaayilota barachuu, sonaawwan, saala, dandeettiwwan, fedhii, aadaawwan adda addaatifi haala maatiitif ta'u wixinuu. Gochootni kun haala Fiizikaalaa, sammuu (mental) fi guddina currisaa (emotional development) barattootaa xiyyeffanna keessa kan galchan ta'u qabu. • Muuxannoowwan barachuu kanneen barattoonni akkamitti akka baratuu fi akamitti gochoota (tasks) herregaa akka hojjatan ofii isaaniitiin murteessuu akka danda'an gargaaran wixinuu. • Muuxannoowwan barachuu kanneen barattootni herrega keessatti akka wajjiin hojjatan taasisan wixinuu.
<p>Naannoo Mijaa'aa (Supportive Environment) Manni barumsaa fi dareen barnootaa barachuu bu'a qabeessa ta'e adeemsisuuf mijaa'aa ta'uu qaba.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Wal kabajuu fi walii obsuu irratti hundaa'uun daree barnootaa mijaa'aa umuu (godhuu) • Barattoonni herrega keessatti itti gaafatamummaa mijaa'aa ta'e (appropriate risks) akka fudhatan jajjabeessuu. • Arganno (achievement) fi fooyya'iinsa (jijiirama) (progress) herrega irratti mul'ate dammaqinaan hubachuu (recognize). • Dogoggoroota barnoota keessatti uuman (mul'atan) akka mallattoo dadhabinaatti osoo hin ta'in barchuuf carraa kan uuman ta'u hubachuu. • Imaammattota mana barumsaa kan herrega barachuuf deeggarsa olaanaa kennan haala ifa ta'en beeksisuuf (promote).

Bal'inni fi gadi-fageenyi (breadth & depth) qabiyyee barnoota herregaa barsiisfamuu guddinnaa fi hojiirra oolma'a hubannoowwanii irratti xiyyeffachuun dabalam. Barattoonni kutaa kanaa addunyaa bal'isaan yaaduu bira gahuuf deemsaa isaanii ni eegal. Kunis iddo waa'ee adeemsota waa umuu (discovery) fi jijiirama agarsiisuu (implications change) itti barataniidha. Gochota pirobleemii furuu irratti xiyyeffatan karaa milkaa'ina qabuun xumuru.

Barattoonni sadarkaa kutaa kanaa muuxannoowwan naannoo isaaniitii fi addunyaa qabatamaa ibsuu irraa gara yaad-rimeewwan fi yaadota herregaa kanneen xaxaa fi dhokataa (abstract) ta'an dabalataan ilaaluu (xiinxaluu) tti sochii eegal. Carraa yaadota haaraa gad fageenyaan xiinxaluu (explore) fi hiriyyootaan wal ta'anii hojjachuutiif gatii (xiyyeffanna) kennu.

Kanaafuu barsiisomni amala barnoota herregaa hubachuun barattooti of-eeggannoон gargaaruu qabu. Kana malees barattootni lammii of danda'ee hojjatu, beekumsaan badhaadhee fi lammii gahumsa qabu akka ta'an kallattii kamiinii haala mijeessuuf qabu.

Kaayyoowwan gooroo kutaa 8^{ffaa}

Baratoonti kutaa 8^{ffaa} baratanii erga xumuranii booda:

- Ibsamoota aljabiraa ni salphisu.
- Jijiiramootatti fayyadamanii piroobileemoota jiruu fi jirenyaan wal qabatan ni furu.
- Tarmii-lamee tarmii-tokkeen ni baay'isu. Akkasumas tarm-lamaa ni baay'isu.
- H.W.G. ibsamoota aaljabiraa ni barbaadu.
- Seerota darbii-darboo fayyadamanii himoota wal-qixaa fi wal caalmaa sararaawaa ni furu.
- Sarara handhura keessa darbu kan himni wal qixaa isaa kennname ni kaasu.
- Hima wal-qixaa sararaa kan tuqaalee ko'oordineetonni isaanii kennname qabate ni barbaadu. Iskuweeroottaa fi kiyuuboota lakkofsotaa ni barbadu.
- Iskuweer ruuttotaa fi kiyuub ruuttota iskuweeroota sirriif kiyuubota sirrii duraa duubaan ni barbaadu.
- Gabatee lakkofsatti (numerical table) fayyadamanii iskuweerutota lakkofsaa tilmaan ni barbaadu.
- Haalota wal-fakkaatiinsa rog-sadootaatiif barbaachisu ni kenuu.
- Rog-sadoonni lamaan wal fakkaachuu fi wal fakkaachuu dhabu isaanii mirkaneeffachuuf ulaagalee wal fakaatiinsa sadoota (test for similarity) ni fayyadamu.
- Harirowwan sararootaa fi geengowan jidduu jiru ni kenuu.
- Haqoota bu'uraa (basic facts) kofa handhuraa fi kofoota itti marfame (inscribed angles) akkasumas kofoota koordota wal-qaxxaamuraniin uumaman fayyadamanii piroobileemoota dhimmoota kanaan wal qabatan ni furu.
- Ta'ii (event), tuuta ta'iiwwan jiraachuu danda'anii fi caarraa ta'umsa ta'iiwwan sasalphoo ni ibsu.
- Caarraawan ta'umsaa ta'iiwwan sasalphoo ni shallagu.
- Yaad rimeewwan bu'uraa rag-sadoota kofa sirrii ni hubatu.
- Rog-sadoota sirrii ilaachisee tiyooramoota ijoo ta'an fayyadamanii piroobileemoota dhimma kanaan wal qabatan ni furu.
- Seer hundeeawan bu'uraa reeshowwan tirgonomeetirii irratti beekumsa ni qabaatu.
- Reeshowwan tirgonomeetirii kofoota 30° , 45° fi 60° fayyadamanii piroobileemota wal qabatoo ta'an ni furu.
- Qaamoota piraamidootaa fi koonotaa addaan ni baasu.
- Moodeela piraamidootaa fi koonotaa ni hojjatu.

Boqonnaa 1: Iskuweeroota, Iskuweere ruutoota, kiyuubootaa fi kiiyuub- ruuttoota (wayitii 20)

Kayyoo

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattooni:

- Yaad-rimee iksuuweerii, iskuweer ruutoota, kiyuubootaa fi kiiyuubruootaa ni hubatu.
- Iskuweerruutoota laccoofota iskuuweerii sirrii (perfect square numbers) ta'anii ni barbaadu.
- Gabatee iskuweerotaa fi askuweer-ruutotaa (numerical table) fayyadamanii iskuuwweer ruutoota laccoofsotaa tilmaamaan ni baasu
- Kiyuub -ruutota kiyuubota sirrii (perfect cubes) ni himu.

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee baruu- barrisuu fi leecallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaalii</i>
<p>Barattooni barumsa kana booda:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Iskuweerii laccoofsa kennamee ni shallagu. 	<p>1.Iskuweeroota, Iskuweeruutoota, Kiyuubootaaafi Kiyuubruutoota</p> <p>1.1.Iskuuweeroota Laccoofsa Raashinaalii (Wayitii 5)</p> <p>1.1.1. Iskuweerii Laccoofsota Raashinaalii</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattooni laccoofsi 'x' mataa isaa waliin yoo baay'ate bu'aan x^2 ta'uu keessa akka ddeebi'anii shaakalan qajeelchuu. • Barattooni dogoggora $a^2 = 2a$ irraa akka of-qusatan gargaaruu, garaagarummaa a^2 fi $2a$ akka ibsuu shaakalan gargaaruu. <p>Fkn: $3^2 = 9 \neq 2 \times 3 = 6$</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattooni hiikoo (maalummaa) iskuweerota takkeenyaan akka ibsanii fi iskuweerota laccoofsotaa akka dubbisaa gaafachuu. • Barattooni iskuweerii laccoofsa kennamee

<p>Gabatee iskuweerotaa irraa iskuweerota ni barbaadu</p>	<p>1.1.2. Itti Fayyadama Gabatee Gatiwwan Iskuweerotaa</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattoonni yaada guduunfaa “lakkoofsa iskuweerii godhuu jechuun lakkoofsa kana mataa isaa waliin baay’isuu” jechuu dha kan jedhu irra akka gahan gargaaruu.. <p>Fkn: $5^2 = 5 \times 5 = 25$</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattoonni gabatee iskuweerotaa irraa iskuweerii lakkoofsa kennamee aka barbaadu qajeelchuu. <p>Fkn: Iskuweerii 4.72 barbaadi.</p> <ol style="list-style-type: none"> Irraan gadee (column) ‘x’ jalatti 4.7 barbaadi. Hamma “2” aragatutti gara mirgaa deemi. <p>Firii argamu dubbisi. Kunis 22.28 ta’aa. $(4.72)^2 = 22.2784$</p> <ul style="list-style-type: none"> Firiin gabatee irraa argamu gatii tilmaamaa gatii sirrii isaan shallaganii ta’uu akka irra gahan qajeelchuu. Kunis $(4.72)^2 = 22.2784 \approx 22.28$ 	<p>a) Shallaguun b) Gabatee iskuweeriin fayyadamuun akka barbaadan gaafachu</p>
<ul style="list-style-type: none"> Iskuweer rutii lakkofsa raashinaalii nagatiivii hin ta’iniin ni hiiku. Iskuweer-rutii iskuweerota sirrii ni shallagu. 	<p>1.2. Iskuweer Rutti Lakkofsa Raashinaalii (Wayitti 8)</p> <p>1.2.1. Iskuweer Ruttoota Iskuweerota Sirrii.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Lakkofsa iskuweerii gochuu keessa deebi’uun barannoo jalqabuu. Fakkeenytattti fayyadamuun barattootni hariiroo lakkofsa kennamee iskuweerii gochuu fi iskuweer rutti isaa jidduu jiru akka ibsan gargaaruu. <p>Fkn: $2^2 = 4, \sqrt{4} = 2$</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattoonni iskuweerot rutti lakkofsa raashinaalii kan 	<ul style="list-style-type: none"> Barattoonni maalummaa iskuweerrutti i akka himan gaafachu. Gochota adda addaa “hariiroo iskuweerrutti i fi iskuweerii jiddu jiru ilaachisee kenuun

		<p>nagatiivii hin ta'in sirriitti akka hiikan gargaaruu.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattoonni lakkoofsa raashinaalii kenname hirmaattota kophiixiin diddiriirsuun (prime tactorization) iskuweer-ruttii iskuweerota sirrii akka barbaadu shaakalan gargaaruu. <p>Fkn: $\sqrt{196}$ barbaadi. $196 = 2 \times 2 \times 7 \times 7$ $= (2 \times 7) \times (2 \times 7)$ $= 14 \times 14$ $\Rightarrow \sqrt{196} = \sqrt{14 \times 14} = \underline{\underline{14}}$</p> <p>Hub: Gabateen iskuweerotaa fi iskuweer ruttootaa kitaaba barataa keessatti hammamatuu.</p>	<p>raawwii isaanii hordofuun ssuu.</p> <pre> graph TD 196((196)) --- 2L((2)) 196 --- 2R((2)) 2L --- 7L((7)) 2L --- 7R((7)) 2R --- 7L 2R --- 7R </pre>
--	--	---	---

Boqonnaa 2: Dabalataan (further) Jijiiramootaan Hojjachuu (Wayitii 25)

Keyyoo

Xumura boqonnaa kana booda barattonni:

- Jijiiramootatti fayyadamuun piroobileemoota jiruu fi jirenyaan wal qabatan ni furu.
- Tarmii lame (Binomial) Tarmi tokkee (monomial) ni baay'isu. Baay'ataa tarmi lameewwaniis ni barbaadu.
- "H.W.G" ibsamoota algabiraa ni barbaadu.

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee baruu-barrisuu fi leecallowwan	Tooftalee Madaa'lii
<ul style="list-style-type: none"> • Barattooni barumsa kana booda: • Hariiroowwan aljabiraa fi ji'oomeetrii ibsuuf jijiiramootatti ni fayyadamu. • Ibsamoota algabiraa kanneen cuftuu qabanii fi hin qabneni salphisu. • Jijiiramootatti fayyadamuunii piroobileemoota jiruu fi jirenyaan walqabatan ni furu. 	<p>2.Dabalataan Jijiiramootan hojjachuu (wayitii 8)</p> <p>2.1. Tarmootaa fi ibsamoota aljabiraa</p> <p>2.1.1. Foormuulaa keessatti itti fayyadama jijiiramootaa</p> <p>2.1.2. Jijiiramoota, Tarmoota filibsamoota</p> <p>2.1.3. Piroobileemota furuu keessatti itti fayyadama jijiiramootaa</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Yaadrimee jijiiramootaa, tarmootaa fi ibsamootaa keessa deebi'u. • Barattootni fakkeenyootatti fayyadamuun gahee jijiiramonni Herrega keessatti qaban irratti akka mari'atan jajjabeessuu. • Barattootni jijiiramattti fayyadamanii hariiroowwan Herregaa (mathematical relations) akka ibsan qajeelchuu. <p>Fkn: - Bal'ina reektaangilii - Naannawa tiraappiiziyeemii</p> <ul style="list-style-type: none"> • Yaad-rimeewan tarmoota wal fakkaatanii walitti fiduun ibsamoota kennaman akka salphisan qarqaaruu. • Barattootni tarmiwwan wal-fakkaatan akka salphisan qarqaaruu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni piroobileemota jechaa sasalphoo gara ibsamoota herregaatti akka jijiiran gaafachuu. • Ibsamoota aljabiraa kanneen cuftuu qaban salphisurrti gilgaalota adda addaa kennuu. <p>Piroobileemota jiruu fi jirenya isaanii wal qabatan jijiiramootatti fayyadamanii akka furan gaafachuu fi raawwii isaanii hordofuu.</p> <ul style="list-style-type: none"> •

		<p>Fkn: $5x+y-3x+2y = 5x + 2y$ salphisi.</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattootni jijiiramootatti fayyadamanii piroobiloomota jiruu fi jirenyaan lbaaniin wal qabatan akka furan qarqaaruu. <p>Fkn: Ijoolee sadii Qarshii 3600 qooddachuu barbaadu. Ijoolleen lama qarshii wal qixa yoo argatanii fi kan sadaffaa dabalataan 600 yoo argate gahee ijoollee kanaa barbaadi.</p> <p>Xaanxoo (hint) Meebarattoota lamaan keessaa tokko qarshii 'x' argate haa jennu. Gaheen mucaa sadaffaa $x + 600$ ta'a. $\Rightarrow x + x + x + 600 = 3600$</p>	
<ul style="list-style-type: none"> Baay'ataa larm tokkee fi tarm lamee ni barbaadu. Baay'ataa tarm lameewwanii ni barbaadu. 	<p>2.2. Tarm-Lameewan Baay'isuu (Wayitiii 7)</p> <p>2.2.1. Tarm-Tokkoo Fi Tarm-Lamee Baay'isuu.</p> <p>2.2.2. Tarm-Lamee Tarm Lameen Baay'isuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni ibsamoota aljabiraa akka ibsan jajjabeessuu. <p>Fkn: $1. 4(x+3) = x+3+x+3+x+3+x+3 = x+x+x+x+3+3+3+3 = 4x + 12$</p> <p>$2. 2x(3y-5x) = 2x(3y-5x) = 6xy - 10x^2$</p> <p>$3. 8x(4y+3x) = 8x(4y+3x) = 32xy + 24x^2$</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattootni yaada guduunfaa "a (b+c) = ab + ac irra akka gahan qajeelchuu. Barattootni baay'attoota salphisuu akka shaakalan qajeelchuu. Barattootni baay'attoota salphisuu akka shaakalan qajeelchuu. <p>Fkn: kanneen armaan</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni baay'attoota tarm tokkee fi tarm lame akka barbaadan hojii manaa fi hojii daree kennu. Baay'ataa tarm lameewwanii lama irratti gilgaalota kennu.

		<p>gadii salphisi.</p> <p>1) $(2x-y)(5n-3n)$ 2) $(3a+4b)(2ab-5a^2)$</p>	
<ul style="list-style-type: none"> • H.W.G ibsamoota aljabiraa ni barbaadu. • Tarm-lamee kennamee ni hirmaatessu (factorize) 	<p>2.3. Hirmaataa Walii Guddicha(Waytii 10)</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni H.W.G ibsamoota aljabiraa kennamee akka barbaadan gargaaruu. Fkn: H.W.g. $2a^2x^3 - ba^3y^2x^5$ barbaadi. 	<ul style="list-style-type: none"> • Barattotni ibsama kennameef hirmaatee guddicha jira jedhamee yaadamu akka barbaadan gaafachuu. • H.W.G ibsamoota addaaddaa barbaaduu gilgaalota kennuu.

Boqonnaa 3: Himoota Walqixaa fi Wal caalmaa Sararaawaa (wayitti 30)

Kayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kana booda Barattootni:

- Yaadrimee himoota wal caalmaa fi wal qixaa ni hubatu.
- Himoota wal qixaa fi wal caalmaa sararaawaa qindeessuu fi furuu irratti ogummoota isaanii ni gabbifatu.
- Piroobileemoota furuuf seerota dabarsuu himoota wal qixaa wal caalmaatti ni fayyadamu.
- Himni wal qixaa sarara giraafii isaa handhura irra darbuu yoo kennname sarara kana ni kaasu.

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee baruu-barrsiisuu fi leecallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaa'lii</i>
<ul style="list-style-type: none"> • Tottaa darbii-darboo (equivalent transrormation) fayyadamuuun himoota walqixaa sararaawaa hammattuu qabani ni furu. • Himoota walqixaa sararaawaa firaakshinoota qabani ni furu. 	<p>3. Himoota Walqixaa Fi Walcaalmaa 3.1. Furmaattota Himoota Walqixaa Sararaawaa (Wayiti 10) 3.1.1. Furmaattota Himoota Walqixaa Sararaawaa Kanneen Hammattuu Qabani. 3.1.2. Furmaattota Himoota Walqixaa Sararaawaa Kanneen Firaakshinoota Qabani</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni darbii-darboo walii gitaa fayyadamanii himoota wal qixaa sararaawaa furuu keessa akka deebi'an gargaaruu. • Fakkeenyoota adda addaa fayyadamuuun seeroota armaan gadii hammattuwwan hambisuuf qarqaaran irratti mari'achiisuu. $a+(b+c) = a+b+c$ $a-(b+c) = a-b-c$ • Barattootni himoota wal qixaa sararaa waa furuuf seeroota armaan olitti akka fayyadaman gargaaruu. <p><i>Fkn:</i> $2x - (x+2) = 1$ furi.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Himoota wal qixaa sararaawaa salphisuu fi furuu keessatti "yaadarimee" tartiibessuu fi termoota wal fakkaatan walitti fiduutiin "wal barsiisuu." 	<ul style="list-style-type: none"> • Himoota wal qixaa sararaawaa kanneen hammattuwwan qaban furuurratti gilgaalota kennuun deebisanii sirreessuu. • Barattootni himoota wal qixaa sararaawaa kanniin maxxansuun jijiiramaa firaakshinii ta'e akka furan gaafachuu.

<ul style="list-style-type: none"> Himoota walqixaa sararaawaa fayyadamanii piroobileemoo ta jechaa jiruu fi jirenyaan wal qabatan ni furu. 	<p>3.1.3. Himoota</p> <p>Walqixaa Sararaawaa Fayyadamun Piroobileemoota Furuu.</p>	<p>Fkn: $3(2x+1) = 2x+7$ furii</p> <ul style="list-style-type: none"> Firaakshinoo tarratti qooyaboota bu'uraa afran keessa deebi'un barannoo jalqabuu. Barattootni himoota wal qixaa sararaawaa kanneen maxxantuun jijiiramaa firaakshinii ta'e furuu akka shaakalanissi'eessuu. (dadammaqsuu) <p>Fkn: imoota wal qixaa armaan gadii furi.</p> <ol style="list-style-type: none"> $\frac{3}{4}x - 2 = \frac{1}{2}$ $\frac{2}{3}x + \frac{1}{2} = \frac{3x - 5}{6}$ <ul style="list-style-type: none"> Barattootni himoota wal qixaa sararaawaa fayyadamanii piroobileemota jechaa furuuf tarkaanfiiwwan barbaachisaa ta'an akka fayyadaman gargaaruu. <p>Kunis:</p> <ol style="list-style-type: none"> Piroobileemii hubachuu. jijiiramaa fayyadamuun piroobileemii keessatti gatii hin beekamne hundaa tarreessuu. (x, y, kkf jechuun) hima wal qixaa kan hariroo gatii kennamee fi gatii barbaadamu jiddu jiru siritti ibsu barreessuu. (set up) Hiima wal qixaa argame furuu. firii (bu'aa) argame mirkaneessuu. Haaluma piroobileemichaatiin deebii ibsuu (barreessuu) <p>Barattootni piroobileemoota gosoota herregaa garaa garaa keessa jirani fi jiruu guyyaatiin wal qabatan kanneen akka omishaa, ashuuraa, hojii Baankii fi Faayinaansii, inveestimeentii, HIV/AIDS kkf furuu akka shaakalan jajjabeessuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Piroobileem oota jiruu fi jirenyaan walqabatan irratti gilgaalota kennuu (oomisha, ashuuraa, HIV/AIDS kkf irratti)
--	--	--	--

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyee</i>	<i>Gochaalee baruu-barrsiisuu fi leecallowwan</i>	<i>Tooftalee Madaalii</i>
<ul style="list-style-type: none"> Mallattootlee wal caalmaa ≥ fi ≤ ofkeessaa qaban hubachuun ni furu. (furmaattota kennuuf) Himoota wal qixaa sararaawaa kanneen maxxantonni jijiiramaa negaativii ta'an seera darbii-darboo himoota wal caalmaatti fayyadamanii ni furu. 	<p>3.2. Himoota Wal Caalmaa Sararaawaa (Wayitii 10)</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni himoota walcaalmaa sararaawaa kanneen maxxantonni jijiiramtootaa pozatiivii ta'an furuu keessa akka deebi'an taasisu. Barattootni “≥” fi “≤” erga wal baranii booda himoota wal caalmaa sararaawaa mallattoolee kana qaban akka furan gargaaru. <p>Fkn: $x \in W$ yoo ta'e. 1. $x + 3 \geq 4$ 2) $x+3>4$ furi. Fakkeenyoota adda addaa fayyadamuun barattootni seera hima walcaalmaa sararaawaa furuuf of eegganno gaafatu siritti akka hubatan gargaaru. Kunis gama lamaan hima wal caalmaa tokko lakkofsa nagaativii ta'een baay'isuun ykn hiruun mallatto wal caalmaa akka jijiiru haala itti hubatan mijeassuu.</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattootni hima wal caalmaa sararaawaa furuuf seera aramaan olii akka fayyadaman jajjabeessuu. <p>Fkn: $-2x \geq x+6$ furi.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni himoota walcaalmaa sararaawaa kanneen maxxantootni jijiiramootaa nagaatiivii ta'an akka furan gaafachuun deebii isaanii sirreessuu.
<ul style="list-style-type: none"> Qarxiwwan afran ko'oordineetii diriiroo ni ijaaru. Handhura, siiqqee x fi siiqqee y ni agarsiisu. Tuqaalee ko'oordineetiin isaanii kennname diriiroo ko'oordineetii irratti ni aagarsiisu 	<p>3.3. Sirna Ko'oordineetii Diriirroo (Wayiti 10)</p> <p>3.3.1. Qarxiilee Afran Ko'oordineetii Diriirroo</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni xiyyi lakkofsaak ammitti gara sarara lakkofsaatitti akka guddatu keessa akka deebi'an taasisu. Barattootni siiqqee 'x' fi siiqqee 'y' diriiroo ko'oordineetii qarxiwwan afuritti kan qoodan ta'uun akka hubatan qarqaaru. Barattootni diriiroo ko'oordineetii iratti akkaataa tuqaan itti agarasiisan akka shaakalan gargaaru. 	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni ko'oordineetota tuqaa kennnamee akka barbaadanii fi tuqaa kana diriiroo ko'oordineetii irratti akka agarsiisan gaafachuu. Barattootni sararoota himoonni walqixaa isaanii $y = a, x = b,$

	<ul style="list-style-type: none"> • Diriiroo ko'oordineetii irratti akkaataa ko'oordineetonni tuqaalee itti dubbifaman akka shaakalan taasisuu. • Barattootni tokkoon tokkoo hirtaalee keessatti mallatloo ko'oordineetotaa akka ibsan qajeechuu. <p style="text-align: center;">Qarxii Qarxii 1^{ffaa}</p> <p style="text-align: center;">Qarxii Qarxii 4^{ffaa}</p> <ul style="list-style-type: none"> • Tuqaalee amma ta'e kennun hima wal qixaa tuqaalee kanniin walitti fidu akka barreessan gaafachuu (himni walqixaa kun sararaawaa ta'uu qaba) 	$y = mx \text{ ta'an}$ diriiroo ko'oordineetii irratti akka kaasan gaafachuu fi hojii isaanii sirreessu $(a,b,m \in Q)$																
<ul style="list-style-type: none"> • Ko'oordineetii diriiroo irratti ko'oordineetota tuqaa kamiyyuu ni dubbisu. • Sararoota qajeeloo himoonni walqixaa isaa bifaa $y=a$, $x=b$ fi $y=mx$ qabu diriiroo ko'oordineetii irratti ni kaasu. 	<p>3.3.2. Ko'oordineetotaa fi Sararoota Qajeeloo.</p> <p>Fkn:</p> <table border="1" style="margin-left: auto; margin-right: auto;"> <tr> <td>x</td><td>-4</td><td>-3</td><td>-2</td><td>-1</td><td>0</td><td>1</td><td>2</td> </tr> <tr> <td>y</td><td>3</td><td>3</td><td>3</td><td>3</td><td>3</td><td>3</td><td>3</td> </tr> </table>	x	-4	-3	-2	-1	0	1	2	y	3	3	3	3	3	3	3	<ul style="list-style-type: none"> • Gabatee gatiwwani kaasun barannoo jalqabuu. Gabatee kana keessatti "x" dhaaf gatii muraasa kennuu fi "y" fimmoo gatuma tokko fudhachuun kanumarraa barattootni tuqaalee kanniin agarsiisun tuqaaleen kun sarara dalgeerratti kan argaman ta'uu akka hubatan taasisuu. •
x	-4	-3	-2	-1	0	1	2											
y	3	3	3	3	3	3	3											

- Hima wal qixaa kan hariiowwan tuqaalee lama jeddu jiru ibsumi barbaadu.
- Hima walqixaa sarara qajeelaa kan tuqaalee lama kanneen ko'ordineetiin isaanii kennaman qabate ni barbaadu.
- Hima walqixaa Sararaawaa qajeelaa kan tuqaalee lama kanneen ko'ordineetiin isaanii kennaman qabate ni barbaadu.
-


- Barattootni $y = 3$ hima wal-qixaa sararaa ta'uu akka hubatan jajjabeessuu.
- Barattootni yaada guduunfaa" $y=a$, $a \in Q$, hima wal-qixaa sarara dalgee ti Ykn sarara siiqree "x'n waltarree ta'ee dha" jedhu irra akka gahan gargaaruu.
- Barattootni sararoota himoonni walqixaa isaanii bifaa $y=a$ qabu akka fakkeessan jajjabeessuu.

Fkn: a) $y = -1$ b) $y = 2$
 Haaluma armaan olitti ibsameen sararaoleetiif hojjachuu. Barattootni yaada guduunfaa " $x=b$ ", $b \in Q$, hima walqixaa sarara oleeti ykn sarara siiqree " y " waliin waltarree ta'eedha" jedhurra akka gahan gargaaruu.
 Barattootni sarara qajeelaa himni walqixaa isaanii bifaa $x=b$ qabu akka kaasan Jajjabeessuu.

- **Fkn:** a) $x = -3$ b) $x = 5$
- Piroopporshinalummaa kallattii wantoota lamaa "x" fi "y" erga mari'atanii booda sarara qajeelaa himni walqixaa isaa bifaa $y = mx$, $m \in Q$, akka kaasan gargaaruu. Kunis qabxilee armaan gadii mari'achiisuun ta'a.
 1. Gattiwwan sassolphoo x filachuun Gabatee gatii qopheessuu.
 2. Ko'ordineeti "y" shallaguuf hima wal qixaa $y = mx$ fayyadamuu.
 3. Tuqaalee diriiroo ko'ordineetii irratti agarsiisuu.
 4. Sarara tuqaalee kanniin keessa dabru kaasuu.

Fkn: Sarara $y = 3x$ kaasi.

x	-2	-1	0	1	2
y	-6	-3	0	3	6



		<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni yaada guduunfaa sararri himni walqixaa isaa bif $y = mx + b$ ta'e handhura irra dabru jedhu irra akka gahan jajjabeessuu. Assirratti: <ol style="list-style-type: none"> a. lakkooftsi m dhundhula sararaa jedhama b. yoo $m > 0$ if $m < 0$ ta'e sararichi maal akka fakkaatu barattootni akka daawwataa gochuu. • Barattootni hima wal qixaa sarara tuqaalee ko'oordineetoni isaani kennaman qabate akka barreessan qarqaaruu. <p>Fkn: Hima wal qixaa sarara tuqaalee armaan gadii qabate barreessi. $(-2, -4), (-1, -2), (0, 0), (1, 2), (2, 4), (3, 6)$</p> <p>-Sarara qajeelaa akka ta'e -Sararri handhura keessa akka dabruu -Ko'oordineetin ydachaa lama kan ko'oordineetii x ta'u fi himni walqixaa sararas $y = 2x$ ta'u isaa akka hubatan qarqaaruu.</p>	
--	--	--	--

Boqonnaa 4: Danaalee Walfakaatoo (Wayitti 25)

Kaayyoo: Xumura boqonnaa kana booda barattooni:

- Yaadrimee danaalee wal fakkaatoo fi kan isaan wajjin hariiroo qaban ni beeku.
- Barattooni rog-sadoota walfakaatoo fi uumamaa isaanii ni hubatu.
- Rogsadoonni lama wal fakkaatoo ykn ta'u dhabuu isaanii ragaan ni mirkanefatu.

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Barsiisuu- baruu fi leelloowwan	Toofalee Madaallii
<ul style="list-style-type: none"> • Barattoonnii barumsa kana booda Danaalee wal fakkaatoo ta'an addaan ni baafatu. • Yaadrimee danaalee walfakaatoo ni ibsu. 	4. Danaalee Walfakaatoo 4.1.Danaalee Diriirro Walfakaatan (Wayitti 8) 4.1.1. Hiikaa Fi Danaalee Walfakaato Agarsiisuu.	<ul style="list-style-type: none"> • Yaadrimee danaalee walfakkatoo modeelii fi wantoota adda addaa kan akka suraa rog-bay'oota bocaa walfakaatoo qabanii fi hammaan adda ta'an fayyadamuun ibsuun jalqabuu. • Barattoota gareen gurmeessuun danaalee wal fakkaatoo ta'an sochii jirenya isaanii wajjiin walqabsiisuun fayyadamuun akka fakteessan gargaaru. 	<ul style="list-style-type: none"> • Barattooni danaa kennamee dhaab-giteessa iskeelii kennamee fayyadamuun guddisanii ykn xiqqeesuun akka fakteessan gargaaru. • Iskeelii Dhaab-giteessa piroopporshinaalumaan kenname reeshoo rogoota walitti dhufuu ta'an wajji wal qixa ta'u isaa akka mirkaneefatan gargaaru. • Mata duree darbee irra waa'ee iskeelii tartii fi piroopporshinaalumaa rogoota walgita kan rog sadee wal fakkaatoo keessa deebi'uun jalqabu.
<ul style="list-style-type: none"> • Waanta kenname hamma kennamee guddisanii ni kaasu. • Wanta kenname hamma kennameen xiqqeesanii ni fakteessu. Waa'ee wal fakkaatin rogsadoota lamaa ni ibsu. 	4.1.2.Dhaab-Giteessa Iskalii Tartiilee Fi Piroopporshina aluma.		<ul style="list-style-type: none"> • Gigaaloota danaalee guddisuun fi xiqqeesuun akka kaasan kenu. • Maalummaa dhaab giteessa iskeelii, piroopporshinaalu maa rogotha rogsadee wal fakkaatanii gaafii afaanii gaafachuu
<ul style="list-style-type: none"> • Hiikoo wal fakkaatinnaa bu'ura godhachuun piroobleemoota dhimoota konniiniin 	4.2.Rogsadoota Walfakaatan (Wayitti 17) 4.2.1. Seensa Rogadoota Wal Fakkaatan	<ul style="list-style-type: none"> • Hiikoo walfakaatina rog-sadoota lamaa barattooni akka kana gaditti shaakalan mari'achisuu. Rogsadee ABC walfakaatoo rog sadee DEF kan ta'an. Yoo Rogoonii walitti dhufuu 	<ul style="list-style-type: none"> • Hiikoo walfakaatina bu'ura godhachuun rogsadoonni lama walfakaatoo ta'u fi dhisuisaanii




<p>walqabatan kan rog sadoota lamaa ni furu.</p>		<p>isaanii piroopporshinaalii ta'anii fi kofoonni walitti dhufoon isaanii walitti galoo ta'anii dha.Mallattoon: Yoo $\Delta ABC \sim \Delta DEF$ ta'e $\frac{AB}{DE} = \frac{BC}{EF} = \frac{AC}{DF} = K$ fi< $A \equiv < D, < B \equiv < E, < C \equiv < F$ <ul style="list-style-type: none"> Hiikoo wal fakkaatina bu'ureefachuuun piroobleemoota bifa armaan gadii saban furnuu akka shaakalan jajjabeesuu. <p>$\Delta PQR \sim \Delta MNT$ fi $PQ = 2\text{cm}$, $QR = 5\text{cm}$ $MN = 4\text{cm}$ yoo ta'e Dheerina NT barbaadi.</p> $\frac{PQ}{MN} = \frac{QR}{NT} \Rightarrow \frac{2}{4} = \frac{5}{NT}; NT = \underline{\underline{10\text{cm}}}$ </p>	<p>akka himan gaafachuu. • Barattooni Mallattoo wal fakkaatina(~) ta'u fi walitti galoo (==) kana ta'u akka mirkaneefatan gaafachuu.</p>
<ul style="list-style-type: none"> Ulaagaalee RRR, RKR fi kkfiin wal fakkaatoo rogsadoota lamaa ni murteessu. 	<p>4.2.2. Wal Fakkaatina Rog Sadoota RRR, RKR Fi KK'n Mirkaneessu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattooni walfakkaatina rogsadoota lamaa mirkaneessuu fi safara dheerina rogoota fi kofoota walitti dhufuu isaanii hundaa safaruun akka hin barbaachifne agarsiisuun gargaaruu. Kanneen keessaa muraasaa qofa wal dorgomsiisuun ga'adha. Fakkeenyaf piroopporshinaalumaa walitti dhufuu rogoota sadii (RRR), piroopporshinaalummaa kofa rogoota walitti dhufuu lamaan hammatame (RKR) fi walitti galoo kofoota walitti dhufuu lama fi roga kofoota lamaa (KK) akka fakkeenyatti walfakkaatina RRR yoo mirkaneeffatan <ol style="list-style-type: none"> Dheerina rogoota rogsadee sadii kennaman Dhaab giteenssa piroopporshinaalummaa a (K) kenname; 	<ul style="list-style-type: none"> Piroobleemoot a wal fakkaatoo rog sadoota lamamir kanassuuf raga kennan kennu fi.





		<ul style="list-style-type: none"> Barattoonni dhaab giteensa isaa (k) guddisun fi xiqqeessuun kofootni walitti dhufuu rogsaddee lama walitti galoo ta'an akka fakkeessan mirkaneefatan gochuu. Wal fakkaatoo rog sadoota lamaa hiikaa isaa irratti hunda'uun barattoonni akka mirkaneefatan gargaaru. Haaluma kanaan kanneen hafanis mirkaneessu (RKR fi KK) haala itti shaakalan mijeeessuu. 	
<ul style="list-style-type: none"> Hariiroo Naannowwa rogsadoota wal fakkaatoo ta'an lamaa ni ibsu. Hariiroo bal'inna rog sadoota wal fakkaatoo lamaa ni ibsu. 	4.2.3. Naanawaa Fi Bal'ina Rogsadoota Wal Fakkaatan	<ul style="list-style-type: none"> Naanawaa fi Bal'ina rogsadoota haala itti barbaadamu akka keessa deebi'an gargaaru. Naanawaa fi Bal'ina rogsadoota wal fakkaatoo lamaa fi reeshoo Naanawaa fi reeshoo bal'ina akka barbaadan gargaaru. Rog-sadoota walfakkaatoo lama, reeshoon naannawaa isaanii reeshoo rogoota isaaniin wal qixa fi reeshoon bal'ina isaanii Iskuweerii reeshoo rogoota isaanii waliin wal qixa ta'u akka mirkaneeffatan gargaaru. 	<ul style="list-style-type: none"> Gilgaaloota waa'ee Bal'inaa fi Naannawa rogsadoota wal fakkaatoo kennufi.


Boqonnaa 5: Geengolee (Wayitii 20)

Kaayyoo: Xumuraa barnoota boqonnaa kana booda barattonni:

- Waa'ee geengoo hubannoo ga'aa ni qabaatu.0
- Hariiroo sararoota fi geengolee giddu jiru addaan ni baasau.
- Waa'ee kofoota handhuraa fi kofoota itti marfamoo fi kofoota kordoota walqaxxaamuraniin uumaman safaruun ni shallagu

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Barsiisuu -baruu fi leelloowwan	Tooftalee Madaalii
<ul style="list-style-type: none"> • Barattoonni barumsa kana booda • Goolboo xiqaan fi golboo guddaa addaan ni baafatu. • Yaadrima seektara fi seegmantii addaan ni baafatuu. • Yaadrima taanjantii fi seekaantii geengoo addaan baasanii ni ibsu. • Handhuraa geengoo ijaaruun ni murteessu. 	5. Geengolee 5.1. Waa'ee Geengoo Caalaatti (Wayitii 8) Hariiroo Qaamoota Geengoo	<ul style="list-style-type: none"> • Geengolee, radiyasi, diyaameetirii, kordii fi marsaa geengoo keessaakka deebi'an haala mijeeessuu.. • Fakkeenya kennun golboo xiqaan fi golboo guddaa barattoonni akka addaan baafachuu shaakalan gargaaruu. • Seektara fi segimantii geengoo barattoonni akka agarsiisan gargaaruu. • Tuqaalee geengoo fi sarari qajeelaan waliin qabaachuu danda'an barattoonni akka agarsiisu ni shaakalan qajeelchu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Barattoonni golboo guddaa golboo xiqaan, sarara taanjantii fi seekaantii geengoo kennname maqaa isaanii waamuun akka agarsiisan gaafachuu. • Barattoonni piroobleemota handhura geengoo ijaarun walqabatan akka kennuufii 
<ul style="list-style-type: none"> • Kofoota handhuraa fi kofoota itti marfama addaan ni baafatu. • Odeefannoo keenname irratti hunda'uun safara kofa handhura ykn kofa itti marfama 	5.2 Kofoota Geengoo Keessaa (Wayitii 12) 5.2.1. Kofa Handhuraa Fi Kofa Itti Marfamaa	<ul style="list-style-type: none"> • Hiikoo kofa handhura fi Hariiroo golboo isaaniin agugee ibsuun barattoonni piroobleemota kanaan walqabatan akka furuu shaakalan haala mijeeessuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Gilgaalo ota safara kofa handhura digiriidhaan, kofa itti marfama fi golboo isaaniin haguugee akka shallagankennufi  

<p>ykn golboota walqaxxaamuran kordootaan uumaman ni shallagu.</p>		 $S(<AOB) = S(ACB)$ <ul style="list-style-type: none"> Hiikoo kofa itti marfamaa ibsuun barattooni safara kofa handhuuraa fi kofa itti marfamaa golboo tokkichaan hagugaman safaruun akka mirkanefatan jajjabeessuu. 1. Safari kofti itti marfaman walakaa safara kofa handhuurati. 2. Safari kofti itti marfamaan walkaa safara golboo isaa haginee ti. $S(<ABC) = \frac{1}{2} S(<AOC)$ $S(<ABC) = \frac{1}{2} S(ADC)$ <ul style="list-style-type: none"> Safara kofta itti marfamoo golboo walqixaan hagugaman agarsiisuun hariiroo isaanii haala itti isaan hubachuu danda'an mijeessuu.  $S(<ABE) = S(<ACE) =$ $S(<ADE) = \frac{1}{2} S(AXE)$	<p>in qajeelchuu.</p> <ul style="list-style-type: none"> Formulaa dhumaabarumsaa kanaaboodaa akka ibs n gaafachuu.  
<p>Safara kofa kordoota walqaxxaamuran lamaan geengoo tokkichaan keessatti uumaman walakkaa ida'ama safara</p>	<p>5.2.2.Kofoota Kordoota Walqaxxaamu ran Lamaan Uumaan</p>		<ul style="list-style-type: none"> Formulaa barataniitti gargaaramanii safara kofta kanaa aka

<p>golboowwan isaaniin hammatame akka ta'e safaruun ni mirkanefatu.</p> <ul style="list-style-type: none"> Piroobleemota kofat kordoota walqaxxaamuran lamanin geengoo keessatti uumamaniin walqabatan ni furu. 		 <p>Geengoo armaan oli irratti hunda'uun barattootaa agarsiisuu.</p> <ol style="list-style-type: none"> Tuqaalee D fi C sarartuun walqabsiisu. $\angle ACD \cong \angle BDC$ safaruuf pirootraaktarii fayyadamuu. Marsaa 2^{ffaa} bu'uura godhachuun akka safara AD fi BC akka barreessan gaafachuu. $\angle BEC$ safaruu Walitti dhufeeyen S($\angle BEC$), walakkaa S(AD) fi S(BC) ilaalu. Kana jechuunis S($\angle BEC$) = $\frac{1}{2} [S(AD) + S(BC)]$ 	<p>ibsanii fi qaamaanis safaranii akka mirkaneessan gaafachuu.</p>
<ul style="list-style-type: none"> Hiikoorogafree saayikiliikii ni bsuu. Amaloota rogafree saayikiliikii kii ni ibsu. Tiyooramoota kofoota rogafree saayikiliikii kanneen wal fullee ta'an wajjiin walqabatan ni mirkaneessu. Safara kofa rogafree saayikliikiisaa hinkenaminne ni barbaadu. 	<p>5.2.3.Rogafree Saayikilikii</p>	<ul style="list-style-type: none"> Hiikoo rogafree saayikilikii erga ibsame booda, barattoonii safara kofoota walii fullee Rogafree saayikiliikii hirkoo walii ta'u isaanii akka safaruun mirkaneessuu shaakalan gargaaruu. Tiyooramii waa'ee kofoota keessoo kanneen wal fullee kan rogafree saayikilikii hubannoo kofa marfatoo ilaachiduu qaban bu'ureefachuun akka mirkenaftan gargaaruu. Rogafree saayikilikii safari kofoota isaanii hin beekamne akka barbaadan qajeelchuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Gilgaala waa'ee rogafree saayikilikii fi kanneen isaa wajjiin wal qabatan kennuu.

Boqonnaa 6: Seensa Carraa ta'umsa

(Wayitti 15)

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kana booda, barattoonni:

- Yaadrimee ta'iilee carraa ta'uu fi ta'uu dhisuu ni hubatu.
- Waa'ee haqoota /dhugoota/ murta'aa ta'ii, tuuta ba'iilee (out-come) jiraachuu danda'anii fi carraa ta'uumsa ta'iilee sasalphoo ni beeku.


Dandeettiawan	Qabiyyee	Gochaalee Barsiisuu -baruu fi leelloowwan	Tooftalee Madaali
Barattoonni barumsa kana booda: • Ba'iilee ta'uu fi ta'uu dhisuu addaan ni baafatu. • Yaalii, ta'ii fi tuuta ba'iilee jiraachuu danda'anii addaan ni baafatu.	6.Seensa CarraaTa'umsaa 6.1 Yaadrimee Carraa Ta'umsaa (Wayitti 5) • Ba'iilee Ta'uu Danda'an • Ba'iilee Ta'uu Dhisuu.	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkeenyota jiru fi jireenyaan wal qabatan kennuun barattonni ba'iilee ta'uu fi ta'uu dhisuu akka ydaan baafachu shaakalan gargaaru. <p>Fkn1, guyyaan Wixatatti aaneed argamu Kibxata dha.</p> <p>2, Sararoonni lama kan walqaxxaamuran tuqaalee sadii irratti.</p> <p>3, Bishaan yoo dafifne aananitti geedarma.</p> <p>4, Aduun kara bahatiin baatii.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattoonni fakkeenyaa akka kennan gaafachuu.
• Caraa ta'uumsa ta'iilee sasalphoo ni barbaaduu. • Firaakshinoota, Deesimaalii, dhibbarraa fayyadamanii carraa ta'uumsaa ni ibsu.	6.2.Carraa Ta'uumsaa Ta'iilee Sasalphoo (Wayitti 15)	<ul style="list-style-type: none"> • Caraa ba'ii ta'uu 1 fi caraa ba'ii hin ta'ane 0 ta'uu isaa barattonni haala itti hubatan mijeessuu. • Yaadrimee carraa ta'umsaa fi ta'uu dhabu isaa akka barattoonni hubatan gargaaru. <p>Fakkeenyaa: 1. Dinaara yoo ol darbanne akkii leencaa ykn kan namatu ol garagalee mul'ata.</p> <p>2. Daayii yoo darbanne lakkofsi ta'e tokko ni mulata. (fuula lakkofsa 1-6 ta'e qaba)</p> <p>3, Boru ni roba ta'a.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Himmoonni asii olitti ibsaman kuniin waa'ee ta'u fi ta'u dhabuu isaa ibsu. Ta'u fi ta'uu dhabuun kuni wannititin safaramu carraa ta'umsaa jedhama. <p>Jechoota yaalii ta'ii fi tuuta ba'iilee jiraachuu danda'an ibsuun barattoonni akka jechoota kana addaan baafatan gargaaru.</p> <p>Fakkeenyaaaf: daayii yoo darbanne carraan ta'u 1, 2, 3, 4, 5 fi 6 ta'iti murta'e jedhama.</p> <p>Darbannaan daayii sana ammo yaalii yoo jedhamu, isaan keessa ammo lakkofsi tokko ta'iti jedhama.</p> <p>Fakkeeyna adda addaa kennuun haala itti formulaa carraa ta'umsaa akka</p>	-Gaafii waa'ee ta'uu fi ta'uu dhabuu yaaliwwanii gaafachuu. Gilgaala waa'ee ta'iti murta'a carraa kennu.

		<p>burqisiisan ykn uuman qajeelchuu.Akkasumaas:</p> <p>Baay'ina carraa ba'iilee ta'iilee gaafatamee Carraa ta'umsaa = $\frac{\text{Baay'ina ba'iilee waliigalaa}}{\text{Baay'ina ba'iilee waliigalaa}}$</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattoonni carraa ta'umsaa salphaa lakkoofsa deesimalii fi dhibbentaan akka ibsan gargaaru. Fakkeenya: Jechaa "KUTAA" jedhu keessa qabee "A" yoo filanne carraan ta'umsaa qubeen filanne "A" ta'uu meeqa ta'a? • Baay'ina Ba'iilee walii gala K, U, T, A, A, (Baay'inni 5) • Ba'iin ta'u "A" baayina ba'iin ta'u 2) <p>Baay'ina ba'iilee ta'uu 2 Carraa ta'umsaa "A"filachuu = $\frac{\text{Baay'ina ba'iilee ta'uu}}{\text{Baay'ina ba'iilee walii galaa}} = 0.4=40\%$ Baay'ina ba'iilee walii galaa 5</p>	
--	--	--	--



Boqoonaan 7: Ji'oomeetrii fi Safari (Wayitii 30)

Kaayyoo: Xumura boqonnaa kana booda barattoonni:

- Yaadrima waa'ee rogsadee kofa sirrii ni hubatu.
- Rogsadoota kofa sirrii irratti Tiyooramoota ni gargaaramu.
- Seerareeshoo Tiroginoomeetiri ni hubatu.
- Waa'ee piraamidii adda addaa fi qaamoota isaanii ni beeku.


Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Barsiisuu -baruu fi leelloowwan	Toofalee Madaalii
Barattoonni barumsa kana booda: <ul style="list-style-type: none">• Tiyooramii Ikuulidii fi galagaltoo isaa fayyadamuun piroobleemota ni furu.	5. Ji'oomeetirii fi Safari 7.1. Tiyooramota rogsadee kofa sirrii (Wayitii 12) 7.1.1. Tiyooramii Ikuulidii fi Galagaltoo Isaa	<ul style="list-style-type: none"> • Barnoota mata duree kana rogsadee kofa sirrii ABC fi olee gara haayipootinasii akka armaan gadii fudhachuu jalqabuu. • Oleen ΔABC rogsadee isa guddaa gara rogsadoota kofa sirrii lamatti quoda.  <p>I. $\Delta CBD \sim \Delta ABC$ (Tiyooramii wal fakkaatina KK) kana irraa $\frac{CB}{AB} = \frac{DB}{CB} \Rightarrow \frac{a}{c} = \frac{b_2}{b_1} \Rightarrow a^2 = b_2 b_1$</p> <p>II. $\Delta ACD \sim \Delta ABC$ (Tiyooramii wal fakkaatina kktiin) kan irraa $\frac{AC}{AB} = \frac{AD}{AC} \Rightarrow \frac{b}{c} = \frac{b_1}{b} \Rightarrow b^2 = b_1 b_2$ Kana irra tiyooramii ikuulidii fi galagaltoo isaa ibsuun ni danda'ama.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Gilgaala tiyooramii Ikuulidiiyafi galagaltoo isaa akka hojatan kennu.

		<ul style="list-style-type: none"> Barattoonni tiyooramii kana haala armaan gadiin itti fayyadamuu akka shaakalan jajjeebesuu. Fkn: ΔABC rogsadee kofa sirrii yoo ta'e fi haypotinasiin isaa \overline{AB} fi oleen \overline{CD} gara \overline{AB} yoo ta'e fi $\overline{AD} = 4\text{cm}$ $\overline{DB} = 5\text{cm}$ Deerinni \overline{AC} fi \overline{BC} meeqa ta'u? Haaluma kanaan galagaltoo tiyooramii Ikuulidii fakkeenya an ibsa kennuu akka shaakalan gargaaruu. 	
<ul style="list-style-type: none"> Tiyooramii payitaagorasii fi Galagaltoo isaatti fayyadamuun piroobleemota ni furu. 	7.1.2.Tiyooramii Paayitagorasii Fi Galagaltoo Isaa.	<ul style="list-style-type: none"> Tiyooramii Ikuulidii keessa deebiuun akka ibsan gargaaruu. Tiyooramii Ikuulidiitti gargaaramuuun tiyooramii paayitagoras akka ibsan barattoota gargaaru. Tiyooramii paayitagorasii gargaaramuuun akka piroobleemota jecha furan jajjabeessu. Galagaltoo tiyooramii paayitagorasii erga mari'aatan booda barattoonni piroobleemoota jechaa adda addaa akka furan fakkeenya adda addaa fi gilgaaloota adda addaa kennun gargaaru. 	Tiyooramii paayitaagorasii fi galagaltoo isaa irratti hunda'uun gaafii gaafachuu deebii akka kennan gochuu

<ul style="list-style-type: none"> Rogsadee kofa sirriitti gargaaramuuun reeshoo tirignomeetrii, saayinii, kosaayinii fi taanjantii ni ibsu. 	<p>7.2.Seensa Tirigonomeetirii (Wayitii 12)</p> <p>7.2.1.Reeshoowwan</p> <p>Tirigonomeetirii.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Rogsadee kofa sirrii kennuu barattoonni haaypotinasii, roga fulle fi roga maddii akka moggaasan gochuu. Rogsadee kofa sirrii akkanaa itti gargaaramu ni danda'ama.  <ul style="list-style-type: none"> Waluma galatti rogsadee kofa sirrii ABC kofti sirrii isaa C ta'e armaan olii mulate irratti: $\sin B = \frac{\text{Safara raga fullee} B}{\text{Safara haayipotinasii}}$ $\cos B = \frac{\text{Safara roga Maddii} B}{\text{Safara haayipotinasii}}$ $\tan B = \frac{\text{Safara raga fullee} B}{\text{Safara roga maddii} B}$ <ul style="list-style-type: none"> Reeshoowwan armaan olitti gargaaramuuun fakkeenyota adda addaa akka hojatan gargaaruu. <p>Fakkeenya: Danaa armaan gadii rrriaa saayinii, koosaayinii fi taanjantii safarii kofti isaanii x° fi y° tti kenname barbaadu.</p> 	<ul style="list-style-type: none"> Gaafilee gilgaaloota waa'eereeshoo tirigonomeetrikii (sin, cos, fi tan) dheerina rogoota rogsadee kofa sirrii ta'eef kennun akka barbaadan gaafachuu.
---	--	--	---

<ul style="list-style-type: none"> Gatii reeshoo tirigonomeetirii kan kofa 30°, 45° fi 60° ni ibsu. 	<p>7.2.2. Gatii kofa sin, kos fi tan kan 30°, 45° fi 60°</p>	<ul style="list-style-type: none"> Rogsadee Ikulaataraalii dheerini roga isaa yuunitii 2 ta'e gargaaramuun barattoonni gatiiwwan kanneen armaan gadii akka barbaadan gargaaruu sin 60°, Kos 60° fi tan 60°, sin 30°, kos 30° fi tan 30°. Akka kana gaditti ibsameen hojachuu akka shaakalan gargaaruu.. <p>a) Sarara \overline{CD} parpandikulaarii \overline{AB} ijaaruu.</p> <p>b) $\triangle ACD$ fundhachuun dheerina roga \overline{CD}'n $\sqrt{3}$ yuunitii ta'u isaa argachuuf hariroo tiyoramii paayitaagorasii wajjiin qabuu fayyadaamu.</p> <ul style="list-style-type: none"> Kana booda reeshoo tirigonomeetiri fayyadamuun gatii kofoota isaan hafanis barbaaduun ni danda'ama, 	Gatiiwwan reshoowwan trigonomeetrii $30^\circ, 45^\circ$ fi 60° akka rogsadeewwan addaa addaan akka barbaadan gaafachuu hojii isaanii madaaluu.
--	---	---	--

		<p><i>Fakkeenyaf,</i></p> $\cos 30^\circ = \frac{\text{Safara roga maddii } 30^\circ}{\text{Safara haayipotinasii}}$ $= \frac{CD}{AC}$ $\cos 30^\circ = \frac{\sqrt{3}}{2}$ <p>Haala walfakkaatuun gatii kofoota 30° fi 60° hafanifis barbaaduu. Rog sadee kofa sirrii ayisoosilasii kan dheerinni roga miloota isaa yuunitii 1 ta'een gargaaramuun barattoonni sin 45°, cos 45° fi tan 45° akka murteessan gargaaru. (Hubadhu: Safarii roga haayipotinasii $\sqrt{2}$ yuunitiidha.</p> $\therefore \sin 45^\circ = \frac{1}{\sqrt{2}}.$	
--	--	---	--

<ul style="list-style-type: none"> Gatii safara 30° fi 60° ta'an reeshoo tirigonometiri i fayyadamuun gaafilee walitti dhufeenyaa qaban hojachuun ni ibsu. 	<ul style="list-style-type: none"> Gaafilee reeshoo tirigonometiri 30° fi 60° irratti hunda'uun akka armaan gaditti fakkeenyota adda addaa kennuu. <p>Fkn: Fakkii armaan gadii fudhachuun</p>  <p>Fageenyi dhaaba mana barumsa irra hanga tuqaa A tti 15m, akkasumas kofti, dhuma gubbaa dhaaba mana fi tuqaa A tti ijaarame 60° yoo ta'e dheerinni dhaaba mana meeqa ta'a?</p> <p>Furmaata: ΔABC akka rog sadee kofa sirrii fudhachuun reeshoo tirigono metrii fayyadamu ni danda'ama</p> $\tan 60^\circ = \frac{CB}{AB} ; \quad \tan 60^\circ = \frac{h}{15m} ;$ $h = 15m \times \tan 60^\circ = 15m \times \sqrt{3} = 15\sqrt{3}m$ $\therefore \text{dheerinni dhaaba mana barumsaa } 15\sqrt{3} \text{ m ta'a.}$	
---	--	--

<ul style="list-style-type: none"> Akaakuu qaamoo ta piraamidii addaan baasanii ni ibsu. Modeelii piraamidii ni hojjatu. Hundee isaanii irratti hundaa'un akkaaku u piraamidota ibsu. 	<p>7.3. Danaalee Jaboo (Wayitii 6)</p> <p>7.3.1. Piraamidi</p>	<ul style="list-style-type: none"> Modeelii piraamidota agarsiisuun barattooni wantoota boca akkasi qaban akka ibsan kakaasu. Modeelii piraamidii kennname tokko irra varteeksii, rogaan fi fuula cinaachaa isaa akka addaan baasan gochuu. <p>Piraamidii danaa jaboo, hundee isaa rogbaay'ee ta'e fi lakkooftsi fulloota rogsaddee kanneen varteeksii waliin qaban walqixa lakkofsa rogoota hundee ta'e fi maqaan isaatis hundee isaa irratti hunda'uun akka mogafamu ibsan barattootaan gargaaru.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootaan qaamoota piraamidii fi koonii geengawa sirrii akka ibsan gaafachuu.
		<ul style="list-style-type: none"> Piraamidoota adda addaa kan akka piraamidii rogsaddee, piraamidii reekitaangulaa'aa piraamidii rogbaay'ee fi hundeen isaa geengawa ta'e koonii akka ta'u ibsuu. 	